

**JAARMIYAA WALDAA
KRISTOOOS AKKA
MACAAFA
QULQULLUUTTI**

Jim Massey

World Literature Publications
Winona, Mississippi

© 1985 - World Evangelism Publications

First printing - 1,000 copies - 2024 – **Amharic**

InDesign Layout: Shane Fisher

Translated by: Belay Kebede Areri

WhatsApp number: 0913611000.

Email: ddcoc321@yahoo.co.uk

Websites:

www.worldevangelismlibrary.org

www.gospelgazette.com

www.worldevangelism.org

www.worldevangelismmedia.com

Printed by:

World Evangelism Publications

Winona, MS 38967

Qabeentaa

Barumsa 1: Akka Macaafa qulqulluutti Aboon isaanii maali?.....	4
Barumsa 2: Waa`ee Jaarmiyaa Waldaa Kristiyaanaa maaliif qu`anna?.....	6
Barumsa 3: Waa`ee Jaarmiyaa Waldaa Kristiyaanaa qabxii ka`umsaa.....	9
Barumsa 4: Waldaan Kristiyaanaa maali?.....	10
Barumsa 5: Guutummaan Waldaa Kristiyaanaa maali?.....	13
Barumsa 6: Guutummaan Waldaa Kristiyaanaa akkamitti ijaarame?.....	14
Barumsa 7: Waldaan Kristiyaanaa lafa irra jirtu akkamitti ijaaramte?.....	16
Barumsa 8: Ergamoonnii fi Raajonni eenyuun turan?.....	17
Barumsa 9: Waldoonni Kristiyaanaa Dameelee akkamitti ijaaramu?.....	19
Barumsa 10: Waldoonni Kristiyaanaa akkamitti of danda`u?.....	21
Barumsa 11: Waaqayyo maaliif akka of dandaa`an barbaada?.....	24
Barumsa 12: Waldaan Kristiyaanaa akkamitti Mootummaa biyya lafaa wajjin wal madaala?.....	26
Barumsa 13: Namoonni maaliif dura buutota jala deemu?.....	28
Barumsa 14: Fakkeenya ta`uun Waldaa Kristiyaanaa keessatti maaliif barbaachise?.....	30
Barumsa 15: Waldaa Kristiyaanaa keessatti eenyu faatu Fakkeenya ta`uu qa ba?.....	32
Barumsa 16: Waldaa Kristiyaanaa Keessatti sadarkaan itti gaafatamummaa maalfaadha?.....	34
Barumsa 17: Maqaan Jaarsolii Waldaa maal jedhama?.....	36
Barumsa 18: Jaarsoliin Waldaa yeroo baayyee akkamitti hubannaa dogoggo-raa qabaatu?.....	38
Barumsa 19: Dhaabni Amantaa akkamitti Waldaa Kristiyaanaa balleessuu?.....	40
Barumsa 20: Waldooliin Kristoos akkamittiin waldaa balleessu?.....	42
Barumsa 21: Jaaramuudhaaf Waldaa Kristiyaanaa akkamii ta`uutu barbaachisa?.....	44
Barumsa 22: Ulaagaa dandeettii jaarsolii Waldaa kutaa 1.....	46
Barumsa 23: Ulaagaa dandeettii Jaarsolii waldaa kutaa 2.....	48
Barumsa 24: Ulaagaa dandeettii Jaarsolii Waldaa kutaa 3.....	51
Barumsa 25: Ulaagaa dandeettii Jaarsolii Waldaa kutaa 4.....	53
Barumsa 26: Hojii Diyaaqonootaa fi ulaagaa isaanii.....	56
Barumsa 27: Waajirri Waldaa Kristiyaanaa akkamitti akka hin filamne.....	58
Barumsa 28: Hafuurri qulqulluun Akkamitti Jaarsolii Godha?.....	60
Barumsa 29: Jaarsolii Waldaa irratt Aboo Waaqayyoo.....	63
Barumsa 30: Waldaa Kristiyaanaa keessatti mallattii gaaga`amaa.....	66
Barumsa 31: Bulchiinsi Waldaa Kristiyaanaa akkamitti bada?.....	68
Barumsa 32: Adeemsa walga`ii Waldaa Kristiyaanaa.....	72

Barumsa 1
Akka Caaffata Qulqulluutti aboon isaanii maali?
Ijoo dubbii

1. Waan gaarii namatti fakkaateen miti
2. akka namoonni godhaniinis miti
3. Akka Caaffata kakuu haaraa duwwaadhaani.

Marii

1. Waan gaarii Namatti fakkaateen miti: - Tokkoon tokkoon Qu`anna keenya kanaa raga irratti hundaa `e qabaachuu qaba. bu`urri barumsa keenyaa Waa`ee Amantaa irratti waan ta`eef akka caaffataatti gaaffii gaa-fanna. “ijjaramuu waldaa Kristiyaanaa irratti aboo maalii qabna?” gaaffii kanaaf deebisaa sirriin kami? Namoonni tokko tokko “namni hundi iyyuu amantaa isaa keessatti waan sirrii dha jedhee amanu filachuu qaba” jedhanii yaadu. Haa jedhan malee ulaagaan namootaa akka fedhii Waaqayyoo ta`uu hin danda`u. dubbiin sagalee Waaqayyoo akkas jedha “Yaa Waaqa-yyo! Namni akeeka jirenya isaatii of harka galfachuu, karaa jirenya isatidis ofii isaatii geggeeffachuu akka hin dandeenye ani beeka” jedha (Ermiyaas 10:23). “Karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira, dhunni isaa garuu karaa du`aati” (Fakkeenya 14:12). Yesuus akkas jedheera “Ana Waaqessuuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu” jedha (Maatewos 15:9). Kanaaf iyyuu waa`ee amantaa ilaachisee yaadni namaa, akka yaada Waaqayyoo yoo hin ta`in faayidaa hin qabu, bu`aa shin qabu. Aboo tokko illee hin qabu. Jaarmiyaa Waldaa Kristiyaanaa keessatti namoonni yaada bareedaa fakkaate baasuun isaanii sirrii dha jedhu. warri kaanis tooftaa isaan baasanii ittiin ijaaran sirrii dha jedhanii dubbatu. Garuu gaarii kan fakkaatu yaadni namaa amansiisaa miti, Wayyaa dha jennee kan nuti sammuu krenya keessaa baanu dhugaa nu hubachiisuu hin danda`u.

2. Akka Namoonni kaan godhan godhuus miti :- waa`ee aboo amantaa ilaachisee kan namoonni amanan inni lammafaan akka warri kaan godhan godhuun sirrii dha jedhu. iddo bulchiinsi Waldaa Kristiyaanaa kaayyoo jaarmiyaa isatiitti amanan keessaatti haala jaamrmiyaa kanaa jala namoota deemaa jira, namoota itti amanan ilaaluudhaan sirrii dha jedhanii dubbatu. Kunis akka milkaa`e labsu. Yaadni kun waldaa kristiyaanaa keessatti aboo jiru ilaachisee yaada dogoggora dha. Tokkummaan yaada namoota baay-ee, dhugaa ta`uu yaada Sanaa hin mullisu. Yesuus namoonni baayyeen sirrii akka ta`an himu inni garuu akka isaan hin beekne dubbateera.(Maatewos

7:22), namoonni baayyeen karaa dogoggoraa isa ordofu (Maatewos 7:13-14). Israa`eloonni akka warra Ormootaa ta`anii Mootii nuuf moosisi jedhanii akkasitti warra kaan fakkaachuudhaan aboo Waaqayyo isaaniif qabu fudhachuu didan (1 Saamu`el 8:5-7). Waldaan Kristiyaanaa Warra naannoo isheetii ilaaltee akka isaanii ta`uu hin qabdu. Waldaan Kristiyaanaa garee Waaqayyoo biraa waamamteedha (2 Qorontos 6:17). Waldaan Kristiyaanaa saba addaati (1 Pheexroos 2:9) rakkoo Waldaan Kristiyaanaa keessa galan keessaa inni tokko Amantoonni dadhaboon akka warra kaaniitti shaakaluu isaanii irraan kan ka`uu dha. Akka dhaaba amantootaa naannoo jiraniitti kan shaakalan miseensi baayyeen jiru, garuu gochii fi shaakalli dhaabota amantaa naannootti mul`atanii akka fedhii Waaqayyoo miti.

3. Kakuu haaraa duwwaaa:- Amantaa keessatti kana boo sirrii qabu, kana boo sirrii kenu kakuu haaraa duwwaadha. Barsiisa kakuu haaraatiin ala kana boo qabu tokko illee hin jiru, Yesuus Waaqa irratti lafa irrattis aboon kennameeraaf (Maatewos 28:18-20). Ergamoota isaa gara dhugaatti akka geggeeffamaniif Hafuura ergeef (Yohaannis 16:13). Kanaaf iyyuu Caaffanni qulqullaa`oon hundinuu geggeeffama hafuura qulqullutiin kan caafamanii dha. Hojii gaarii hojjechuudhaafis gahaa dha. (2 Ximootewos 3:16-17). Barsiisa Kristoos irratti malee isa irraa gargar ba`uun hin ta`u (3 Yohaannis 9-10) Namoonni Wangeela jijiiruu ykn micciiruun hin barbaachisu (Galaatiyaa 1:7-9) akkasumas Kakuu moofaan Kristiyaanota irratti aboo akka hin qabne beekuuun barbaachisaa dha. Garuu amma kakuu haaraan dhufutti inni geessituu dha. Amma garuu nuti seera sana jala hin jirru (Galaatiyaa 3:24-25). Seerri sun amma fanno dhaan karaa irraa ba`eera (Qolsiyaas 2:14). Amma Kristiyaanoni kakuu haaraa isa Caalu jala karaa Kristoosiin galleerra (Ibroota 8:6-13). Kanaaf seerri kakuu moofaa amma akka seeraatti waldaa Kristiyaanaa irratti hojjechuuf hin hayyamnu. Jaarmiyaan waldaa kristiyaanaa kakuu haaraa fi ulaagaa isaa duwwaa kabajuu fi raawwachuu qabdi. Barumsa kakuu haaraatiin geggeeffamuu qabu. Kanaaf dhugaa isaa baruuf Macaafa qulqulluu qoruu qabna warri eeriya Caaffata in qoru turan (Hojii Ergamootaa 17:11). Sagalee dubbii Waaqayyootiin dhugaa qoraa (1 Yohannis 4:1).

Harra`a aboon Waaqayyo namootaaf kennamee hin hojjetu, garuu caaffata qululluu irratti kan barreeffameen dubbiin Waaqayyo aboo isaa hojjeeta (Yihudaa 3). Kan dubbatus akka barreeffama Caaffataa irra jirutti haa dubbatu (1 Pheexroos 4:11). Waaqayyo Waaqa nagaati malee Waaqa tasgabbii (jeequmsaa) miti. (1 Qorontos 14:33). Namoonni Waaqayyoo yeroo inni Caaffanni dubbatu dubbachuu yeroo Callisus callisuu qabu. Waan hundumaa akka Caaffanni barsiisutti akka caaffanni geggeessutti raawwatamuu qaba.

amantaa keessatti aboo akka macaafni qulqulluu jedhutti dubbii Waaqayyoo kabajuudhaan Jaarmiyaa Waldaa Kristiyaanaa qu`achuu akka dandeessan isin gaafadha. Hunduma adda baafachuudhaaf Macaafa qulqulluu si harka jiru akka qu`attu sin gorsa. Dubbiin isaa dhugaa dha (1 Ximootewos 2:15).

Gaaffilee

1. Yaadni namootaa Amantaa irratti Aboo in qabaa?
2. Namoonni sirrii dha jedhanii kan yaadan qabxii sadii ketti
3. Waaqeffaannaa keessatti abboommiin namootaa akami?
4. Fediin namootaa amansiisaa dhaa?
5. Namoonni dogoggoraniiru isa jedhuuf qabxii 2 ketti
6. Israa`eloonni akka _____mootiin akka muuda-muuf barbaadan.
7. Waldaa kristiyaana adda kan ishee godhu qabxii lama ketti
8. Harra`a aboon Waaqayyoo namoota irra jiraa?
9. Waan hundumaa iyyuu Caaffata qulqulla`oo irraa adda baafachuu qabna qabxii 2 ketti
10. Amantaa keessatti aboo sirrii qabu kan jedhu qabxii 8 ketti

Barumsa 2

Waa`ee Jaarmiyaa Waldaa maaliif qu`anna? Ijoo

1. Amantii keessaa warri ba`an Jaarmiyaa keessa turan.
2. Of tuulummaan namootaa jaarmiyaa kamiin iyyuu in balleessa.
3. Yeroo baayyee namoonni akka dura buutota isaanii gaarii ykn hamoota ta`u.

Marii

1. Warri amantii keessaa ba`an jaarmiyaa keessa turan:- caaffata qulqulla`oo keessatti amantii irraa akka kufamu raajameera (1 Ximotewos 4:1). Tokko tokko jijiiramanii Wangeela dhugaa keessaa ba`aniiru (Galatiyaa 1:5-9). Phaawloos Jaarsolii waldaatti Amantoota (Waldaa Kristiyaanaa) akka eeguu qaban itti himeera, kanas kan gorseef erga inni deemee booda barsiisonni sobaa ka`anii akka balleessuuf jiran hubachiisuudhaani (Hojii Ergamootaa 20:28). Raajii Phaawloos dubbate kun waggoota muraasa booda akka raaw-watame Seenaan waldaa Kristiyaanaa in mirkaneessa. Namoonni waldaaa irraa fagaachuu jalqaban. Barsiisonni sobaa amantoota hoogganuu jalqaban. Dura buuttonni waldaas akka fedhii Waaqayyootiin ala amantoota humnaan

bulchuu jalqaban. Bulchiinsi waldaa kristiyaanaas babbaduu jalqabe.

Amantoonni kan waldaa gadi dhiisuu jalqabaniif haala jaarmiyaa ilaachiseeti. Jaarsoliin waldaa, waldaa tokkoo ol bulchuu jalqabuudhaani. Sana booddee ilaaltotaa fi gargaartota bitamuu eegalan. Namoonni sun mootummaa waldaa Kristiyaanaa Isa Caaffanni qulqullaa`oon jedhanii alatti phaaphaasi, qeesii filuu itti fufan, dubpii Waaqayyoo keessa garuu akkas kan jedhu hin jiru ture. Warri kana godhan garuu amantii keessaa ba`anii akkas godhan.

Namoonni jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa in balleessu kan jedhu sodaan in jira. Yeroo baayyee badiisi kun kan ka`u warra hooggantoota keessa ka`a. egaa jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa qu`achuun barbaachisaa kan ta`eef waan kanaafi. Kanaafis dogoggora kana irraa barannee hubannoo qabaachuu qabna.

2. Oftuulummaan namaa jaarmiyaa kamiin iyyuu in balleessa:- oftulammaan kabajaa ofiif kennuu irraa dhufa kun immoo dura bu`aa kamiif iyyuu qormaata. Namni tokko yeroo iddoon ykn taayitaan tokko kennamuuf kan biraa kan isa irra wayyaa barbaada. Dura bu`aan tokko yeroo aa`angoon tokko kennamuuf aa`angoo biraa barbaada. Jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa keessatti kan badii uumu keessaa inni kun isa tokko.

Namni hundumtuu umurii kam iyyuu haa ta`u waan irratti walfakkaatan qabu. Oftuulummaan eenyuuf iyyuu gaaga`ama qaba. haati Yaaqobi fi haati Yohaannis Ijoolleen ishee mootummaa keessatti mirga Kristoosiin akka taa`aniif barbaadde (Maatewos 20:20-28), ergamoonni gooftaas akkuuma nama bara ammaa turan. Isaanis taayitaa barbaadu turan. Ilmi namaa hundinuu haala walfakkaatu qabu kan jennuufis kanumaafi. Ilmi namaa beekkamuu filatamuu barbaada.

Kanaafitu Akeekni Waaqayyo waldaa kristiyaanaatiif qabu namootaan micciiramuu danda`eef. Amantoonni waldaa keessatti aa`angoo qabaachuudhaaf barbaadu. Baayyeen yoo waadaan akkasi galameef miseensa waldaa taana jedhu. yeroo baayyee fedhiin isaanii kun akeeka Waaqayyoof utuu hin ta`in yaada isaanii guttachuufi, kun immoo yaada ykn akeeka Waaqayyo waldaa dhaaf qabu jaarmiyaa Waaqayyo barbaadu sana balleessa. Oftuulummaan namaa jaarmiyaa balleessuu isaa wanti qu`achuun barbaachiseefis kanumaafi.

3. Miseensonni akkuma dura buutota isaanii gaarii ykn hamoota ta`u. Phaawloos yeroo jaarsolii Waldaa Efeesoon waame waan kana hubateeti. (Hojii Ergamootaa 20:27-30). Waldoonni baayyeen dura buutotaa ciccimoo duukkaa bu`anii akka cimoo ta`an warri kaanis dura buutota dadhaboo duuk-

kaa bu`anii dadhaboota akka ta`an in beeka. Kanaa jedhee Hafuurri qulqul-luun jaarsolii waldaa ilaaltuu kan fo`eef (Hojii Ergamootaa 20:28). Bulchiinsi cimaan waldaa cimaa uuma.

Bulchiinsi cimaan tattaaffii baayyeen utuu hin ta`in bu`aa barsiisa yeroo baayeef, wal hubachuu dhaan dhufa. Bulchoonni ykn geggeessitoonni saba Waaqayyoo akka gaariitti kan of qopheessanii fi leenjii cimaa warra fudhatan ta`uu qabu. Sababni isaa isaan biyya lafaa kana irratti wanti isaan hojj-echuuf jiran waan haalaan barbaachisaa waan ta`eefi.

Phaawloos Ximootewosin Waan barate sana dabarsee warra amanmoo warra barsiisuu danda`an itti akka kennuuf ajajeera. (2 Ximootewos 2:2). Namoota barsiisuu warra danda`an itti kennuun akeeka Waaqayyooti. Kana waan ta`eef Macaafa kana akka qu`annuuf sababa kan ta`es kanuma.

Gaaffii

1. 1 Ximootewos 4:1 “bara booddeetti namoonni tokko tokko_____ duukkaa bu`anii_____ galagalu.
2. Galaatiyaa 1:7, Wangeelli_____ garuu namoonni isin_____, wangeela isa _____ barbaadan tokko.
3. Hojii ergamootaa 20:17, Phaawloos _____ ergee_____ waamsise.
4. Hojii ergamootaa 20:28, _____ fi_____ f eeggadhaa
5. Hojii erga. 20:29 kan akka_____ -sodaachisan, kan_____ karra keessatti hin hambifne...
6. Maatewos 20:20, haati _____ Yesuusiin gaa-fatte
7. Oftuulummaan namootaa harra`as akkuma durii rakkisaa dhaa?
8. 1 Ximootewos 2:2 warra _____ dandaa`aniti_____ kenni
9. Macaafni qulqulluun ilaaltota waldaa kristiyaanaa keessatti akka _____ --dubbata
10. Geggeessitoonni cimoon waldaa kristiyaanaa _____ geggeessitoonni dadhaboon waldaa kristiana _____ -godhau.

Barumsa 3

Jaarmiyaa Waldaa Kristiyaanaatiif Dhugaa Jiran

Ijoo dubbii

1. Jaarmiyaan kam iyyuu dura buutoa qabaachuu qaba.
2. Jaarmiyaan kam iyyuu duukka buutota qabaachuu qaba.
3. Jaarmiyaan kam iyyuu walii galanii hojjechuu qabu.

1. Jaarmiyaan kam iyyuu dura buutota qabaachuu qaba.: -Yesuus yeroo baayyee warra isa jala deemaniiif in ho`a ture, sababni isaa akka hoolota tiksee hin qabnee fakkaatu (Maatewos 9:36), hoolonni illee duraa bu`aa tiksee qabu jechuudha. Namoonnis akkasuma. Waaaqayyo dura bu`aan maatii keessatti illee akka barbaachisu waan beekuuf abbaan manaa mataa haadha manaa-ti jedhe muude.(Efeesoon 5:23). Biyyi lafaa dura buutota mootota akka qabaataniif Waaqayyo dura buutota muudeef (1 Pheexroos 2:13-14, Roomaa 13:1-7). Waldaa Kristiyaanaa keessattis akkasuma dura bu`oon muudamuun barbaachisaa dha.

2. Jaarmiyaan kam iyyuu duukka buutota qabaachuu qabu:--Yesuus akkas jedhe “ Biyya kam illee taanaan tokkummaan isaa yoo gargar Cabe mootummaan isaa dhaabbatee hin turu, mandarri tokko yookiis maatiin tokko ofi isaa irratti ka`ee yoo gargar cabe, dhaabbachuu hin danda`u” (Maatewos 12:25). Jaarmiyaan kam iyyuu dura buutota gaggaarii qabaachuun duukka buutota gaggaariis qabachuu qaba. duukka bu`uunakkuma dura buutotaa jaarmiyaadhaaf barbaachisaa dha. Jaarmiyaan tokko tokko ykn dura buuttonni jaarmiyaa tokko tokkoo duukka buuttonni barbaachisoo ta`uu isaanii hin hubatan, hin beekanis. Haa ta`u malee dura bu`aan duukka buutota hin qabne faayidaa maalii qaba? gurmuun dura bu`aa hin qabnes faayidaa hin qabu. Kanaaf iyyuu dura buuttonni akkaataa itti duukka buutota horachuu qaban leenjisuu qabu. Waaqayyos duukka buutota gaarii akka ta`an barbaada, kanaaf leenjiin barbaachisaa dha.

3. Jaarmiyaan kam iyyuu walii galanii hojjechuu qabu. Dura buuttonni gaggaarii fi duukka buuttonni gaariin akkamittiin akka walii wajjin hojjetan beeku. Dura buuttonni hojji isaanii fi duukka buutota isaanii sirriitti beekuu qabu. Tokkoo tokkoon isaanii itti gaafatama mataa mataa isaanii beekuu qabu. Maal gochuu akka qabanii fi maal gochuu akka hin qabne beekuu qabu. Dura buuttonni duukka buutota isaanii dinqisiifachuu qabu. Duukka buuttonni immoo dura bu`oota isaanii kabajuu qabu. Akkaataan kun hunduma isaanii giddutti walitti dhufeenyaa bareedaa fiduu danda`a.

Macaafni qulqulluun Jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa dhagna namaa wajjin wal fakkeessa. dhagni nama harka miilla ija, afaan mataa, gurra kanaa fi kan kana fakkaatiin ijaaraman, akkasuma waldaan kristiyaanaas lubbuu baayyeedhaan ijaaramtee jirti.(1 Qorontos 12:12). Harki miilla waan hin taaneef ani hin barbaachisu jechuu hin dandeessu.(Lak.15). akkasuma iji harkaan ati nah in barbaachiftu jechuu hin danda`u. dhagna nama keessaa inni silaa xinnoo jedhamu iyyuu baayyee barbaachisaa dha. (20-26). Kunis waldaa kristiyaanaa keessatti akkasuma (Lak.27). kana waan ta`eef dura buutonni tokkoon tokkoon miseensaa quoda gurguddaa akka qaban beekuu qabu. Macaafni kunis dura bu`uu duukka buu`uu fi walii wajjin hojjechuu qu`achiisa.

Gaaffii

1. Maateows 9:36, Namoota baayyee argee, akka _____ tiksee hinqabnee _____ in ho`eef.
2. Efeesoon 5:23 Abbaan manaa _____ haadha manaati.
3. 1 Pheexroos 2:13-14, Gooftaaf jedhaati harka warra _____ isa hunduma irratti _____ abboomamaa
4. Maatewos 12:25 Tokkummaan isaa_____ mandarri tokko yookis maatiin tokko _____ -.
5. 1 Qorontos 12:12 bu`aan dhagnaa _____ baayyee qabu, bu`aan dhagnaa baayyatani iyyuu _____ -tokkich.
6. Warri hojjetoonni guyyaa dura bu`aan isaan in barbaachisaa?
7. Waldaa kristiyaanaa keessatti duukka buutonni gaarii barbaachisoo dhaa?
8. Walii wajjin hojjechuu inni jedhamu karaa biraatiin maal jedhama?
9. Bu`aan dhagnaa xixxiqoon dhagnaaf barbaachisoo mitii?
10. Dhagni hafuuraa Kristoos maal jedhama?

Barumsa 4

Waldaan Kristiyaanaa Maali? Ijoo dubbii

1. Waldaa lafaa o`onaa
2. Walumaa gala dhagna Kristoos
3. Waldoolii naannoo jiran
4. Walga`ii walootaa

Marii

1. Waldaa lafaa o`onaa:- Waldaa Kristiyaanaa jechuun “saba Waamame” jechuudha. Akkas jechuun waldaan Kristiyaanaa mana keessatti waaqef-fatan jechuu miti. Dhiiraa fi dubartoota hundumaa jechuus miti. Garuu warra waamame dhiirotaa fi dubartoota jechuudha. Macaafni qulqulluun yeroo hundumaa yeroo waa`ee Waldaa Kristiyaanaa dubbatu “walitti qabamuu warra waamamee” jehee dubbata. Isxifaanos yeroo dubbate waa`ee Israa`eloota Gibxii lafa o`onaatti boojuu fi gabrummaa keessaa ba`anii dubbateera, kunis sabni Waaqayyo waldaa kristiyaanaa lafa o`onaa ta`uu isaati (Hojii Ergamootaa 7:38). Kunis sirriitti Waldaa Kristiyaanaa lafa onaa isa jedhuuf hiikkaa nuuf ta`a. haa ta`u malee gareen kun waldaa kristiyaanaa kan kakuu haaraa jechuu miti. Waldaa Kristoosis hin turre. Garuu lafa o`onaatti muse wajjin duumessaan cuuphamaniiru (1 Qorontoos 10:1-2). Waldaan Kristiyaanaa utuu Kan hundeeffamte utuu Kristoos biyya lafaa irra jiruu miti, garuu raajii inni dubbateen erga inni ol ba`ee booda hundeeffamte (Maatewos 16:18, Hojii erg. 2). Yeroo sana Amantaan kakuu moofaa, kan ayudoottaa jira ture (Galaatiyaa 1:13-14). Yeroo sana Amantiin Kristiyaanaa hin turre, garuu kristiyaanummaa dursee ture (Galaatiyaa 3:24-25). Kana malees Waldaan kristiyaanaa dhaaba amantaa miti. Yeroo ykn baraa Waldaa Kristiyaanaa duraa sana dhaabni amantaa tokko illee hin turre. Erga Waldaan Kristiyaana isheen dur sun hundooftee booda namoonni yaada mataa isaaniitiin dhaaba amantaa akka barbaadanitti hundeessuu oomishuu jalqaban. Waldaan Kristiyaanaa tokkitti akka taatuuf, akka gargar hin baaneef kadhata Krstoos ture (Yohaannis 17:20-21) haa ta`u malee Gargar ba`insi kun kan uumameef Namoonni yaadaa fi fedhii mataa isaanii jala deemuud-haan Kan Kristoos dhiisuudhaan walitti makuudhaan kan ta`ee dha. Kristoosiin dhiisanii maqaa namootaa uffachuudhaani (1 Qorontoos 1:10-13) waldaan kristiyaanaa walitti qabamuu amantootaati, waldaan Kristiyaanaa dhaaba amantaas miti.

2. Waldaan kristiyaanaa dhagna Kristoosi:- Gara kakuu haaraatti yeroo darbinu caaffanni waa`ee Waldaa Kristoos nu barsiisa. Yesuus akkas jedheera waan ta`eef “Waldaa Ko nan ijaara” (Matewos 16:18). Waldaan kun dhiiga Kristoosiin kan bitamtee dha (Hojii Ergamootaa 20:28). Kristoos kan jaallatee fi lubbuu isaa dabarsee kan kenneefiidha (Efeesoon 5:23). Warri amananii abboomaman Kristoos mataa isaatiin waldaa kanatti dabalamu (Hojii Ergamootaa 2:47). Dhagna hafuuraa Kan Kristoosi, inni mataa waldaa kanaa ti (Qolaasiyaas 1:18-24). Gareen kun dhugumatti warra mootum-maa dukkanaa keessaa waamamanii dha, isaanis dukkana keessaa gara ifaat-

ti kan waamamanii dha. (Qolosaayis 1:13-14). Jarri kun warra Biyya lafaa keessa hafuuraan adda ba`anii dha.(2 Qorontos 6:17) isaan kana macaafni qulqulluun Waldaa Kristoos yookaan dhagna Kristoos jedhee Waama.

3. Waldoota kristiyaanaa Naannoo:- Kan biraan kan Kakuu haaraan waldaa Kristiyaanaa jedhee waamu, waldoota naanoo jiranii dha. Kunis magaalota keessatti gandoota keessatti kan walitti qabaman wldoota kristiyaa-naatiin jedha. Waldaa Waaqayyoo Qorontoos keessa jirtu (1 Qorontos 1:1-2). Biyya Eeshiyaa keessa kan jiraniif waldoota kristiyaana torban (Mullata Yohaannis 1:1-11). Phaawlos yeroo Amantoota Roomaatiif xalaya barreesse akkas jedhe “Walfoonni Kristoos nagaa isiniif dhaamu” jedha (Roomaa 16:16). Iddoo kamitti iyyuu kan jiran hundi Waldoota Kristoos jedhamanii waamamu.

4. Walga`ii Waldootaa- Maqaan waldaan ittiin waamantu inni biraan walitti qabamuu amantootaati.amantoonni yeroo Mana waaqeffannaatti walitti qabaman isaan Waldaa Kristiyaanaa jedhamanii waamamu. Isaan kun warra Waamamanii dha. Biyya lafaa keessa kan waamamanii dha. Yaadadhu Phaawloos yeroo baayyee walga`ii Waldootaa jedhee Waama. 1 Qorontos 14:33-34 irratti dubartoonni “walga`ii waldoottaa “keessatti hin dubbatin jedheera. Walga`ii waldoottaa jechuun waldaa Kristoos isa jedhu ibsuudhaafi. Waldaan Kristiyaanaa garee warra biyya lafaa keessaa waamamanii dha.

Macaafni Qulqulluun maqaa waldaa Kristiyaanaa afran Kanaan akka waamu qu`annaa keenya fuulduraa keessattis akka yaadattanan isin gaafadha. Yeroo caaffanni qulqulluun cal jedhu nutis cal jechuu qabna, yeroo inni dubbatu dubbachuu qabna. Egaa yoo Caaffata qulqullaa`oo dubbifne malee, yoo qu`annes malee isa bara kana Waa`ee dubbii waaqayyoo wallaalchisuudhaaf olii gadi fiigaa jiru kana jalaa ba`uun in ulfaata. Waa`ee Waldaa Kristiyaanaa Caaffata qulqulluu keessa hin jirre yaadota namootaa gatuu qabna.

Gaaffii

1. Waldaan Kristiyaanaa yeroo hundaa _____ jedhamtee waamamti.
2. Waldaan kristiyaanaa lafa o`onaa keessa turte eessaa waamamte?
3. Isheen lafa onaa keessa turte sun waldaa Kristoosii wajjin tokko turtee?
4. Dhaabboliin amantaa Waldaa Kristiyaanaa Waldaa Kristoosii ?
5. Yohaannis 17:21, akka ati_____ taate isaanis_____
6. 1 Qorontos 1:10, Isin gidduu _____ akka hin jiraanne isinan kadhadha.
7. 2 Qorontos 6:17, _____ irraa adda ba`aa.

8. 1 Qorontos 1:1-2, _____ kan jirtu Waldaa Waaqayyoo
9. Walga`ii walootaa dubartoonni keessatti gab jechuu qaban Waldaa eenyuuti?
10. Waldoonni naannoo jiran isaan waldaa _____ ti.

Barumsa 5

Guutummaan Waldaa Kristiyaanaa Akami?

Ijoo dubpii

1. Tokkoo tokkoon waldaa kristiyaanaa Kristoosiif bitama
2. Kristoosii gaditti miseensi hundi wal qixxee dha.
3. Jaalalli waliigalteen isaan gidduu jira

Marii

1. Tokkoo tokkoon waldaa kristiyaanaa Kristoosiif bitamti:- Barumsi keenya kun Guutummaa waldaa kristiyaanaa biyya lafaa keessa jirtu hundi Kristiyaanotaan kan jaaramtee dha. Akkasumas walga`ii amantootaatiin kan jaaramteedha. Dhagnaa hafuuraa kan Kristoosi. Kristoos mataa waldaa guddittii kanaati. (Qolosaayis 1:18-24). Akkuma namni mataa qabu Kristoosis mataa waldaati. Kristoos Yesuus lafa irratti waqa kirrattis aboon kenna-meeraaf (Maatewos 28:18). Qajeelfama kan inni amantoota isaatiif kennus dubpii isaa isa caafameeni (Maatewos 28:19). Kristiyaanni dhugaan tokko kan inni bitamuufii qabu Kristoos duwwaadhaafi. Innis mataa waan ta`eefi, dhagna hafuuraa Waldaa kristiyaanaa waan ta`eefi.

2. Kristoosii gaditti miseensi hundinuu walqixxee dha:- Bu`aan dhagnaa Kristoos jala jiran hundumtuu walqixxee dha, akka dhagna Kristoositti hundumti Kristiyaanaa walqixa malee tokko isa kaan hin caalu. Kristoos irraa kan aboo addaa kan qabu hin jiru. Kristiyaanni kam iyyuu kristiyaana kaan irratti aboo, taayitaa ol aa`antummaa qabaachuu hin danda`u. kennaan ayyaanaa addaa addaa kennamuufii danda`a, in kennamas garuu kennaan kun mallattoo caalummaati jechuu miti. (1 Qorontos 12:3-4). Akka dandeettii isaaniif kennameefitti tajaajilu, kun garuu caalmaa agarsiisa miti. (1 Qorontos 12:12-24).

3. Jaalalli waliigalteen isaan giddu jira. :- Kristiyaanonni hundi Kristiyaanota warra kaan akka obbolootaatti ilaalu. Hundumti isaanii iyyuu maatii Waaqayyooti (1 Yohaannis 3:1). Bu`aan dhagnaa hundinuu dhagna tokko keesa jiraachuu isaanii beeku, (1 Qorontos 12:12-13). Sabni kami iyyuu, gosti kam iyyuu Dubartoonnii fi dhiirri hundinuu fuula Waaqayyoo duratti walqixxee

dha (Galaatiyaa 3:26-28). Dhagna kan ta`e Kristoos keessatti garaa garummaan tokko illee hin jiru (1 Qorontos 12:25). Hundumti miseensotaa tokko isa kaaniif kunuunsa gaarii waliif godhu. Bu`aan dhagnaa tokko yoo miidhame yoo dhiphate bu`aan dhagnaa kaanis wajjin dhiphata, bu`aan dhagnaa tokko yoo ulfina argate inni kaanis wajjsuma ulfaata (Qorontoos 12:25-26). Yoo bu`aan dhagnaa tokko madaa`e dhagni hundis wajjsuma itti dhagaa`ama. Kanaaf dhagna kan ta`e Kristoos keessatti hundumti keenya bu`aa dhagna kanaa taanee jiraanna. Kana waan ta`eef warra bu`aa dhagna Kristoos ta`anii iddoo biraajiraataniif jaalala, waliigaltee fi walyaaduu qabna.

Gaaffii

1. Qolosaayis 1:18, Innis mataa _____ jechuun ____ ti.
2. Maatewos 28:18, Kristoosiif _____ tu kenname.
3. Kristoos dhagna meeqa qaba?
4. Dhagna Kristoos keessatti bu`aan dhagnaa hundi tokkumaa?
5. 1 Qorontos 12:5, kennaan _____ garaa gara Hafuri _____
6. Miseensi hundi Kristoosiif barbaachisoo dhaa?
7. Kristoos keessatti sanyiin tokko isa kaan in caalaa?
8. Dubartoonni dhiiraa wajjin gatii wal qixaa qabuu?
9. Waldooliin iddoo biraajiranis bu`aa dhagna Kristoosi?

Barumsa 6

Guutummaan Waldaa Kristiyaanaa Akkamiin Ijaarame?

Ijoo Dubpii

1. Mootummaan isaa lafa irra miti.
2. Biyya lafaa irra Waajira hin qabu
3. Akka dubpii isaan ala jaaruuf kan godhamu cubbuu dha.

Marii

1. Mootummaan isaa lafa irra miti:-Kristoos lafa kana irraa mootummaa hin qabu yoo ta`e, bantii waaqaa irratti mataa kan ta`e aboo qaba jechuudha (Maatewos 28:18). Akkasitti waldaan Kristoos dhaabbolii biyya lafaa kana irra jiran irraa adda. Isaan biyya lafaa irratti akka Qeesotaa, Phaaphaasotaa mataa Waldaa Kristiyaanaa waan qabaniif. Aboon isaanii kunis kan namootaan caafaman, akka kaatekizim, kaaunsilii kkf qabu. Macaafni qulqulluun garuu mataan waldaa kristiyaanaa Kristoos malee kan biraajira hin jedhu. (Efeeson 1:21-23). Dhagni Kristoos lafa irratti abbootii taayitaa hin qabu.

Kan akka sinoodoosii hin qaban, kun jechuun malaammaltummaa ta`uu danda`a. kakuu haaraa keessatti waldaan kristiyaanaa miseensonni hundi walqixxee dha. Tokko isa kaan hin caalu.

2. Biyya lafaa irratti waajira guddaa walii galaa hin qabu:- Yesuus qophaa isaa mataa Waldaa kristiyaanaa waan ta`eef wajirri isaa lafa irra utuu hin taane bantii Waaqa irra jira. (Ibroota 12:2). Dhaabboliin amantaa biyya lafaa kana irra jiran baayyeen isaanii waajira qabu, isaanis waldooolii hundumaa to`atu jechuudha. Kunis kan agarsiisu Waldaa Kristoos ishee Kristoos hundeessee fi waldaa namoota ishee namoonni hundeessan gidduu gara garummaa jiru agarsiisa.

3. Waldoolii hundumaa to`achuuf jaarmiyaan godhamu cubbuu dha:- yeroo baayyee amantoonni Waldaa Kristoosiin akka dhaaba amantaatti ilaa-lu barbaadu. Waldaan kristiyaanaa guddoon waldooolii kristiyaanaa xixiqqoo to`achuu barbaadu. Kunis kan ta`uuf baayyeen isaanii dhaaba amantaa keessaa waan dhufaniifi. Isaanis muuxannoo qaban sana irraanfachuu dad-habuu irraa kan ka`ee dha. Kanaaf namoota muuduu, amantoota irratti ol aa`antummaa agarsiisuu fi kkf mullisu. Kunis waajira addaa uumuudhaan akka mootummaa ormootaa godhuudha, kunis jaarmiyaa fi bulchiinsa Waldaa kristiyaanaa isa qulqulluu sana balleessa. Barsiisa Kristoosii ala ta`uun nu irraa hin barbaachisu (2 Yohaannis 9). Wangeela micciiruu hin qabnu (Galaatiyaa 1:6-9). Isa Caafame irratti dabaluus irraa hirr`isuus hin daneenyu (Mullata Yohaannis 22:18-19). Akka caaffataa alatti waldaa kristiyaanaa ijaaruu yaaluun cubbuu dha.

Gaaffi

1. Mataan waldaa Kristiyaanaa eessa jiraata?
2. Waldaan Kristoos gargar ba`aniiruu?
3. Efeesoon 1:21-22 Kristoos mataa_____ti jedha.
4. Ibroota 12:2, Kristoos _____Waaqayyooti
5. Dhaabboliin amantaa lafa irratti waajira gurguddaa qabuu?
6. 2 Yohaannis 9, “kan barsiisa _____hin jiraanne
7. Galaatiyaa 1:7, kan Wangeela_____tokko tokko jiru
8. Mul Yoh. 22:18 kan isa caafame irratti dabalu_____
9. Mul. Yoh. 22:19, isa caafame irraa kan _____
10. Dhagni Kristoos biyya lafaa irratti akka waajiratti jiraa?

Barumsa 7

Waldaan biyya lafaa irra jirtu akkamitti jaaramte?

Ijoo dubbii

1. Biyya lafaa irratti kan jaarame, waldoota naannooti
2. Caaffanni qulqulluun waa`ee waldaa kristiyaanaa hin kufne
3. Waldoota Kristoos malee aboon hin jiru.

Marii

1. Biyya lafaa irratti kan jaarame waldoota naannooti:- Barumsa daban keessatti waldaan Kristiyaanaa biyya lafaa irratti waajira guddaa akka hin qabneedha. Phaawloos Waldootaaf jaarsolii ykn ilaaltuu ta`anii Efeesoniiif warra muudaman waameera (Hojii Erga. 20:17). Hafuurri qulqulluun akka isaan Hoolota eeganiif muudeera (Hojii Erga. 20:28). Hafuurri qulqulluun dhiirota ulaagaa guutan ilaaltuu in godha. (1 Pheexroos 5:2) caaffanni jaarsoliin Hoolota ykn miseensota keessa jiran akka eegan jaarsolii abboomeera. Ilaltaa ta`ani ikan keessatti muudamaniif malee kan biraan bulchuu hin dandaan. Yeroo tokko tokko namoonni karaa irra caalaa dha jedhanii akeekni jaarmiyaa biraan uumuuf yaadu. Garuu ogummaa namootaa irra gowwummaa Waaqayyootu caala. (1 Qorontos 1:25). Namoonni karoora Waaqayyoo kabajanii aka inni yaadetti ijaaruu irraan kan hafe yaada mataa isaanii itti makuun hin barbaachisu.

2. Caaffanni qulqullaaoon waa`ee waldaa dhaabbataa dubbata :-Caaffanni qulqullaaoon waa`ee waajira biiroo waldaa kristiyaanaa yeroo dubbatu waldooliin naannoos ilaachiseeti. Caaffata qulqulluu akka hubannutti utuu macaafni qulqulluun barreeffamee hin raawwatamin duraan kennaan biiroo baayyeetu ture (1 Qorontos 12:28). Macaafni qulqulluun tokko tokko waldaa kristiyaanaa keessatti akka qopheesee kaa`e dubbata. Duraan dursa Ergamoota, itti aa`ansee Raajota, itti Aa`nsee barsiisota, itti aa`ansee warra dinqii godhan, kennaan fayyisuu gargaarsaa, afaan haaraatiin dubbachuu fi kan addaa addaa kenneeraa. Kennaan kun hundi isaanii kan kennamaniif yeroodhaafi malee dhaabbataan miti, hafuuf jiru jiru jedha (1 Qorontos 13:8-10). Yeroo caaffannii qulqullaaoon caafamanii raawwataman kanneen hundi akka hafan dubbata. Kennaan kun haa hafan malee Waldaa Kristiyaanaa garuu itti fufti dhaabbattuu dha. Sababni isaa waldaa kristiyaanaa keessatti dinqiidhaan akka itti fufu akeeka isaa miti. Macaafa qulqulluu keessatti jaarsoliin waldaa dinqii akka hojjetaniif humni kennameeraaf kan jedhu hin jiru. Hundumti biiroo kan waldaa kristiyaanaaf kennamanii dha garuu dinqii dhaan miti, jaarsoliin waldaa aboo dinqii godhuutiin ala geggeessu. Waldaa

Kristoos keessatti ergamoonni yeroo muraasaaf turanii darbaniiru. Garuu jaarsoliin waldaa ilaaltuu ta`anii itti fufu (Hojii Ergamootaa 14:23). Tiitoon jaarsolii Waldaa fo`uuf Qarxes akka jiraatu ta`e (Tiitoo 1:5). Luqqistoonni kun waldaa Kristiyaanaa isaaifi malee waldoota Kristoos hundumaaf akka hin taane nu agarsiisa. Waldaa Efeesoon keessatti hafuurri qulqulluun jaarsoliin akka ilaaltuu ta`aniif muudeera (Hojii Erg. 20:28). Hoolonni kun Waldaa Efeesoon jirtu duwwaadhaafi (Hojii Erg. 20:18). Jaarsoliin akka ilaaltuu ta`aniif akka eeganiif abboomamaniiru (1 Pheexroos 2:5) waldaa

3. Waldoolii kristiyaanaa naannoona alatti waajirri biro hin jiru:-Yesuus Kristoos amma illee mataa waldaa ta`ee bulcha hooggana. Ergamoonni gooftaa fi raajonni waan inni itti himee barreessanii waan nu arka jiruuf amma illee iddo guddaa qabu. Haa ta`uuti jarri aboo qaban kun hundi amma bantii waaqaa jiru. Lafa irratti bikka bu`oota hin qaban. Amma waldoonni hundi biiroo mataa isaanii qabu. Waaqayyo isa caaffata quluqullaao`oo keessatti caafamaniin ala dura buutotaaf geggeeffama addaa hin kenu.dubbiin isaa gara gaarummaa hundumaatti nama qajeelcha. (2 Ximootewos 3:16-17). Yeroo dubbiin isaa dubbatu dubbannee, yeroo cal jedhu cal jechuu qabna. Isa caafameen ala hin baanu (2 Yohaannis 9).

Gaaffilee

1. Hojii ergam 20:17 Phaawloos jaarsolii _____-jedhee waame.
2. Hojii erg. 20:28 isa hafuurri qulqulluun_____ godhee
3. 1 Pheexros 2:5, isa Waaqayyo_____ isinitti kenne eegaa
4. Guutummaan waldaa ijaarameera?
5. Hooggantoonni waldaa _____ dhaabbatoo dha.
6. Dinqiin hafuu isaa kan nutti himu maali?
7. Jaarsoliin waldaa jaarsolii ta`uuf dinqii godhoo qabuu?
8. Hojii erg. 14:23 Ergamoonni jaarsolii_____ godhanii fo`annii warra amanamanitti _____ kennan.
9. Tiitoo 1:5, Jaarsolii akka_____ f_____ si dhiise
10. Bara kana waldoottaa alatti aboon biraajira?

Barumsa 8

Ergamoonnii fi raajonni eenyuun turan? Ijoo dubbi

1. Waldaa Kristiyaanaa irratti aboo addaa qaban
2. Humni dinqii godhoo isaanii dhaabbateera.
3. Yeroodhaafi malee human dinqii gochuu dhaabbataa hin qaban.

Marii

1. Waldaa kristiyaanaa irratti aboo addaa qabu turan:- biyya lafaa kana irratti wanti hundinuu dinqidhaan uumame. Namaa fi biyyi lafaa hundi dinqidhaan jalqabe. Haa ta`u malee bara kana namnis ta`e biyyi lafaa dinqidhaan utuu hin ta`in akkasumatti itti fufaa jira. Akkasuma Waldaan kristiyaanaas dinqidhaan jalqabamte. Amma garuu dinqidhaan utuu hin ta`in akka akeeka Waaqayyootti dhaabbachaa, baballachaa jirti. Dubbiin Waaqayyo dinqidhaan dhufe, amma garuu dinqidhaan utuu hin ta`in dubbisuu qu`achuudhaan deemaa jira.

Ergamoonni bara duraa waldaa kristiyaanaa keessatti dinqii godhaa turan. Aboo kanas kan kenneef humnaan akka waldaa tajaajilaniif human akka mul`isaniifi. Kanaaf jedhee aboo kana kenneef. Yesuus akkas jedheen “Hafuurri qulqulluun gara dhugaatti isin geggeessa” jedheen (Yohaannis 16:13). Ergamonnii fi raajonni hundeeffamu waldaatiif barbaachisoo turan (Efeesoon 2:20). Macaafni qulqulluun warri ergamootaa fi rajonni warri akkasii akka Waaqayyoon muudaman dubbata (1 Qorontos 12:12). Lallabni isaanii dinqii isaan hojjetan hundi Waaqayyo biraa akka ta`e mirkanaa`eera (Ibroota 2:3-4). Waajiroonni kun hundeeffamu waldaatiif barbaahisoo turan. Amma garuu dinqii hin barbaachisu.

2. Humni dinqii gochuu amma dhaabbateera:- Amma bara kana waldaa Kristiyaanaa keessa ergamoonni akka hin jirre beekna. Sababni isaa humni dinqii godhuu waan dhaabbateefi. Dinqii godhuun gaafa kaayyoon dinqii godhuu sun raawwate in dhaabbata ykn in hafa. Raajuun afaan haaraa dubbachuun, beekumsi haffura hundi in hafu jedha (1 Qorontos 13:8-10). Isaan kun hundi kan hafan inni raawwatamee xumurame sun yeroo dhu-fuudha jedha. Innis mulla`chuu sagalee dubbii isaatii barreeffamaan ma-caafa qulqulluu ta`ee isa amma nu harka jiruudha. (Efeesoon 4:11-13). Ma-caafni qulqulluun raawwatee caafamnaan beekumsa hundumaa kan qabu nu ijoolee isaa harka galeera. (Yihudaa 3). Yesuus ilma Waaqayyoo ta`uu isaa amannee akka fayyinuuf kun caafameera. (Yohaannis 20:30-31). Wanti yeroo tokko mirkanaa`e lammata mirkanaa`uun hin barbaachisu. Dhugaan dubbii Waaqayyoo mirkanaa`eera. Dhugaa dubbii isaa Kanaan waan gaa-rii godhuuf kennameera. (2 Ximootewos 3:16-17). Kaayyoon dinqii godhuu waan raawwateef amma dinqii sun hin jiru. Bara kana ergamoonnis waldaa keessa hin jiran.

3. Isaanis aboo yeroodhaaf malee dhaabbataan hin kennamneef:- Dinqiidhaan akka dinqii godhaniif yeroo sana waldaa Kristiyaanaatiif kenname. Humni kunis ergamootaa fi raajotaaf kenname. Haa ta`u malee humni din-

qii gochuu sun dhaabbateera, bara kana ergamootaa fi raajonni nu hin barbaachisan. Aboon kennaman kunis dhabbata utuu hin ta`in yeroodhumaaaf kan kennamanii dha. Waaqayyo isaanis bikka buusuus hin barbaanne. Dinqii fi hojii human hojjechuun sun kaayyoo isaanii xumuranii raawwataniiru. Bara kana ergamootaa fi raajota jiru kan jedhan yoo iraatan isaan raajota sobduu dha (Mullata Yoha. 2:2). Duraan iyyuu sobdoonni akkasiin kan turanii dha (2 Qorontos 11:13). Namoonni yeroo baayyee raajii fi dinqii sobaatiin in mullatu (2 Tasaloonee 2:8-9). Namoonni baayyeen dinqii gooneerra, raajii dubbanneerra jedhu, gaafa dhumaar garuu Yesuus “Ani isin hin beekne” jedhaan (Maatewos 7:21). Waldaa ishee durii sana keessa iyyuu ergamoonnii fi raajonni yerodhaaf turan malee dhaabbataan hin turre.

Gaaffilee

1. Macaafni qulqulluun dinqii godhuun tureera jedhaa?
2. Macaafni qulqulluun dinqii godhuun itti fufa jedhee barsiisaa?
3. Akka Yohaannis 16:13 jedhutti haffuuri qulqulluun _____ geessa jedha.
4. Efeesoon 2:20, Ergamoonnii fi raajonni _____ waldaa turan.
5. 1 Qorontos 12:28 Waaqayyo ergamootaaaf _____ -kenne
6. 1 Qorontos Ergamoonni _____ agarsiisaniiru
7. Ibroota 2:3-4, warri dhagaa`an nuuf cimsaniiru Waaqayyos _____ fi _____ dhaan
8. Yihudaa 3 akki jedhu Amantaan qulqullootaaf _____
9. Mullani Yohaannis 2:2 waa`ee _____ -dubbata.
10. Raajonnii fi ergamoonni aboo dhaabbataa qabu turanii?

Barumsa 9

Waldooliin Kristoos Akkamiin Jaaramu? Ijoo dubbii

1. Tokkoo tokkoon walga`ii waldaa kan of danda`uu dha.
2. Dura buutonni kan bulchan waldaa tokko qofa
3. Walga`in waldooli wajjin hin jaaraman

Marii

1. Tokkoo tokkoon walga`ii waldaa kan of dandeessuu dha:-Waldooliin Kristoos bulchiinsa dhaaba Amantaa irraa wallaba.akka akeeka Waaqayyootti dubbii caaffanni qulqulluun Waldaa kristiyaanaatiif dubbatu raawwachuuf dhama`u. akka barsiisa kakuu haaraatti waldaa kristiyaanaa baballis.

tokkoo tokkoo akeeka gooftaan waldaadhaaf qabu irratti hoijetu. Kanneen keessaas waldaa Kristoos ishee durii sana deebisuudhaaf akka jaaramuu gaa-fa sanaatti akka ta`uuf hoijetu. Waldaa kristiyaanaa Kakuu haaraa keessatti haala mootummaa Waaqayyoo isa dhugaa sana akka barannetti hojjechuutu nurraa eeggama. Akka barumsa darbe irraa hubannetti dura buutonni akka caaffata qulqulluutti waldooolii keessa jiraachuu isaaniiti. Biyya lafaa kana irratti biiroon addaa kan waldaan jalatti bultu tokko illee akka hin jirre ilaalle. Walga`in waldaa kun boordii yookaan komiitee jalatti of galchan tokko illee hin jiru. Tokkoon tokkoon waldaa mataa mataa isaanitti dura buutota of keessaa fo`atu malee iddo biraa irraa dhufee kan isinan bulcha isinan hooggana jedhu hin jiraatu.

“Of danda`uu” jechuun of bulchuu jechuu dha. Of bituu jechuus inta`a. waldaan of dandeessu, ofii ishee bulchiti. Ishee bulchuudhaaf humni biro bikka biraa irraa hin dhufu. Dura bu`oo mataa isheetii fo`atti, lallabdoota wangeela qopheeffatti, qabeenya ishee irrattis ofif murteessiti. Walumaa gala to`annoo nama biraa irraa ala taatee jiraatti. Kan isheen bitamtuuf Kristoos duwwaadhaafi, qajeelfamni ishee dubbii sagalee Waaqayyoo isa caaffanni qulqulla`oon jedhuudha. Walga`ii mataa isheetii, haala Waaqeffanna isheetii, waan barbaachisu hunda ofif geggeeffatti. Tokkoo tokkoon waldaa kristiyaanaa akka kakuu haaraatti buluu yoo barbaade ofii isaaniitii of danda`uu of hoogganuu qabu.

2. Dura buutonni kan bulchan waldaa tokko kan isaanii qofa:- Akka caaffata qulqulla`ootiin ala dura buutonni waldaa Kristiyaanaa waldaa tokkoo ol bulchuudhaaf hojjechuun isaanii kana malees Phaaphaasi, Qeesii jechuudhaan of moggasuudhaan bulchiinsi kakuu haaraa baduu danda`e. yoo dhugumaan Waldaa kristiyaanaa kakuu haaraatti deebina jedhame, dura buutonni waldaa tokkoo ol hogganuu bulchuun isaan irraa hin eeg-gamu. Kun faallaa caaffata qulqulluuti. Waldaa miseensi isaanii xinno ta`an yookann waldaa dadhaban akka bulchaniif akka bitaniif jaarsolii ergu ta`a, kuni garuu badiisa yookaan rakkin waldaa kristiyaanaa irratti uumamuuf tarkaanfiisa duraati. Namoonni iddo biraatii dhufanii waldaa bulchu yoo ta`e waldaan sun bilisa miti jechuudha.

3. Waldoonni iddo addaa addaa jiran walitti hin ijaaraman:- Miseen-sonni waldaa Kristoos baayyeen isaanii dhaaba amantaa keessaa waan dhufaniif muuxannoonaan achitti shaakalaa turan isaan keessaa ba`uudhaaf qormaata itti ta`a. isaan kun walga`ii jaallatu, komiitee ijaaruu jaallatu, wal-doolii kaanis bulchuu barbaadu. Yeroo baayyee tajaajila kan hunkuran warra akka kaawnsilii ta`anii waldoonni akka waan of hin dandeenyeetti dhu-

fanii hunkuranii dha. Akka caaffata qulqulluutti waldoonni walitti ijaaramtee walqabatte hin jirtu. Yesuus waldoolii torban Eeshiyaa jiraniif tokkoo tokkoo isaaniitiif xalayaa barreesseefi karaa Yohaannis mullataan erga. (Mullata Yohaannis 1:1-11). Waldoonni walitti dhihoo yoo ta'an illee hundi isaanii dhuunfaa dhuunfaatti jaarmiyaa mataa mataa isaanii qabaachuu qabu. Waldaa Eeshiyaa torban sana irratti ol aa`antummaadhaan kan bitu ykn kan bulchu hin turre. Hundumti isaanii mataa mataa isaanii kan danda`an turan. Yoo barsiifni kakuu haaraa kabajame jaarmiyaan sirrii ta`uu danda`a.

Gaaffilee

1. Of danda`uu jechi jedhu maal jechuudha?
2. Macaafni qulqulluun waa`ee Phaaphasotaa maal jedha?
3. Mullata Yoh. 1:1-11, irratti kan caafame waldoota torban kamiifi?
4. Muuxannoон dhaaba amantaa waldoota _____
5. Waldoonni gurguddoон waldoota xixiqqoo bituu bulchuu in danda`uu?
6. Macaafni qulqulluun waldoonni komiitee akka qabaatan in barsiisaa?
7. Waldooliin kakuu haaraa waliiwajjin ijaaramaniiruu?
8. Waan tokko akka isaa duraaniitti deebisuun maal jechuudha?
9. Dura buutonni waldaa tokkoo ol ta'an booda _____--ta`uufi
10. Namni barsiisa kana hin fudhanne_____ mana keessamiti
ti_____ 2 Yoh.1:10.

Barumsa 10

Waldoonni akkamitti of dandaa`anii soso`uu?

Ijoo dubbii

1. Mataa ofitiin of bulchuu
2. Of deggaruu
3. Of baayyisuu

Marii

1. Mataa ofitiin of bulchuu :- Waldooliin kan mataa isaanii ittiin dandaa`an keessaan inni tokko of bulchuu dha. Isa kana barnoota keenya darban keessatti deddeebinee ilaalleerra. Mataa ofitiin of bulchuu dhabuun waldaan birmaduu ishee akka dhabduuf karaa bana. Waldaan kristiyaana of bulchuu gaafa dhaabdu, birmaduu ishee dhabaa jirti jechuudha. Namoonni biroon waan gaarii itti fakkaatee gidduu seenanii bulchuuf yaalu, kuni garuu karaa bi-

raa mirga ishee birmaduu ishee irratti dhiibbaa uuma jechuudha. Waldoonni baayyeen mataa isaaniitiin of bulchu garuu amma iyyuu gargaarsa horii fi kan kana fakkaataniif maxxantuu warra biyya alaa ta`anii jiru. Waldaan kristiyanaa kam iyyuu mataa ishee dandeessee dhaabbachuu qabdi, karaa hundumaan of dandeessee dhaabbachuuutu irraa eeggama. Ofii isheetii yoo of gargaarte bili-summaatu itti dhaga`ama, eenu jalatti illee maxantuu miti.

As irratti waan beekuu qabnu waldaan tokko birmaduudhaan jiraattee gargaarsa yeroof ta`u warra obboleewwan alaa ykn keessaa irraa argachuu in dandeessi. Kanas macaafa qulqulluu irraa hubachuu dandeenya. Waldaan seeraa fi bulchiinsa waldaa biraa irraa fudhattu hin jirtu. Haa ta`u malee gargaarsa horii fi kkf waldooli biro irraa akka isaan fudhachaa turan caafamee jira. Jaarsoliin waldaa Yihudaa jiran gargaarsa horii warra Anxookiyaa irraa fudhatanii jiran (Hojii Ergamootaa 11:27-30). Phaawloos yeroo wangeela lallabu beenyaa fudhateera. (2 Qorontos 11:8). Waldaan Filiphsiyus Phaawloosiif yeroo lama gargaarsa erganiiruuf (Filiphisiyus 4:15-16). Kanaaf iyyuu caaffanni gargaarsi yeroodhaa ta`u waldooli biro irraa akka ture nutti hima. Garuu qajeelfamni seerri, ajajni bulchiinsaa waldooli biro irraa akka jiru nutti hin himne.

2. Of deggaruu:- Waaqayyo waldooliin akka of dandaa`an kan inni barbaaduuf, ofii isaanii yaa deggaraniifi. Waldooliin of dandaa`anii miilla isaaniitiin dhaabbachuu qabu. Maatiin tokko daa`ima dhalatuuf daa`imuu isaa booda miilla isaatiin akka dhaabbatee adeemu gochuun barbaachisaa dha. Daa`imni sun ofii isaatii dhaabbachuuuf hin yaalu yoo ta`e ka`uu hin danda`u. daa`imni kophaa isaa dhaabbachuu hin yaalu yoo ta`e adeemuu barachuu hin danda`u. akkasuma walga`iin waldaa tokko tarkaanfii mataa isaatiin fudhachuu baruu qaba. warri kaan gargaarsaan isa baatu yoo ta`e of danda`ee deemuun itti ulfaata. Garuu ofii isaatiin tarkaanfii fudhachuu yoo barate akka ofiif danda`u caalaatti barata jechuudha. Muuxannoo qabaniin of danda`uun hubannoo argachuudha. Hindaaqqoon (lukkuun), wicoo ishee nyaata akka barbaaddataniif barsiisuu qabdi.nyaata argattu sana yeroo hundaan in fiddiif yoo ta`e, isaan akka of hin dandeenye gooti jechuudha. Garuu akka of danda`an yoo dirqisiifte akka of dandaa`anii jabaatanii dhaabbatan gochuu dandeessi jechuu dha. Hindaaqqoon wicoota ishee akka nyyata barbaadaniif yeroo isheen dirqisiiftu isaanis nyaata isaanii barbaadachuuudhaaf kaatu, baratus akkasitti of danda`uu.akkasuma waldoonnis akka isaan mataa isaanii of dandaa`aniif dirqisiisuun barbaachisaa dha. Tokko tokko akka of dandaa`aniif ifannaanis barbaachisuu dandaa`a. yoo dhugumaan of danda`uu dhaaf itti yaadan, wanti isaan dhibu hin jiru, badhaadhuus gudda-

chuuufis salphaa dha. Bilisummaan dhugaa of dandaa`anii harka namootaa eeguu irraa ooluudha.

3. Of baayyisuu:- Jechi kun facaasuu, baayyachuu, itti fufuu jechuus in ta`a, waldaa of baayyisu, of beeksisaa deema. Waldooli bi-raatti dhaabaa, wangeelaan baayyisaa deema jechuudha. Dubbiin Waaqayyo sanyii dha, sanyii facaafamuu dha (Luuqaas 8:11), Sanyiin kam iyyuu ofii isaa keessa ija biraatu jira, in baayyata. Akkasuma dubbiin Waaqayyoos waldooli baballisuuuf human qaba. lapheen gaariin yeroo dubbii isaa fudhatanii abboomaman iddoofisaanii hundatti ija biqilatu jira. Ijji kunis waldaa Kristiyaanaati. Waldaan akka muuziiti, utuu gargaarsi biraa isa hin barbaachisin of danda`ee dhaabbachuu fi guddachuu in danda`a. kun egaa hiikkaa of baayyisuuti. Macaafni qulqulluun Waldaa kristiyaanaa utubaa yookaan hirkoo dhugaa jedha (1 Xiimootewos 3:15). Walga`in waldaa dhugaa barsiisuu qabdi. Kanas iddoofisaattii akka baballattu godha. Waldaan Kristiyaanaa Yeruusaalem bittinaa`anii tura, garuu garuma deemanitti dubbicha lallabaa turan. (Hojii Erga. 8:4). Biyya alaa irraa gargaartotni hin barbaachisan, of dandeesee dhaabbachuu qabdi yeroo sana sirriitti hojjettee of guddisaa of baballisaa deemti.

Gaffilee

1. Waldaan Kristiyaanaa iddoofisaatii irraa qajeelfama fudhachuun caaffata keessa jiraa?
2. Waldaan iddoofisaatii irraa gargaarsa yeroodhaaf ta`u fudhachuun caafameeraa?
3. 2 Qorontos 11:8, Phaawloos isin tajaajiluudhaaf _____ fudhe jedha.
4. Filiphsiyus 4:15-16, Yeroon Tasaloonqee jiru _____ fi _____ isin irraa fudheera jedha.
5. Akka barannetti fakkeenya of danda`uu _____ fi _____ argineerra.
6. Of baaayyisuu hiikkaan jedhu maali?
7. Filiphsiyus 4:15, Phaawloos wangeelli _____ jedha
8. Luuqaas 8:11 dubbiin Waaqayyoo _____ fi _____ jedha
9. 1 Ximotewos 3:15, Manichis _____ fi _____ jedha
10. Hojii erg. 8:4 _____ lallabaa _____ deeman.

Barumsa 11

Waaqayyo maaliif waldaan akka of dandeessu barbaade? Ijoo dubbii

1. Dura buutotaa fi miseensa horachiisa.
2. Kennuu fi hojjechuu jajjabeessa
3. Adeemsa ganuu dhowwa.

Marii

1. Dura butotaa fi miseensa horachiisa :- Waaqayyo maaliif akka waldaan Kristiyaanaa akka waldaan Kristiyaanaa of dandeessee dhaabbachuu qabdu barbaaduu isaa dhugaadhaan beekuu maannus, aboo caaffata qlqlala`ootiif abboomamuun garuu dirqama keenya. Haa ta`u malee fedhiin isaa maaliif akka ta`e akka sababaatti kan nuyi ilaalluu baayyeetu jiru. Kanneen keessaa inni tokko dura buutotaa fi miseensota horachiisuu isaati. Dura buuttonni ala irraa yeroo dhufan warr biyya keessaa of kakaasuu hin danda`an, of irratti amantii guddaa qabaachuu hin danda`ani. Walga`iin waldattii yeroo warri alaa dhufanii hoogganan jabaachuun ishee dafee hin ta`u. kristiyaanummaan dandeettii nama tokko keessa jiru baasee hojii irra akka O`olu gochuudha. Waaqayyo jaarmiyaa waldaa Kristiyaanaa yeroo akeeke tokkoo tokkoo miseensotaa guutuu guutuutti akka guddataniifi. Walga`iin waldaa Kristiyaanaa hoogganamuuf iddo biraa irraa nama biraa eegu yoo ta`e, guddinni isaanii kan murtaa`e ta`a, warra birmaduuu hin bane ta`anii human biro alaa eggachuun isaan mudata. Akkasumas ittii gaafatama mataa isaanii raawwachuu hin dandaa`an. Ibroota 5:12-14 irratti waldaan guddachuu dadhabuu isheetiif qeeqamteetti. Jarri kun waldaa Kristiyaanaa keessa waggoota dheeraadhaaf turan iyyuu barsiisuu hin dandeenye. Muuxannoo barsiisuu fi sosochii dhanaa akka godhan isaanitti himameera. Barsiisuu kan barannu barsiisuu iraati. Dura buutuu waldaa Kristiyaanaa ta`uun muuxannoo barbaachisa. Waaqayyo dura buutota waldaa Kristiyaanaa akka isaan baratanii guddataniii miseensa hoogganan barbaada.

2. Kennuu fi hojjechuu jajjabeessa:- Dhaabboliin amantaa gargaarsa qabeenyaatiif yeroo baayyee gara warra biraa irra iija isaanii kaawwatu. Gara warra Waajira isaanii waliigalaa itti iyyata gaaffii horii dhieessu, garuu waldaa Kristoos keessatti wajirri walii galaa guddaan biyya lafaa kana keessatti hin jiru. Garuu walooliin Kristoos tokkoo tokkoon isaanii horii isaanii irratti murteessuu horiin isaanii eessa irra akka O`oolu murteeffatu, waa`ee kanaa gaafachuudhaaf waajira kamii illee waldaa guddaas ta`e baayyee tokko illee

wanti gaafatan hin jiru. Tokkoon tokkoon miseensaa horii inni kenuu cimina waldaa isaatiitiif ta`uu isaa yeroo hubatu caalaatti kennuudhaaf hamilee argata. Kanas horiin isaa eessa akka oole maal irra akka oole waan arguuf hamilee, fedhii, jaalala guddaadhaan kennuuf of kenna. Aarsaa hundumaa keessatti miseensonni akka kennaniif cimsanii barsiisuun barbaachisaa dha. Miseensonni akka kennaanii waldaa isaanii guddifatan kuni fedhii Waaqayyooti.

3. Adeemsa ganuu dhowwa:- dhagooliin baayyeen kirrii yookaan fun-yoo irratti yoo tarreeffamanii kaa`aman ofii isaanii hin dandeenye jechuudha. Caalaatti dhagoonni kun walitti hidhamanii waan jiraniif yoo bishaanitti darbataman wal harkisanii bishaan sana keessa lixuutu isaan mudata. Akkasuma walduoliin waldoota lamaa fi sanii ol walitti hidhanii akka hoogganaman godhan akkas walii wajjin waan baduu danda`u, dhaabboliin amantaa waan akkasii keessa jiru jechuudha. Waldaan of dandeessae dhaabbattu amma dhumaatti amanamummaadhaan jiraachuu dandeessi, dhiibbaan eenyuu illee ishee irra hin ga`u jechuudha. Wanti akkasii kun waldaa sana in cimsa isaanumti of dandaa`anii akka kennuuf o`onnatan isaan godha in guddisas.

Gaaffii

1. Roomaa 15:14 akki jedhutti isin immoo walii walii keessan _____ - akka dandeessan hubadheera.
2. Ibroota 5:12, Isin _____ -ta`uu utuu qabdanii
3. Yoo sirriitti nuuf galuu baate illee dubbii Waaqayyoo hordofuu qabnaa?
4. Kristiyaanummaan _____ -----namaa kaka ba`ee mulat lu godha.
5. Miseensotaaf kan _____ -hojjetu hin jiru
6. Dhagooliin walitti hidhaman _____ -hin ta`an
7. Waldaan ganuu keessa jirtuwaldaa bira _____ -----gochuu hin dandeessu
8. Of danda`uu keessatti sababa gaarii arguu dandeenyaa?
9. Namoonni barsiisuu kan baratan _____ --keessatti
10. Sirriitti kennuudhaaf inni kenuu sun _____ -arguu qaba.

Barumsa 12

Waldaan kristiyaanaa mootummaa lafaa wajjin akkamitti wal fakkaatti?

Ijoo dubbii

1. Mootummaan lafaa maal fakkaatu?
2. Dameen mootummaa lafaa maal faa dha?
3. Mootummaan Kristoos akkamitti bittaa mootii jedhama?

Marii

1. Mootummaan lafaa maal fakkaatu? :- yeroo kana mootummaa lafaa waldaa Kristiyaanaa wajjin wal bira qabuudhaaf mootummaan ormoottaa maal fakkaatu isa jedhu qu`achuun barbaachisaa dha. Mootummota 3 ta`antu mullatu (A). Mootummaa Gadi dhiisii (B). mootummaa dimookraatwaa (3). Mootummaa mootiif bitamu. Mootummaa gadi dhiisii jechuun seerri hin jiru, wanti sodaatan hin jiru, mootummaanis hin jiru, yakki hin baayyata, seera kabajchiisuun hin jiru hundumtuu akka barbaade hojjeta, socho`a. jeequmsi biyyicha keessatti in mulla`ata. Waldaan Kristoos keessatti garuu wanti akkasii, jirenyi gadidhiisii hin deggaramu. Caaffanni qulqulluun “Warra biyya bulchan arrabsuunis seeraaf bitamuu diduun dhowwa dha” jedhe (2 Pheexroos 2:9-10). Kristiyaanummaan Kristoosii fi dubbii caaffata qulqulluu irratti kan hundeffamee dha. Waldaan Kristoos waldaa gadidhiisiitti jiraattu miti. Inni lammataa mootummaa Diimokraatawaadha. Diimokraatawwaa jechuun sabni hundi nama isa bulchuu fo`achuuf mirga kan qabu jechuudha. Namoonni isaan bulchuuf kan barbaadan fo`achuu, kan barbaadan buusuuf mirga qabu. Waldaan Kristoos garuu akkas miti Diimokraatawwaa miti, Kristoosiin namni hin foone namni isaa buusuus hin danda`u, Kristoos hin jijiiramu, eenu iyuu isa bikka bu`uu hin danda`u. miseensonni waldaas gooftaa biraa fo`achuuf bikka buufachuu hin dandaa`an. Bulchiinsi Dimookraasii akka biyya lafaatti saba Kanaan buluun isaanii gaarii dha, garuu bulchiinsi akkasii Waldaa Kristiyaanaatiif kan ta`u miti. Inni sadaffaan mootummaan bittaa mootii jala jiraachuu isaan buluu dha. Egaa Bulchiinsi Kristoos akka kana. Mootiin mootummaa isaa keessatti aboo guutuu qaba, mataan mootummaa kanaa isaa dha. Kanaaf Kristoos Mootii mootummaa kanaa, mootii Waldaa Kristiyaanaati bulchaa waldaa kristiyaanaati, Kristoosiif lafa irrattis waaqa irrattis Aboon human waaqummaa kennameeraaf (Maatewos 28:18). Inni mootii keenya bitaa keenya isaaf-is bitamna (Yohaannis 18:37). Nuti mootummmaa isaa keessatti jiraanna

(Maatewos 16:18). Waldaan kristiyaanaa mootummaa Ol irraa mirkanaa`eef kan taate Mootiin ishee bulchu Kristoos kan taatee dha. Kristoos immoo Aboo fi Aangoo guutuu kan qabu mootii Waldaa kristiyaanaati.

2. Dameen mootummaa lafaa maal faa dha? :- Damee isaanii keessa (A) seera baasaa (B) Abbaa murtii (D) Dhimmaa baasaa. Of keessaa qabu. Seera baasaan sun seera biyyattiin ittiin bultu ittiin hoogganamtu warra baasanii seera kana saba ittiin bulu kanaaf akka labsamu godhanii dha. Akkasuma seera baafame kana immoo warra dhimma baasootti dabarsanii kennu, isaan keessa akka muummicha minsteeraa itti gaafataamaa Poolisa walii galaa kkf dha. Kristoos garuu abbaa murtii ti.

3. Mootummaa Kristoos mootummaa bittaa Mootiiti:- Mootummaan Kristoos yookiis waldaan kristiyaanaa fakkeinya sadii`iin bittaa Mootii fakaatti, (A) Seera sana Uume (B). seera sana Hiike (C), Seera sana Raawwate. Kristoos waldaa Kristiyaanaa irratti waan hundumaati, gooftaa gooftolii- ti, Waaqa waaqoliiti, Mootii moototaati.(1 Xiimootewos 6:15). Inni mootii mootota biyya lafaatii (Mul`ata Yohaannis 1:5). Ilmi namaa kam iyyuu fooni- in ka`ee seera Waaqayyoo sana hin Caafne, seerri sun kan Caafame Ha- fuura qulqullutiin geggeeffamaniiti (Yohaannis 16:13). Barsiisni Kristoos gaafa dhumaatti ilma namaa hundatti faraduuf jira (Yohaannis 12:48). Hun- dumti keenya gaafa dhuma firdiidhaaf fuula Kristoos duratti dhihaanna (2 Qorontoos 5:10). Yesuus Gooftaa keenya, Barsiisaa keenya bulchaa keen- ya. Waldaan kristiyaanaa kan kristiyaanonni itti galan mootummaa Kris- toosi (Qolosaayis 1:13) namni gara mootummaa kanaatti dhufu hundi gar- raamummaadhaan keessa jiraata, tajaajilas.

Gaaffii

1. Kan seera hin qabne, jechuun maal jechuu dha?
2. “Of bituu “ jechuun maal jechuudha?
3. Mootii bitaa” jechuun maal jechuudha?
4. Kan seera raaawwatu qaamni mootummaa isa kami?
5. Kan seericha hiiku qaamni mootummaa isa kami?
6. Kan seera baasu qaama mootumma isa kami?
7. 1 Ximootewos 6:15 Waaqayyo inni _____ gararraa jiru warra _____ ta`an irratti inni _____ ta`e.
8. Yhaanis 12:48, Yesuus gaafa dhuma_____ tu farada jedhe
9. Qolosaayis 1:13, inni mootummaa dukkanaa keessaa gara _____ -nu dabarse jedha.
10. Mootummaan Kristoos Diimookraatawaa dhaa?

Barumsa 13
Namoonni maaliif dura bu`oota jala deemu?
Ijoo dubpii

1. Humna Aa`angoo isaanii sodaatanii
2. Badhaasa ykn kennaa argachuuf
3. Fakkeenya isaanii ta`uufi.

1. Humna Aa`ngoo isaanii sodaachuudhaan:- Biyya kam keessatti iyuu namoonni namoonni dura buutota isaanii jala kan deemanifi sababa addaa addaa qabu. Kana keessaa inni tokko humna dura buutotaa sodaachuu irraa kan ka`e jala deemu. Mootiin sodaachisaan yoo jiraate namoonni isa jala deeman sodaatanii dirqisiifamanii akka jala deeman ta`uu danda`u. waan isa sodaataniif jala deemuu diduu hin dandaa`ani. Kirstiyaanummaan garuu Dura buuttonni isaa sodaachisuun dura hin deeman. Waaqayyo namoonni dirqiidhaan akka jala deeman godhee hin beeku. Warri jala deeman fedhii fi filmaata isaaniitiin malee dirqiin miti. Dura buuttonni waldaa kristiyaanaas akkasuma dirqiidhaan of jala hin Oofan. Namni tokko ammam illee yoo humna qabaate waldaa keessatti miseensa waldaa kristiyaanota humnaan dirqisiisuu hin danda`u. eenu iyuu dura bu`aa waldaa Kristiyaanaa kan ta`an humnaan kristiyaanota hoogganuu akka hin yaalle akekkachifna. Namoonni diyaabloosiin sodaachuu danda`u, garuu namoota sodaachuu hin qaban. Yesuus namoota warra foon ajeesan hin sodaatinaa jedheera (Maatewos 10:28). Hooggantoonni biyya lafaa irratti muudaman humnaan bituu in danda`u, Hooggantoonni waldaa kristiyaanaa garuu humnaan bituu hin qaban. Jaalalli dhugaan sodaan keessa jiru (1 Yohaannis 4:18). Waan isa sodaataniif ykn waan isa kabajaniif hoogganaan waldaa kristiyaanaa humnaan bituuf yaaduu hin qabne haa hubatu.

2. Badhaasa ykn kennaa argachuuf :- Namoonni murtaa`an dura buutota jala kan deemanifi Badhaasa argachuudhaaf, dura buutota gammachiisuufi. Namni tokko qajeelfama dura bu`aa isaatii kan ajajamuuf sababni inni tokko isa kana. Beenyaa isaaf kaffalamu barbaada. Ajaja namootaa sirrii ta`us ta`uu baatus warri abboomaman tokko tokko jiru, kun immoo malaammaltummaa jedhama. Akka ofii fedhanitti miindaa argachuuf dura bu`aa jala deemuu malaammaltummaa dha. Kuni biyya lafaa keessatti hojjechuu danda`a, seera amantii keessatti garuu hin ta`u. kennaa kennamu ilaalanii dura buutota jala deemuu qulqullummaa miti. Waaqayyoon hin gammachiisu. Jaarsoliin giddiidhaan utuu hin ta`in jaalalaan akka tiksaa akka Waaqayyo

barbaadutti, malee bu`aa nama Yeellaasisu irraa argachuuf utuu hin ta`in of kennuudhaan eega” jedheera (1 Pheexroos 5:2). Yeroo tokko tokko abbaan qabeenya qabeenya isaatiin waldaa bulchuu yaaduu danda`a. hawwiin isaa kunis sirrii dha jedhee yaada. Sababni isaa horiidhaan waan barbaade hojjechuuf. Kun immoo waldaatiif hin abboomamne. Jaalalli horii waldaa kristiyaanaa irraa fagaachuu qaba. hundee hammeenyaati (1 Ximootewos 6:10). Dura bu`oos duukka bu`oos in balleessa. Warra dandeettii hin qabne akka bulchan godhuu danda`a. karaa akkasiitti dura bu`aa duukka bu`aa ta`uunis hinbarbaachisu.

3. Fakkeenya isaanii ta`uudhaaf:- Waldaa Kristiyaanaa keessatti hooggansa sirrii duukkaa bu`uun barbaachisaa dha. Hooggansi akkasi kaayyoon isaa dura buutota gaggaarii horachuudhaaf gargaara. Hooggansi nama tokkoo haala isaa irratti akka hundaa`u godha. Dabalataanis cimina akka argatan isaan godhuu danda`a. kunis hooggansa Waldaa kristiyaanaa keessatti godhamuuf qooda qaba. kunis barsiisa kennamu hundee godhatee jiraata. Yesuus Kristoos addunya ykn biyya lafaa kana irratti fakkeenya isa duraa kan fakkeenyummaadhaan hiriya hin qabne ta`uu isaa argina. Inni fakkeenya ta`uun isaa dubbachuudhaan isa dubbates hojjechuudhaan akka ta`e caaffanni qulqulluun nutti hima (Hojii Erga.1:1). Nuti wangeelaaf akka abboomamnu hin dirqisiifamne. Ergamoota isaatiifis inni abdii biyya lafaa irratti kana argattu hin jenne, homaas hin kennineef. Yesuus garuu baroota keessatti hoogganaa isa guddaa dha. Inni namoota isa jala deeman isa duukkaa bu`an in jijiira, gara haala ofii isaaniitti isaa fida. Humna fakkeenya ta`uun qabu Yesuus keessatti argina. Kanaaf dura buutota fakkaachuun warra dhugaadhaan dura buutota ta`an fakkaachuun akka isaaniittis hojjechuun bu`aa qaba.

Gaaffilee

1. Kristoos namoonni akka duukka buutuu isaa ta`an in dirqisiisaa?
2. Maatewos 10:28, Kan sodaachuu qabdan _____ jedha
3. 1 Yohaannis 4:18, _____ baasee _____
4. 1 Pheexroos 5:2, jaalalaan malee _____ hin _____ jedha.
5. 1 Ximotewos 6:10, _____ jaallachuun _____ ti
6. Dura bu`aa tokko ta`uuf yaaluun maaliin ibsama?
7. Hojii erga. 1:1 Yesuus kan inni _____ fi _____ siif caafe
8. Biyya lafaa irratti dura bu`aan guddaan eenyu?
9. Waldaa kristiyaanaatiin ala amanatummaan barbaachisaa dhaa?
10. Dura buutotaa jala deemuun sababa maaliifaa qaba?

Barumsa 14

Waldaa keessatti fakkeenyummaan maaliif barbaachise? Ijoo dubbii

1. Hiikkaa fakkeenyatiifi
2. Fakkeenyummaan waan barbaachiseef
3. Humna fakkeenyummaatiifi

1. Hiikkaa fakkeenyaa:- Fakkeenyi, bifa yookaan agarsiisaa jedhamuu danda`a. fakkeenyi jechuun isa afaniin dubbatamu caalaa waan sana ibsuu danda`a. waan sana ilaalanii namoonni jala deemuu fi simachuu jaallachuu akka danda`an godha. Kristoos akka isa fakkaannuuf fakkeenyi nuuf dhii-seera. (1 Pheexroos 2:21). Yesuus karaa nuti irra deemuu qabnu mijeessuuf waan baayyee keessa darbeera. Karaa irra deemuu qabnu beekuun nuuf salphaadha, sababni isaa fakkeenyi nuu ta`eera waan ta`eef. Fakkeenyi yookan bifa, yookaan fakkaattii agarsiisa jedhamuu danda`a. namni daldalli tokko qodaa isaa yookaan meeshaa isaa isa gurguruu barbaadu dura keessaa fuud-hee qulqulleessee namootatti agarsiisa, namoonni isa arganii nuuf fidi jedhanii irraa bitu. Namoonni akka isa irraa bitaniif dirqisiisuu hin danda`u garuu qodaa isaa agarsiisuudhaan faayidaa qodaa Sanaa jabina qodaa Sanaa seenaa hunda dubbatee akka bitaniif harkisuu amansiisuu danda`a. kristiyaanummaanis akkasuma Namoota gara Kristoositti fiduudhaaf waa`ee Kristoos sirriitti ibsuu, ofi keenyaafis mallattoo isa mullisu of irraa qabaa-chuu qabna. Fakkeenyi dhiaatu gaariis gadhees ta`uu danda`a, Macaafni qulqulluun fakkeenyi gadhee keessaa Sodoomii Fi Gamooraanuuf kaa`eera (Yihudaa 7). Waaqayyo waan hamaa irratti fakkeenyi haaloo ba`aa ta`uu isaa achi irratti in argina. Kan Abboomamuu didan Israa`eloonni waan isaan irra ga`eef amma nuuf fakkeenyi ta`aniiru. (1 Qorontos 10:6,11). Fakkeenyi egaa gaariis gadhees ta`ee waan ta`e waan jiru agarsiisuu danda`a. fakkeenyi gaariin waldaa kristiyaanaa keessatti baayyee barbaachisaa dha. Sababni isaa jala deemuuuf fakkaachuuf salphaa ta`a.

2. Fakkeenyi barbaachisaa waan ta`eefi:- Waldaa Kristoos keessatti fakkeenyi gaariin baayyee barbaachisaa dha. Waaqayyo fakkeenyi gaariin biyya lafaatiif barbaachisaa waan ta`eef tokkicha ilma isaa kenneera. Waaqayyo jaarrroota baayyeedhaaf ilmaan namma wajjin jiraateera, garuu Waaqayyoo fi ilmaan namma gidduu walqunnamtiin gaariin akka jiraatuuf kan dhufe Kristoosiini. Biyyi lafaa jaarrroota baayyee darban keessatti barsiisota gur-guddoo hayyoota gurguddoo baayyeen dhufanii darbaniiru, garuu barsiisa sirrii kan qajeelinaa kan barsiise Kristoos duwwaadha. Biyyi lafaa amma illee

barachuudhaaf, barumsa arguudhaaf dhaga`uudhaafis hawwii guddaa dheebuu guddaa qaba. barsiisa Kristoosiin argachuudhaafis kan dheebotan kan baratanis baayyeedha, garuu akka barsiisa sanaatti kan jiraatu argachuun garuu cinqii dha. Phaawloos Xiimooteewosiin barsiisa isaa kanatti akka jiraatee ofii isaa fi warra isa dhagaa`ani fayyisuuf dhaameera. (1 Ximooteewos 4:16). Waldaa kristiyaanaa keessatti dura bu`aa ta`uu kan barbaadan baayyeedha, fakkeenya ta`uu kan barbaadan garuu xiqqoo dha. Waldaa keessattis ta`ee alatti fedhiin bsaayyeedha (1 Ximooteewos 4:12). Biyyi lafaas Dura buutotaa fakkeenya gaarii ta`an in barbaaddi, waldaan kristiyaanaas akkasuma dura buutota fakkeenya ta`an barbaaddi.

3. Humna fakkeenyummatiif:- humni fakkeenyummaa hafuuraa baayyee barbaachisaa dha. Sababa humna fakkeenyummaatiif fakkeenyummaan sirrii barbaachisaa dha. Phaawloos lallaba isaa fi barsiisa isaa keessatti hafuura Waaqayyoo malee ogummaa namaa miti jedha (1 Qorontos 2:4). Qoodni Phaawloos humna qaba sababni isaa inni fakkeenya gaarii dha. Fakkeenyi gaariin du`a booddee illee in barsiifama, Abeel fakkeenya gaarii ta`uu isaa Caaffanni nutti hima (Ibroota 11:4). Abrahaam, Heenook, Iyyasuuun kkf ofii isaaniitii waan dubbatan hin qaban garuu fakkeeni isaanii amma illee in dubbatama. Isaan waa`ee isaanii utuu hin dubbatin hojiin isaanii fakkeenya ta`ee himamaa jira. Amma bara kana Waldaa kristiyaanaa keessatti warra dubbatuu fi warri hin dubbanne baayyeedha, waa`ee mataa isaanii dubbachuun dadhabina guddaa dha. Kan dubbatu caalaa kan waan dubbate sana hojjetuuf ulfinni ta`a. namni hojiin agarsiisu humna isaatu dhiibbaa uumee waan inni hojjete agarsiisa. Yesuus hojii isaatiin jaarraa 21 keessaatti namoota isa jala deeman isa fakkaachuus barbaadan baayyee horateera. Warra beb-beekkamoo hunda caalaa addunyaa jijiireera. Lolli mootonni gurguddoon kufaniiru, irraanfatamaniirus garuu dhiibbaa Kristoos gaaromminaan hojjete barootaaf jiraachaa jira. Akka Kristoositti cubbuu irraa namoota deebisuudhaaf kan hojjete tokko illee hin jiru. Fakkeenya gaarii ta`uun waldaa Kristiyaanaa keessatti baayyee barbaachisaa dha.

Gaaffilee

1. 1 Pheexroos 2:21, Yesuus isa duukkaa akka buunuuf _____ nuuf dhiiseera.
2. Fakkeenyotaakkamakkamiitu jiru? _____ -
3. 1 Ximooteewos 4:16 _____ fi barumsa keetiif of eeggadhu
4. Fakkeenya ta`uun Horii caalaa humna qabaa ? _____
5. 2 Qorontos 2:4, lallabni Phaawloos _____ ture

6. Ibroota 11:4, Abeel du`ee illee_____
7. Biyya lafaa irratti fakkeenyi guddaan eenu?_____
8. Fakkeenyummaa kan ibsan jechoota lama barreessi
9. Ibroonni 4:11 fakkeenya _____ ibsa.
10. Lafa onaa kan turan Israa`eloonni nuuf fakkeenya ta`uu?

Barumsa 15

Waldaa keessatti fakkeenya kan ta`an eenu faadha? Ijoo dubbii

1. Kristoos
2. Jaarsolii waldaa fi Diyaaqonoota
3. Wangeelaawwota
4. Maatii
5. Walga`ii amantootaa
6. Tokkoo tokkoo miseensotaa

Marii

1. Kristoos :- Macaafni Qulqulluun tokkoo tokkoon dura buutotaa fi misseensontaa akkamitti fakkeenya akka ta`uu qaban in barsiisa. Kristiyaanoni biyya lafaa irratti kan isaan ittiin beekkaman sanyii, gosa, yookaan bee-kumsa isaaniitiin fakkeenya ta`u utuu hin taane, hojii haala amala isaaniitiin fakkeenya ta`u. yesuus kristiyaanoni maal gochuu akka qaban dubbateera agarsiiseeraas. (Hojii Ergamootaa 1:1). Akka isa hordofnuufis fakkeenya nuuf dhiiseera (1 Pheexroos 2:21). Inni dadhabbii keenya kan fudhate luba guddaa keenya. Inni akkuma keenyattis qorameera. In qorame malee inni cubbuu irraa wallaba ture (Ibroota 4:15). Inni hoolota isaa in hoofa utuu hin taane in tiksa ture. (1 Pheexroos 5:5). Bara Yesuus jiru sana tikseen hoolotaa hoolota isaanii wajjin walitti dhihoo turan. Wal irraa hin fagaatani. Tokkoo tokkoo hoolaa isaanii in beeku. Hoolota isaaniis in jaallatu. Hoolonni isaaniis foolii eegduu isaanii in beeku isaa wajjinis in jiraatu. Tikseenis yeroo hundumaa hoolota isaa dura bu`ee of jala oofa. Karaa isaan irra deemuu qabanis dura deemee agarsiisa. Isaanis karaa isaa irra adeemu. Kristooss tiksee akkasiiti. Kristiyaanotaafis tiksee akkasiitu barbaachisa.

2. Jaarsolii waldaa fi Diyaaqonoota :- Jaarsolii fi Diyaaqonoonni waldaa kristiyaanotaaf waldaadhaaf barbaachisoo waan ta`aniif fakkeenya gaa-rii ta`uun irraa in eeggama. Jaarsoliin waldaa Efeesoon ofii fi miseensotaaf akka og eeggatan yaadachiifamaniiru. (Hojii Ergamootaa 20:28). 1 Pheexroos 5:3 irratti hoolota jaalalaan malee giddiidhaan akka hin hoogganne dubat-

ameera. Ulaagaan Jaarsolii waldaa, Diyaaqonoonni waldaa Miseensaaf fakkeenya ta`uu qabu. Diyaaqonoonni warra amanamoo warra hafuura qulquluutiin guutaman, warra fo`amanii amanamummaan isaanii dhuga ba`insa argate ta`uun caafameera. (Hojii Ergamootaa 6:3). Diyaaqonoonni duraan dursanii kan qoramanii ilaalaman ta`uu qabu. (1 Xiimotewos 3:10). Jaarsolii fi Diyaaqonoonni kan fo`aman haala Kanaan malee ulaagaan biraan hin jiru, yeroo kana miseensis isaan jala deemuuf in gammadu, fakkeenya gaariis waan ta`aniif. Mootummaan Waaqayyo fakkeenya ta`uu irratti kan xiyyeef-fateedha. Jaarsi waldaa duraan dursee mana isaa bulchuuf nama danda`u ta`uu qaba, namni maatii isaa bulchu hin dandeenye waldaa Waaqayyoo bulchuu hin danda`u.(Ximotewos 3:4-5). Akkasumas warra waldaa ala jiran biratti dhugaa ba`insa gaarii qabaachuu qaba. (1 Xiimoontewos 3:7). Jaarsolii fi Diyaaqonoonni fakkeenya gaarii ta`uu qabu.

3. Wangeelaawwota :- Kan biraan miseensotaaf fakkeenya ta`uu kan qabu Lallabaa wangeelaati."Fakkeenya ta`I" jedhameera (1Xiimoontewos 4:12). Dubbiidhaanis, hojiidhaanis jirenyaanis, hafuuraanis, amantii fi qulqullinaan fakkeenya ta`uu qaban. Phaawloos mataa isaa fi Barsiisa isaatiif akka of eeggatu itti himeera (1 Ximootewos 4:16). Fakkeenya barbaachisaa dhiisee fi Akkasumas barsiisuudhaan warra isa dhagaa`an fayyisuu qaba. haa ta`u malee fakkeenya gaarii yoo hin qabaanne, barsiini gaariinis yoo hin jiraanne warra isa dhagaa`anis fayyisuu hin danda`u. Phaawloos warra Tasaloonqeetiin akkas jedhe " Nuyi yommuu isin bira turre, hojjechuu dhiifnee dhibaummaatti hin jiraanne, isinis fakkeenya keenya duukkaa bu`uun ham-mam barbaachisaa akka ta`e ofi keessanii iyyuu in beektu" (2 Tasaloonqee 3:7). Phhawlos fakkeenya gaarii ta`uu isaas himeera. (Lakk.9). wangeelaaw-wonni fakkeenya gaarii ta`anii waldaa keessatti mullachuu qabu.

4. Maatii :- Abbaa fi haati ijoollee isaaniitiif fakkeenya ta`uu qabu.lalla-baan wangeelaa dargaggeessi Ximootewos fakkeenya kan ta`aniif Haadhaa fi Akkoo qaba ture (2 Ximotewos 1:5). Ilmaan waan warri isaanii hojjetan hunda in argu, in beeku, kanaaf fakkeenya gaarii akka ta`antu barbaadama. Hafuuraanis guddisuun irraa barbaadama. Warri waldaa Kristiyaanaa kees-sattis fakkeenya ta`uudhaan in mullatu.

5. Walga`ii waldaa:- walga`in waldaa namootaaf gaariis ta`e hamaad-haan fakkeenya ta`uu danda`u. warri Tasaloonqee warra naannoo isaaniitiif fakkeenya gaarii turan (1 Tasalonqee 1:5). Waldaan kristiyaanaa dadhaboon waldaa kristiyaanaa jaboo irraa barnoota fudhatanii jijiiramuu qabu. Yesuus barsiisa isaa gaara irratti magaalaan tulluu irra jirtu dhokachuu hin dandeessu jedheera (Maatewos 5:14). Tokkoo tokkoon kristiyaanaa ifaa dha,

zeroo walitti qabaman immoo isaa ifaa calaqqisaa ta`u jechuu dha. Fagoo irraas in mullatu.

6. Tokkoo tokkoo miseensaa :- hundumti miseensaa akka barbaachisutti yoo ifuudhaa baate, ifa kennuun in ulfaata. Yesuus ifaan keessan namoota duratti haa ifu jedhe (Maatewos 5:16). Jireenyi kristiyaanotaa namoota duratti kan mullatuu fi kan dubbifamuu dha (1 Qorontos 3:3). Kanaaf iyyuu jirenya Kristoos fakkaachuudhaaf tokkoo tokkoon miseensaa tattaaffii god-huu qaba.

Gaaffilee

1. Ibroota 4:15 akkas jedha “Yesuus_____ guddaa dha
2. 1 Pheexros 5:4 kan jedhu Kristoos_____ dha.
3. Hojii Erg 20:28, Jaarsoliin _____-akka eeggatan
4. 1 Phexroos 5:3, Jaarsoliin Hoolotaaf_____ -jedhaman
5. Diyaaqonoonni fakkeenya ta`u qabu kan jedhu luqqisa 1 kenni
6. 1 Ximotewos 3:7 jaarsoliin _____ irraa maqaa gaarii qabaa-chuu qabu.
7. 1 Xiimotewos 4:12 _____-of eeggadhu
8. 1 Ximotewos 4:16, lameen inni eeggadhu jedhe maalfaa dha?
9. 2 Ximotewos Haati isaa fi akkoon isaa _____ qabu turan
10. Walga`iin waldaa fakkeenya ta`uu qabu kan jedhu luqqisa 2 kenni.

Barumsa 16

Waldaa kristiyaanaa keessatti itti gaafatama kan qaban Ijoo dubpii

1. Jaarsolii waldaa
2. Diyaaqonoota
3. Wangeelaawwota

Marii

1. Jaarsolii waldaa :- Amma Waldaa kristiyaanaa keessatti ga`ee hojii jaarsolii ilaalluu yaalla. Qu`annaa keenya keessatti adaraa 1 Ximotewos 3:1, jecha kana sirriitti hubadhu “Namni ilaaltuu_hojii waldaa kristiyaanaa ta`uu fedhu, hojii ba`eessa hawwa” inni jedhu dubpii amanamaa dha” (1 Ximotewos 3:1). Jechi kun kan hiikamu biro jiran kan ilaallatuu dha. Biiroon waldaa kristiyaanaa keessa jiru, kan hojii fi kan itti gaafatamaati. Namoonni baayyeen biiroo waldaa kristiyaanaa biiroo biyya lafaa wajjin walfakteessanii ilaalu. Biroon biyya lafaa kan malaammaltummaa dhaan qabamee dha, kan

loogiinis keessa jiruudha. Hojjetoonni waldaa kristiyaanaa keessatti hojjettan akka nama dhadhaa meexxii wajjin hojjetaniiti. Namni tokko muka meexxii sana irratti ba`ee ija isaa guuruuf dhadhaa isaa argachuuf dirqama. Achii ija sana cuunfee dhadhaa keessaa baasu. Kan muka sana irratti ba`ee ija gurus kan ija sana cuunfee dhadhaa keessaa baasus qooda qooda isaanii ba`uuf jiru. Hundinuu hinaaffaadhaan tattaaffii dhanias hojjetu. Akkuma kanatti Jaarsoliin ga`ee isaanii, Diyaaqonoonni ga`ee isaanii, wangeelaawwonnis ga`ee isaanii ba`uu qabu. Hiikkaan biiroo waldaa kristiyaanaa kanuma. (1 Pheexroos 5:2). Ilaaltuu (Hojii Erga. 20:28). Isaan lubbuu miseensaa eeguuf bikka bu`oota ta`aniiru (Ibroota 13:17). Eegduu hoolta hafuuraati.

2. Diyaaqonoota :- Diyaaqonoonni tajaajiltoota waldaa kristiyaanaati.” “Diyaaqon” jech jedhu “Tajaajilaa tokko” jechuudha. Ammam illee miseensi waldaa hundi gaggaarii ta`an iyyuu Diyaaqonoonni garuu fedhii waldaa kristiyaanaa guutuuf dandeettii qabu. Yeruusaalemitti tajaajila maaddiitiif akka ta`uuf jedhamee warra rakkina keessa jiran akka to`ataniif kan fo`aman diyaaqonootaaf kennname (Hojii Ergamootaa 6:1-6). Diyaaqonoonni hundi waldaa kristiyaanaa keessatti kabajaa qabu turan. (1 Ximotewos 3:8-13). Akka caaffataatti jaarsolii fi diyaaqonoonni waldaa duwwatu biiroo qabu. Dhaabbota amantaa keessatti garuu biiroo baayyeetu jira. Isaan kunis itti gaafatama baayyee, biiroo baayyee dha garuu caaffata kakuu haaraa keessatti kan hin caafamne, kan hin abboomamneedha. Kana huabachuudhaa Filiphisyus 1:1 ilaluu ykn dubbifachuudha.

3. Wangeelaawwota :- Wangeelaawwii jechuun kan bitu utuu hin ta`in itti gaafatama wangeela lallabuutiin kan hojjetuu dha. Phaawloos Ximoote-wosiin hojii wangeelaawwii itti himeera (2 Ximotewos 4:5). Wangeelaawwiin lallabaa wangeelaati. Hojiin isaa addaa bakkeettis wangeela lallabuudha, wangeela barsiisuu dha. Waldaan Filiphisyus jaarsolii fi Diyaaqonoota qabaattus Ximotewos akka tajaajiluuf ergameera. (Filiphisyus 2:19). Wangeelaawwoni akkuma miseensotaa Jaarsolii jalatti bulu, jaarsolii waldaas kabajuu qabu. (1 Ximotewos 5:17). Aboon Lallabaa wangeelaa garuu jaarsolii utuu hin ta`in, dubbii sagalee Waaqayyooti. Akka dubbii Waaqayyooti jaarsoliin gadidhiisiitti jiraatan garuu ifatamuu qabu. (1 Ximotewos 5:19-20). Waaqayyo waldaa kristiyaanaa keessatti jaarsoliif, diyaaqonootaaf, wangeelaawwotaaf iddo qaba. hundumtuu iddo isaaf kennamett dandadainyaa fi tattaaffii gochuu qaba. hundumtuu bu`aa buusuudaaf itti gaafatama isaa hundumaa beekuu qaba. 1Jaarsolii fi Diyaaqonootaaf malee biiroon biraa waldaa kristiyaanaa keessa jiraachuu hin qabu. Wangeelaawwii kam illee ittigaafatama jaarsolii fudhachuuf hin barbaadin. Garuu namoota ykn miseensota jiran

iddoo isaanii akka beekaniif barsiisuu qabu. Achii booda hundumtuu waan hojjechuu danda`u haa hojjetu.

Gaaffilee

1. 1 Ximotewos 3:1, eenyuiyyuilaaltuuta `uuyoo fedhe _____
2. Filiphisiyus 1:1, Waldaa kristiyaanaa keessatti biroon lamaan jiran fi _____ ---
3. Ibroota 13:17 jaarsoliin waldaa kristiyaanaa _____ dhama `u.
4. Jechi diyaqaqonii jedhu _____ jechuudha.
5. 2 Ximotewos 4:5 kan Ximotewos ajajame _____ fi _____ dha
6. 1 Phexros 5:1-2 ilaaltuu waldaa kristiyaanaa _____ jedha-mu.
7. Waldaa kristiyaanaa keessatti dura buutonni akka meexxiiti
8. 1 Ximotewos 3:13 waa `ee Diyaqaqonummaa _____ -jed-ha.
9. Waa `ee hojii Diyaqaqonoota duraa kan dubbatu boqonnaa kami?
10. Wangeelaawwonni jaarsolii jalatti buluu?

Barumsa 17

Jaarsoliin maqaa biraan maal jedhamu?

Ijoo dubbii

1. Jaarsolii
2. Maanguddoota
3. Ilaaltuu
4. Eegduu
5. Luboota
6. Tikoota

1. Jaarsolii :- Waldaa kristiyaanaa keessa kan jiran jaarsoliin maqaalee addaa addaa qabu. Tokkoon tokkoon isaanii hiikkaa faayidaa qabu qabu. Hiikkaa tokkoo tokkoo isaanii qu`achaa waa `ee biirota yookaan itti gaafat-ama isaanii barachuun in dandaa`ama. Kan baayyee beekkamu “Jaarsolii” yookaan “Maanguddoota waldaa” isa jedhuudha. “Jaarsa” jechi jedhu nama umuriin guddaa jechuu dha. Kunis Amantii fi wagga dhaloota isaatiin kan guddate jechuu dha. Jaarsoliin warra baratee fi bilchaatee dha. Akkasumas isaan kristiyaanota muuxannoo qabanii dha. Kristiyaanni haaronni jaarsa waldaa ta`uu hin dandaa`ani (1 Xiimotewos 3:6). Namni tokko umuridhaan jaarsa nama guddaa ta`eef Jaarsa Waldaa ta`ee fo`ama jechuu miti. Inni misseensa waldaati. Macaafni qulqulluun Phaawloos Efeesoonitti jaarsolii wal-

daa waamuu isaa dubbata (Hojii Erga. 20:17). Mandaroota baayyee keessatti jaarsoliin fo`amaniiru (Hojii Erga. 14:23). Tiitoon jaarsolii akka fo`uuf Qarxeesitti hafe (Tiitoo 1:5). Jarri kun warra umuriin guddate, warra hafuuraan bilchaate, warra amanamoo jechuu dha.

2. Maanguddoota :- kunis jaarsolii wajjin hiikkaa tokko qabu.jechi kun kan barreeffame 1 Xiimotewos 4:14 irratti qofa caafame kunis ilaaltuu ykn jaarsolii waldaa isa jedhuu wajjin tokko ta`uu isaa hubachuun barbaachisaa dha.

3. Ilaaltuu :- kan biraa jechi jaarsoliif kennname “Ilaaltuu” kan jedhuu dha, kunis warra to`atu jechuu dha. (1 Ximoontewos 3:1-2, Tiitoo 1:7, Filiphisus 1:1). Kristoos ilaaltuu lubbuu keenyaa jedhameera (1 Phexroos 2:25).

4. Eegduu :- kunis akkuma Illaltotaati. Kunis nageenya fi dhimma waldaa kristiyaanaa irratti eegduu ilaaltuu ta`uu isaaniiti, kunis jaarsoliidhaaf maqaa kennname keessaa isa tokkoodha. Hojii ergamootaa 20:28 irratti ha-fuurri qulqulluun Waldaa Efeesooniif Eegduu godhee akka muude dubba-ta. Kunis warra barsiisota sobduu irraa akka hoolota kana eeganiif muuda-muu isaanii hima. Lakkoofsa 29 fi 30 irratti ilaaltuu akka ta`an gooftaadhaan fo`amuu isaanii hima.

5. Luboota (eegdota) kunis kanuma jaarsoliif kennname yeroo ta`u kuni Efeesoon 4:11 irratti caafamee jira. Saba Israa`el irratti dura buutuu ha-fuuraati (Ermiyaas 2:8). Warra hoolota waaqayyoo akka badan godhan irratti abaarsi waamameera (Ermiyaas 23:1-7). Luboonni maqaa jaarsoliin ittiin waamaman keessaa isa tokko yeroo ta`u waldaa keessatti lamaa fi Sanaa ol ta`uu qabu.

6. Tiksee :- kunis maanguddoo isa jedhu ykn jaarsolii isa jedhuu wajjin tokkuma. Ergamaan gooftaa Pheexroos akkas akka isaan jaalalaan malee humnaan goftummaadhaan hin eegne, yoo kana godhan garuu angafni tik-sootaa gaafa dhufu akka adabu barreesee erga (1 Pheexroos 5:1-4). Kanaaf iyyuu eedonni ykn tiksoonni Kristoos isa angafa tiksootaa ta`e jalatti jiraa-chuu isaanii mullisa. Akkuma beekkamu tikseen hoolota isaa in eega in bob-baasaa in jaallatas in kunuunsa in guddisa (Faarfannaa 23). Yeroo hundumaa dura bu`ee agarsiisa malee booddee goree oofa miti. Rakkoo tokkoo tokkoo hoolaa isaanii beeku, in kunuunsu, in nyaachisu, in eegu, in galchu in baasus. Tikseen hoolaan tokko yoo jalaa bade isa bade argachuudhaaf rakkoo baayy-eetu isaan mudata. Kanaaf iyyuu ga`een jaarsolii tiksootaa jedhu kun maal akka ta`e hubannoo arganneera jechuu dha.

Gaaffilee

1. Jaarsoliin waldaa maqaa meeqa qabu?
2. Jaarsa waldaa jechuun maal jechuu dha?
3. Hojii ergam. 20:17 irratti Phaawloos maal jedhee waame?
4. Hojii erg. 14:23 waldaa kristyaanaa keessatti erga _____ boo-da adaraa _____ -kennan
5. 1 Ximotewos 4:14 kan jedhu _____ -
6. 1 Ximotewos 3:1 eenyu illee _____ yo barbaade _____ -fed-ha
7. Ilaaltuu fi tikseen maqaa tokko qabuu?
8. Lamaan ilaaltuu kan jedhu maalii fi maali?
9. Efeesoon 4:11, jaarsolii _____ jedhee waame
10. Waldaa Kristiyaanaa keessa jaarsolii meeqatu jira?

Barumsa 18

Yeroo baayyee wanta jaarsoliif hin galle Ijoo dubbii

1. Maqaan jahan namuma tokko ilaallatu.
2. Waldaa keessatti Jaarsoliin tokkoo ol ta`uu qabu.
3. Jaarsoliin hundi aboo walqixa ta`e qabu.

1. Maqaan Jahan namuma tokko ilaallatu:- Maqooliin jahan hundinuu namuma tokkoof hoijetu. waa`ee jaarsolii waldaa ilaalchisee, walii galuu baayyeen Uumameera. Garuu jahan maqootaa hundi nama tokkoof ta`uun yeroo ubatamuu mo`ichatu ta`u. waldaa dhaabbolii amantaa keessatti Lubootnis jaarsoliinis kOPHA kOPHAATTI fo`amanii jiru. Darbees Eegdonni ilaaltunis kOPHAATTI jiru. Garuu akka barumsa 17 irratti qua`annetti maqooliin jahan hundumtuu hoolota sana eeguuf, tiksuum, ilaaluuf kan fo`amanii dha. Hojii Ergamootaa 20:17 irratti Phaawloos jaarsolii jedhee waameera, lakoofsa 20 irratti immoo ilaaltuu jedhamaniiru. Kun egaa maquma addaa addaa nama tokkoof kennamedha. 1 Pheexroos 5 dubbifachuun raga dha. 5:1 fi 5:2 irratti ilaalconni jaarsoliin kun hoolota akka nyaachisaniifi.

2. Waldaa kristyaanaa keessatti Jaarsoliin tokkoo ol ta`uu qabu:- kan biraa immoo waldoota dhaaba amantaa keessatti Luba tokko akkasumas Jaarsa waldaa tokkoon hoogganamaa jiru. Waldaa kakuu haaraa keessatti lubni yookaan jaarsi waldaa lama yookaan Sanaa olm alee nama tokkoon hin geggeeffamne. Hojii ergamootaa 14:23, “Jaarsolii” jedhamaniiru. Tiitoo

1:5, Jaarsolii akka filuuf Qarxeesitti hafe. Filiphisiyuus 1:1, Jaarsolii jedhamaniiru. Kanaaf Jaarsa utuu hin ta`in Jaarsolii jedhamaniiru. Kun immoo baayyina yookaan tokkoo ol ta`uu isaanii mirkaneessa. Nama tokko duwaadhaan waldaa kristiyaanaa yoo hogganamte namni sun dhiibbaa fiduu danda`a, ol aa`antummaa agarsiisuu danda`a. kristoos immoo eenu illee akka ol`aantummaatti akka of ilaalu hin barbaadu. Gareen jaarsolii waldaa waldaa Kristiyaanaa akka jaalalaan hooggananiifi. Waldaa kristiyaanaa jaarsolii dandeettii qaban ykn ulaagaa guutan hin qabdu yoo taate amma jaarsi kana guutuu danda`u argamutti eeguu qabdi, malee jaarsa tokkoon hoogganamuu hin qabdu. Jaarsolii lama kan qabdu waldaan kristiyaanaa tokko yoo du`e, inni hafe sun Jaarsummaa waldaa gadi dhiisee miseensa ta`ee jiraachuu qaba. yeroo hundumaa waldaan kristiyaanaa jaarsolii waldaa tokkoo ol qabaachuu qabdi.

3. Waldaa kristiyaanaa keessatti jaarsoliin aboo walqixa qabu:- dogoggoorri bira waldaa kristiyaanaa keessatti godhamu keessaa inni tokko Jaarsolii waldaa keessaa inni tokko Ol aa`antummaa agarsiisuu, Angafa warra kaanii ta`ee ilaalamuu dha. Inni akkasii kun waldaa kristyaanaa durii san keessatti godhameetu Phaaphaasi godhuudhaan Amantaa kaatoliikii uuma-meera. 1ffaa Pheexroos 5:4 irratti “Angafa Tiksootaa” kan jedhame Yesuus duwwaadha. 1 Pheexroos 5:25 irratti kristoosiin “Luba tiksee lubbuu keen-ya” jedhameera. kana irraa kan hafe iddo tokkotti illee Phaaphaas kan jedhamu hin caafamne. Pheexroos ofii isaa dabalatee “Jaarsolii” jedhee waama 1 Pheexroos 5:1, jaarsoliin kristiyaanaa haaraa yoo ta`an akka diyaabloosi in in qoramneef of tuultota fluun akka hin barbaachifne dubbatameera (1 Ximotewos 3:6) Seexaanni Jaarsolii of tuulchisuudhaan itti gammada. Boonni of tuuluun immoo bulchiinsa sana balleessuu danda`a. kanaaf iyyuu waldaa kristiyaanaa keessatti jaarsoliin hundi aboo walqixa ta`e qabu. Eenu illee kan caalu hin jiru.

Gaaffilee

1. Maqoolii jahan keessatti biiroo meeqatu jira?
2. Maqooliin jahan tokkoon tokkoon isaanii gare_____ fi _____ qabu.
3. Kan maqaan sana walitti qabe waamu luqqisa himi
4. Hojiierg. 14:23 _____ kanfo`aman _____ hundumaani.
5. Tiitoo 1:5, _____ -akka fo`amaniif _____ jedha
6. Filiphisyus 1:1 Phaawloos _____ jedhee caafe.
7. Namni tokko Jaarsa waldaa ta`ee kophaa fo`amuu danda`aa?

8. 1 Phexroos 2:25, kan jedhu Kristoos _____ lubbuu keenyaati.
9. Caaffanni qulqulluun waa`ee “ Phaaphaasi” in dubbataa?
10. 1 Ximotewos 3:6, Akeekkachiisa waa`ee _____ kenna.

Barumsa 19

Waldaan Dhaaba Amantaa akkamitti waldaa balleessu? Ijoo dubpii

1. Akeeka Waaqayyoo caalaa yaada namaa ordofuu
2. Waldoota of danda`an bulchuudhaaf duuba deemuu
3. Aboo fi biirroo caaffanni hin jenne fayyadamuu
4. Biirroo caaffanni jedhu jijjiiruu

Marii

1. Akeeka Waaqayyo caalaa yaada namaa ordofuu:- barumsa kanaa fi isa itti aa`anu keessatti waldaan kristiyaanaa akkamitti akka babbddu qu`anna. Ammaaf akkamitti waldaan dhaabboliin amantaa waldaa kristiyaanaa akka balleessan ilaalla. Barumsa itti aa`anu irratti immoo waldaan kristoos akkamitti akka balleessan ilaalla. Badiin hundinuu kan uumamuuf aboo caaffata qulqulluu dhiisanii aboo yaada namaa ordofuu irraa kan ka`ee dha. Rakkoon isaanii inni guddaan Katikism ordofuu irraati. Katiksm inni jedhamu Waan caffanni hin jedhe hayyamuu irratti kan hundaa`ee dha. Garuu waldaa kristiyaanaa keessati aboo caaffata qulqulluu duwwatu kabajamuu qaba. waan gaariis kan godhuun dandaa`amu karaa kana duwwaadha. Kana ta`uu baannaan jijjiiramni tokko illee hin dhufu. Kristiyaanonni hojji gaa-riidhaaf kan kophaa`uu qabanii dha (2 Ximotewos 3:17). Kanaaf aboon caaffataa kabajamuu qaba.

2. Waldoolii of danda`an bulchuuf booda deemuu:- rakkinni dhaaba amantaa tokko immoo bulchiinsa waldoolii xixiqqoo kabajuu dhiisuu fi dh-aqanii irratti aboo godhachuu yaaluudha. Akka akeeka gooftaatti tokkoon tokkoon waldaa kristiyaanaa ofii isaatiif of bulchee bilisa akka ta`uufi. Irra guddaan dhaaba amantaa waldaan ofin of bulchu hin qaban, waldaan tokko waldoota baayyee hooggana, waldaanis murtii isaanii eggatti, garuu Kristoos barumsa isaa irra akka hin darbine akeekkachiiseera (2 Yohaannis 9-10). Kanaaf iyyuu akka barsiisa isaatti buluu malee waan hin caafaminiin deemuu dogoggora. Jaarmiyaa waldaa isa caaffanni barsiisuun yoo deemne waldoiilin hundinuu mataa mataa isaaniitiin of danda`u of bulchuu ofin murteeffachuu qabu. Kana bira darbanii Aa`anaa fi Sinoodoosii jechuun

barsiisa Kristoos miti. Wanti akkasii akeeka Kristoos waldaa kristiyaanaatiif qabu balleessa.

3. Aboo fi biiroo caaffanni qulqulluun hin jennee fayyadamuu:- Akka 1 Pheexroos 4:11, irratti jedhametti kan dubbatu akka sagalee dubbii Waaqayyootti haa dubbatuu qaba. Kunis waa`ee Caaffata qulqulluu akka caaffata qulqulluutti hojjechuu, waan caaffanni qulqulluun waame akka caaffanni waametti waamuu dha. Mullata Yohaannis 22:18-19, Yoo dubbii caaffanni qulqulluun jedhe irratti dabalan abaarsi jiraachuu akekkachiifameera. Kana waan ta`eef tokkoo tokkoon waldaa kristiyaanaa akka caaffataatti deemuu qabu. Dura buutonni waldaa kristiyaanaa akka caaffanni qulqulluun jedhutti waamamuu qabu. Garuu baayyeen waldaa dhaaba amantaa biiroolee fi aboo caaffanni qulqulluu hin jenne uumuu waamuutti jiru. Kun immoo wantoota yaada namootaatiin uumamanii dha malee akka caaffataa miti. Kan Akka Phaaphaasii, Angafa Phaaphaasii jechi jedhu caaffata keessa hin jiran, kana jechuun dubbii caaffata qulqulluu irratti dabalameera jechuudha. Maqaaleen caaffata qulqulluu keessa hin jirree amma dhiifamutti waldaan haaromuu hin dandeessu.

4. Biiroo caaffanni qulqulluun dubbatu jijjiiruu:- Rakkinni inni waldaa kristiyaanaa balleessu inni afraffaan immoo maqaa caaffanni jedhu jijjiiruu dha. Kunis maqaa waldoonni dhaaba amantaa itti fayyadaman kaan caaffata irra hin jiran warri jiranis hojniin isaanii akka caaffata irratti hojjetameen ala ta`ee mullataa jira. Qaroomina jedhanii lubni tokko yookaan dura buutuun tokko waldaa tokkoo ol bulchuun caaffata qulqulluun kan faalleessuu dha. Kanneen ta`uun caaffataan akkasumas akeeka Waaqayyoo wajjin kan hin deemneedha.

Gaaffilee

1. Waa`ee aboo namootaaf kennamuu caaffanni maal jedha?
2. 2 Xiimotewos 3:17, caaffanni qulqulluun _____-gargaaru jedha.
3. 2 Yohaannis 9, kan _____ hin jiraanne _____ hin qabu jedha.
4. Caaffata qulqulluu keessatti walga`ii akkamii jira?
5. 1 Pheexroos 4:11 kan dubbatu akka _____-haa dubbatu
6. Mullata Yoh, 22:18-19, dubbii waaqayyoo irratti kan dabale _____-irraas kan hirri`se _____ ---
7. Maqaa caaffata qulqulluu keessatti hin tuqamne 4 caafi
8. Maqaa dhaabni amantaa waldaa balleessan sadii caafi

9. 2 Pheexroos 2:9, nuyi kristiyaanomni _____ -dha jedha
10. Biroleen maqaa duraatti utuu hin deebi`in waldaan haaromuu dandeessii?

Barumsa 20

Waldooliin Kristoos akkamitti bulchiinsa waldaa ballessu Ijoo dubbii

1. Dura bu`oota dandeettii hin qabne filuu
2. Jaarsa waldaa of gochuun
3. Ga`ee of gara abootti jijiiruu
4. Waldaa keessatti komiitee filuu

Marii

1. Dura bu`oota dandeettii hin qabne filuu:- bulchiinsi waldaa kristiyaanaa waldooli Kristoos tokko tokko keessattis baduu danda`u. waldooliin Kristoos tokko tokko of eegganoodhaa isa caaffanni jedhu hin ordofan. Fakkeenyaaaf macaafni qulqulluun ulaagaa Jaarsolii fi Diyaaqonoonni itti filamuu qaban ifa godhee kaa`eera. Namni tokko “Itti gaafatamaa” ta`uuf waan akkanaa guutuu qaba jedha (1 Ximootewos 3:2). As irratti “ta`uu qaba” kan jedhu filmaata utuu hin ta`in dirqama ta`uu qabaadha. Kunis dandeettiin kun yookaan ulaagaan kun baayyee barbaachisoo ta`uu isaanii hubachiisa. “lammata dhalachuu qabdu” (Yohaannis 3:5-7). Kana jechuun mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf lammata dhalachuun dirqama malee filmaata ykn kan biraajira yoo feete jechuu miti. Waa`ee filamuu Jaarsoliis “ta`uu qaba” jechuun Kanaan ala hin ta`u ulaagaa sana guutuu qabu jechuudha. Ulaagaalee jedhaman bayyee guutanii tokko illee yoo hafe, inni hin guunne hin filamus jechuudha. Garuu gaarii fakkaatee yoo yaada namaatiin isa uaagaalee sana hunda hin guunne filla ta`e, dubbii caafame sana tuffanneerra jechuu dha, kunis bulchiinsa waldaa krstiyaanaa balleessuu danda`a.

2. Jaarsa waldaa of gochuu:- kan biraajira rakkinni waldaa kristoos keessatti uumamu keessaa inni tokko Jaarsa waldaa fakkaatanii dhihaachuu ykn of godhoo dhoo dha. Ulaagaa jaarsa waldaa ta`uun malu hin guutan garuu jaarsa waldaa ta`uu barbaadu. Jaarsa ga`aa miti garuu ta`uu fi jedhamuu barbaadu. Tokkoo tokkoo waldaa kristiyaanaa irratti akeekni Kristoos kan hundaa`e fakkeenyaa ta`uu Jaarsolii waldaa irratti. Namni tokko iddooyiru sanatti fakkeenyaa ta`uu yoo baate hojjechuu hin dandeenye jechuudha. Mee namni tokko Kristiyaana miti haa jennu garuu kristiyaana of gochuuf yaalee “Ani Kristiyaana” yoo jedhe, kristiyaana ta`uu danda`aa? Waldaan kristiya-

naa ho kana in hayyamtii? Utuu wangeelaaf hin abboomamin maqaa kana uffachuun isaaf hin ta`u. akkasuma namni tokko utuu ulaagaa jaarsummaa hin guutin maqaa jaarsa waldaa jedhamu uffachuun hin danda`u. kana gochuun faallaa caaffata qulqullaa`ooti. Kun immoo akeeka Kristoos bulchiinsa waldaa isaatiif qabu balleessa.

3. Ga`ee abootti jijiiruu:- inni sadaffaan bulchiinsa waldaa balleessu tokko immoo iddo aboo qabu argachuudhaaf hojii dhama`anii hojjechuudha. Hojiin hojii dha. Fakkeenyaaf horii waldaa qabduu ta`uun miseenso-ta keessaa filamuu danda`u. nama akkasii “Horii qabduu” jennee waamna. Haa ta`u malee horii qabuun aboo yookaan biiroo miti. Waan kana duw-waa irratti hojjeta. Horii gooftaa amanamummaadhaan qabuun gaarii dha. Yeroo tokko warri horii qabduu ta`an hojii isaanii akka abootti fudhatamuu barbaadu. Ga`ee hojii raawwatamuu akka abootti fudhachuun caaf-fata qulqulluu irraa ala, akkasuma Oboleessi sagantaa faarfanna geggeessus akkasuma inni ga`ee miseensummaati malee aboo miti. Namni kun haala gaariitiin geggeessituu faarfanna ta`uu danda`a, garuu isa kana akka abootti lakkaa`uu jalqabnaan bulchiinsa waldaa kristiyaanaa balleessuu danda`a. 1 Qorontos 14 irratti hojii waldaa kristiyaanaatiif kan gargaaran kristiyaano-ta dubbifna. Haa ta`u malee waaqeffanna geggeessuun aboo qabaachuu jechuu miti. Tokkoo tokkoon miseensa waldaa hojii Waaqayyootiif ga`ee mataa mataa isaanii qabu, kana jechuun aboo qabna jechuu miti. Namoon-ni tokko tokko waan akkasii Kanaan beekkamtii argachuuf waan baayyee yaalanii argamu. Waldaa durii keessatti Diyotreefes akkas ture, ol aa`antum-maa barbaada ture. Waldaa Kristoosiin kan balleessan “nama guddaa” jed-hamuuuf warra tattaafatanii dha. Hojii gaarii hojjechaa jiraachuu danda`u, garuu bulchiinsa waldaa kristiyaanaa balleessu. Nuti garuu dubbi Waaqayyo irraa faallaa ta`uu hin qabnu.

4. Waldaa keessatti komiitee filuu:- kan bulchiinsa waldaa kristiyaabaa balleessan keessaa inni tokko taaitaa barbaachaaf waldaa kristiyaanaa kees-satti komiitee ijaaruudha. “komiitee” jechuun waan tokko murteessuudhaaf garee ta`e walitti qabuu ijaaruu jechuudha. Jarri kanaaf filaman kun waldaa keessatti akka abbaa taayitaa, akka abootti of ilaaluu of lakkaa`uu barbaadu. Keessumatti iyuu dura taa`aan komiitee kanaa itti gaafataaa dhaabbataa komiitee kanaa ta`ee yeroo filamu akka taaitaatti akka murteessaa tokkootti of godhuu barbaada. Namoonni tokko tokko mana waaqeffanna ijaaruudhaaf hojii ijaarsaa irratti yeroo ramadamanii hojjetan akka abootti yoo jijiiruu dhaabaatan gaarii dha. Keessumatti namni tokko itti gaafatamaa yookaan angafa komiitee jedhee yoo f moggaase wanti akkasii bulchiinsa waldaa bal-

leessuudhaaf dhihaateera jechuudha. Kanaaf waan akkasii dafanii hambisuutu barbaachisa (3 Yohaannis 9). Olii fi gadi cimsanii fifiguun isaanii irra guddaa hojii Waaqayyoof utuu hin ta`in fedhii itti gaafatama argachuutiif ta`uu danda`a kun immoo bulchiinsa waldaa kristiyaanaa balleessa waan ta`eef of eeggachuun barbaachisaa dha.

Gaaffilee

1. 1 Ximotewos 3:2, “Ta`uun isa irra jira” inni jedhu maal jechuudha?
2. “Ta`uutu irra jira” inni jedhu ulaagaa hundaaf ta`aa?
3. Macaafa qulqulluu keessatti akka Jaarsaa of godhuu kan jedhu jiraa?
4. Namni tokko utuu kristiyaana hin ta`in kristiyaana ofiin jechuu in dandaa`aa?
5. Hojii yookaan ga`ee jechuun maal jechuudha?
6. Horii qabduun waldaa akka abootti lakkaa`amaa?
7. Diyaatrees maal jaallata?
8. 1 Qorontos 14 irratti miseensonni waldaa aboo qabu turanii?
9. Dura ta`aan komiitee abbaa taayitaa dhaa?
10. _____ jechuun hojii _____ -raawwachuuuf kan jaaramee dha.

Barumsa 21

Walii gala jaarmiyaa waldaa walgaiii akkamiitu jiru?

Ijoo dubpii

1. Akka caaffataa ta`ee garuu kan hin ijaaramne
2. Aka caaffataa kan hin taane, kan hin jaaramnes
3. Jaarmiyaa akka caaffataa hin taane
4. Akka caaffata qulqulluutti kan jaarame

Marii

1. Akka caaffataa ta`eek an hin jaaamin:- wala`iin waldaa hundinuu jaarsolii fi diyaaqonoota dandeettii qabanii wajjin haala gaariidhaan jaaramii hojjechuu qabu. Haa ta`u malee kun yeroo dheeraa fudhata. As irratti jechoota afuriin qoodnee ilaalla. “Akkacaaffataatti kan jaaramee” fi “kan hin ijaaramin” jedhamee laalama. “akka caaffataatti” inni jedhu, akka macaafni qulqulluun ajajutti sirrii kan ta`e jechuu dha. “akka caaffataatti kan hin taane” jechuun jaarmiyaa doggoggoraajechuudha. Yookaanis cubbuu kan ta`e jechuudha. “kan jaarame” jechuun kan jaarsolii waldaa fi Diyaaqonoota qabu jechuudha. Waldaan kristiyaanaa akka caaffataatti kan hin ijaaramin ta`uu

ykn jiraachuu danda`a. kana jechuun namoota ulaagaa guutan hin qabdu kanaaf hin fille jechuudha. Waldaan kun Kan caaffata qulqulluuti jaarsolii qabaachuu dhabuun ishee garuu warra ulaagaa guutu hin jiraniifi. Walga `iin waldaa kam iyyuu jalqabni isaanii akka jaarsolii hin qabne akeeka Kristoo-si. Kun immoo miseensonni gooftaatti akka ciman yeroo kennaaf jechuud-ha. Yeroo kana keessatti waa`ee jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa fi bulchiinsa waldaa qu`achuuf yeroo argatu jechuu dha. Waldaan akkasii warra ulaagaa guutan waan hin qabneef kan hin ijaramin jedhamti. Waldaan kristiyaanaa jaarsolii hin qabdu jechuun homaa miti. Caaffata qulqulluu keessattis wal-doota jaarsolii hin qabne hedduutu jiru. Jaarsolii waldaa hin qabdu jechuun waldaan sirrii miti jechuu miti.

2. Akka caaffataa kan hin taane kan hin jaaramnes:- kuni dura buutota kan hin qabne kan hin ijaramnes, kana malees akka caaffataatti kan hin ta-anee dha. Kun dogoggora. Dogoggora kan ta`aniif warra ulaagaa guutanii filamuu qaban utuu jirani garuu hin fille. Warri akkasii kun warri ulaagaa guutan jiraachuudhaaf waggoota dabarsaniiru garuu filuu hin dandeeny. Kun caaffata qulqulluu irraa faallaa dha. Yoo jaarsolii fi Diyaaqonoota ulaagaa gutan qabanii jaarsolii fo`uutu irra ture. Waldaan kristiyaanaa utuu warra kanaaf ga`oo ta`an qabduu filuu dhiisuu hin dandeessu. Waldaan Kristiyaanaa jaarsolii ga`oo fi Diyaaqonoota ga`oo qabaattee isaanii wajjin akka hojjettuuf akeeka Kristoosi.

3. Akka caaffataatti utuu hin ta`in kan jaaramte:- walga `ii waldaa ak-kasii kana keessatti jaarmiyaan jira, jaarsolii fi Diyaaqonoonni fo`amanii-ru, garuu akka caaffataatti miti. Waldoonni tokko tokko filuudhaaf baayyee jarjaru. Utuu ulaagaa hin guutin filatu. Akka Kanaan rakkinaa fi badiisa baayyeetu isaan mudata. Warra ulaagaa hin guunne dhabanii filuu dhiisuu Sirrii ture, garuu ulaagaa utuu hin guutin filuun akka caaffata qulqulla`oo miti. Wanti akkasii kun rakkina fida. Akka caaffataatti kan hin taane jaaruun muuduun bulchiinsa waldaa kristiyaanaa balleessuun isaa mirkanaa`aa dha.

4. Akka caaffata qulqulla`ootti kan jaarame:- akka caaffata qul-qulluutti kan jaaramte jechuun Jaarsolii fi Diyaaqonoota ga`oo kan filatte jechuudha. Kan jaaramtes jechuudha. Amma ulaagaa gutuu dandanitti wal-daan filachuu fi jaaramuu hin hayyamtu. Waldaan kristiyaanaa jaarsolii fi Diyaaqonoota ga`oo of keessaa qorachuu, qu`achuu qabdi. Haa ta`u malee utuu ga`ooh in ta`in filuudhaaf jarjaruun hin barbaachisu. Xiimotewos 3 fi Tiitoo 1 keessatti ulaagaan jaarsolii fi Diyaaqonootaa ibsamaniiru. Qabxii qabxiidhaanis kaa`amaniiru. Waldooliin kristiyaanaa barumsa kana irratti hundaa`anii karaa sirriitiin filachuu qabu.

Gaaffilee

1. Waldaa kristiyaanaa sirri kan ta`e _____ jennaan.
2. Waldaan kristiyaanaa warra filaman qabdi jechuun_____
3. Jaarmiyaa waldaa karaa dogoggoraatiin _____ jedhama
4. Waldaan kristiyaanaa warra fo`aman hin qabne_____ jedhama
5. Caaffata qulqulluu keessatti warra jaaramee fi hin jaaramne in argi-naa?
6. Warra ulaagaa hin guunne warra hin jaaramnes_____ jenna.
7. Warra ulaagaa guutan garuu hin jaaramin_____ jenna.
8. Nama 2 kan ulaagaa hin guunne jaaraman hoo_____
9. Warra dandeettii qaban kan jaaraman ho_____
10. Ulaagaa jaarsolii fi Diyaaqonoota kan ibsancaaffata 2 himi.

Barumsa 22

Ulaagaa jaarsolii waldaa kutaa 1 Ijoo dubbii

1. Namaa waan ittiin jedhan hin qabne
2. Abbaa manaa haadha manaa tokkittii
3. Dammaqaa
4. Nama of qabu
5. Nama amala ba`eessa qabu.

Marii

Qu`annaa dandeettii ilaaltuu hojii waldaa jalqabuu keenyaan dura qabxii dhaan wanti ilaallutu jira. 1 Ximotewos 3:1 akkas jedha."Namni ilaaltuu_hojii waldaa kristiyaanaa ta`uu fedhu, hojii ba`eessa hawwa" inni jedhu dubbii amanamaa dha." Egaa hojii ba`eessa hojjechuudhaaf ilaaltuun hojii waldaa sa`a dheeraa fi tattaaffii guddaa barbaada, kunis bu`aa ofiitiif utuu hin ta`in hojii gooftaatiif ta`uu qaba. 1 Ximotewos immoo "Ilaaltuun hojii waldaa kristiyaanaa, waan ittiin jedhan kan hin qabne, nama haadha manaa tokkittii, nama dhugaatiitti of hin ganne, nama of qabu, nama ulfina, nama keessummaas jaallatu nama warra kaan barsiisuu danda`us ta`uun isa irra jira" (1 Xim. 3:2). "Ta`uun irra jira" ykn "Ta`uu qaba" inni jedhu "jecha hidhamee" dha. Kana jechuun "kan hidhame, kan barbaachisu, kan ta`uu qabu" jechuu dha. Yesuus "waan lafa irratti hiite waaqa irrattis hidhameera" jedha (Maatewos 16:19). Dandeettiin Ilaaltuu hojii waldaa ykn jaarsolii waldaa waaqa irratti hidhamaa dha, waan ta`uu qabuu dha jechuu dha. Tokkoo tokkoon qabxii kanaa "ta`uu qaba" waan jedheef filmaanni ilaaltuu hojii

waldaa akka caaffataa duwwaadhaan ta`uu qaba.

1. Nama waan ittiin jedhan hin qabne :- Namni waan ittim jedhan hin qabne, hin qeqamu, hin himamatamus. Kana jechuun cubbuu waan tokko illee hin hojjetu yookaan cubbuu dhaa ala jechuu miti. “cubbuu hin qabnu yoo jenne of in sossobna” jedha (1 Yohanis 1:8). Garuu namni kristiyaana ta`e Cubbuu mo`achuudhaaf yeroo hundumaa in tattaafata. Yeroo cubbuu of irratti beeku, yaada garaa geeddarachuudhaan fuula gooftaa duratti dhifama gaafata. Waaqayyos in araaramaaaf. Haala Kanaan hin himatamu, hin ceepha`amus. Zakkaariyaasii fi Elzaabeet waan ittiin jedhan warra hin qabne turan (Luuqaas 1:6). Warri abbaa manaa hin qabne mudaa malee jiraachuu qabu. (1 Ximotewos 5:7). Saa`olis seera museetiif hinaafuudhaan akka nama mudaa hin qabnee of godha ture (Filiphisyus 3:6). Krstiyanonni hundinuu dhufaatii Kristoosiif of qopheessanii mudaa malee jiraachuu akka qaban himameera. (1 Tasalonqe 5:23, 2 Pheexroos 3:14). Kanaaf ilaaltuun hojii waldaa Waaqayyo mudaa malee jiraachuu qabu.

2. Abbaa manaa haadha manaa tokkittii :- ulaagaan kun namni tokko haadha manaa tokko duwwaa fuudhuu qaba jechuudha. Sababa kanaatiif misseensotaaf fakkeenya ta`uu qabu. (1 Pheexroos 5:3) tokkoon tokkoon namaa haadha manaa haa qabaatu, dubartoonnis abbaa manaa haa qabaatan (1 Qorontos 7:2). Utuu abbaan manaa lubbuun jiru nama biraatti heerumuun ejjiituu ishee godha (Roomaa 7: 1-3). Dhiirriis haadha manaa hiikuu hin qabu (Maatewos 19:3-9). Kanaaf Ilaaltuun hojii Waldaa kristiyaanaa abbaa manaa haadha manaa tokkittii ta`uu qabu.

3. Dammaqoo ta`uu qabu:- dammaqaa jechuun karaa hundumaan dammaqiinsaan jiraachuu dha, Hoolota warra geggeessan eeguudhaaf, akka hin banne eeguudhaaf dammaquudhaan jiraachuu akka qabanii dha. Waaqayyo Hisqi`eel 3:17 irratti ilaaltuu si godheera waan isaanitti himamuu qabu cubbuu isaanii yoo itti himuu dhaa baatte, siti itti gaafatama jedhee akeekkachiiseera. Ibroota 13:17 Ilaaltuun hojii waldaa, ykn jaarsoliin Waldaa Kristiyaanaa lubbuu miseensa isaanii bikka bu`aniiru eeguu qabu jedha. Dammaqiinsaan jiraachuu akka qaban yoo kana hin taane Seexaanni akka leenca beela`eetti waan liqimsu barbaacha naanna`aa jira jedha (1 Pheexroos 5:8). Ilaaltonni Miseensota isaanii eeguu qabu.

4. Nama of qabu ta`uu qabu:- Kristiyaanonni biyya lafaa hamaa kana keessa of qabanii fakkeenya ta`uudhaan jiraachuu qabu. (Tiitoo 2:12). Namni wangeela lallabu barsiisu nama qalbiin butame ta`uu hin qabu. (Hojii Ergam. 26:25). Dammaqanii of qabanii hirribaa ka`uu qabu (1 Tasalonqee 5:6). Warra of qaban kadha gochuufis warra eeggatan ta`uu (1 Pheexroos

4:7, 5:8). Jaarsi waldaa tokko ilaaltuun hojii waldaa kristiyaanaa dhugaa jiru irratti danta dhabaa ta`uu hin qabu. Nama gaarii, hubataa fi jaalalaanis kan guutame haa ta`u.

5. Amala ba`eessa qabaachuu :- Nama haala gaariitti, jirenya ulfinaa qabaatee fakkeenyta`ee warra hin amanne duratti dhuga ba`iinsa qabaachuu qaba. Phaawlos amantoota duratti qulla`ota qajelota, mudaan hin qabne ta`uudhaan fakkeenyta`aniiru. (1 Tsaloonqee 2:10, 2 Tasalonqee 3:7). Jirenyi eenya warra hin amanne duratti dhuga baatii qabaachuu qabna. (1 Pheexroos 2:12) jaarsoliin waldaas jirenya bareedaa mullatu jiraachuu qabu.

Gaaffiilee

1. Hidhuu jechi jedhu maal ibsuu barbaadeeti?
2. 1 Ximotewos namni Ilaaltuu hojii waldaa barbaadu _____ hawwa
3. Maatewos 16:19, Ergamoonni Lafaa fi waaqa irratti _____ fi _____ danda`u.
4. Waan ittiin jedhan kan hin qabne maal jechuudha?
5. Namni waan ittiin jedhan hin qabne cubbuu tokko illee hin qabuu?
6. Abbaa manaa haadha manaa tokkittiin akami ?
7. Dammaquu jechuun maal jechuu dha?
8. Of qabuu isa jedhu jecha said`iin ibsi.
9. Haala gaarii ykn of qabuu kan jedhu hiikka lama kenni.
10. Hizqi`el 3:17-19, namni sun akkamitti ibsame?

Barumsa 23

Ulaagaa Ilaaltuu waldaa kutaa 2 Ijoo dubbii

1. Keessummaa simachuu
2. Barsiisuu danda`uu
3. Dhugaatiitti nama of hin ganne
4. Kan humnaan hin bulchine
5. Bu`aa mataa isaatii kan hin barbaanne
6. Obsa qabeessa kan ta`e

Marii

1. Keessummaa simachuu jaallachuu:- Tokkoo tokkoo dandeettii Ilaaltuu hojii waldaa qabxiidhaan qu`achuun baayyee barbaachisaa dha. Qabxii tokkoo tookkoo isaas hubachuunbarbaachisaa dha. Haalota kana im-

moo miseensi waldaa hundi qabaachuu qabu. Ulaagaa dandeettii ilaaltuu waldaa kristiyaanaa keessaa inni tokko keessummoota simachuu jaallachu dha. (Tiitoo 1:8). Ilaaltuun waldaa keessummaa simachuu qabu jedha. Kana jechuun warra rakkatan manatti fuudhatani simachuu dha. Kristiyaanotaaf mana jireenyaa fi waan nyaatan akka argatan gochuuf Fedhii qabaachuu dha. Nama hundumaaf ta`us keessumatti iyyuu miseensota waldaatiif (Galaatiyaa 6:10). Roomaa 12:13 Qulqulloota wanta barbaachisuun garagaaraa jedha. Ibrootni 13:2, Warri durii utuu hin beekin Ergamoota akka keessummaatti simataniiru jedha. Luqqisni kun kan jedhu Abraaham Kessummaa utuu hin beekin Ergamoota simachuu isaa himaa jira (Seera Uumamaa 18:1-8). 1 Yohaannis 3:17 kan nu barsiisu, namni dhabaa obboleessa isaa kan homaa hin qabnetti yoo garaa jabaate Jaalalli Waaqayyoo akkamitti isa keessa jiraata ree? Jedha. 1 Pheexroos 4:7 immoo guungummii malee keessumsummaa wal simadhaa jedha.

2. Barsiisuu danda`u ta`uu qaba:- kunis barsiisuudhaaf dandeettii kan qabuu fi Fedhiidhaan kan hayyame jechuu dha. Ilaaltuun hojii waldaa tokko Macaafa qulqulluu barsiisuudhaa dandeettii qabaachuu qaba. kunis tattaaffii qu`achuu kan qabu, kan barsiisuufis fanda`uu dha. Wangeelaawwiinis barsiisuudhaaf dandeettii qabaachuu qaba. (2 Ximotewos 2:24). Kristiyaanummaan amantaa baachuu fi barsiisuuti. Yesuus dhaqaa barsiisaa jedheera (Maatewos 28:19-20). Ammas namoonni Waaqayyo irraa baratu jedheera (Maatewos 6:44-46). Phaawloos Ximotewosiin isa barate akka barsiisu itti himeera (2 Ximotewos 2:2). Waldaan kristiyaanaa duraa sun Kristoosiin barsiisu hin dhaabne turte (Hojii Ergam. 5:42), Ibroonni barsiisuu danda`uutu irra ture.(Ibroota 5:12). Luqqistoonni kun barbaachisummaa barsiisummaan qabdu ifa baasee hima. Ilaaltuun hojii waldaa kristiyaanaa barsiisuudhaaf kan kophaa`e ta`uu qaba. hoolota isaa nyaachisuutu irra jira (Hojii Ergam. 20:28). Barumsa dhugaa cimaadhaan barsiisa sobaa irraa eeguun barbaachisaa dha.

3. Nama dhugaatiitti of hin ganne :- kana jechuun ilaaltuun waldaa kristiyaanaa, nama hin machoofne, waan nama macheessus kan hin fudhanne ta`uu qaba.Phaawloos akkas jedhee 1 faa Qorontos 6:12 irratti dubbatteera. Darbees warri machaa`oon mootummaa Waaqayyoo hin dhaalan jedhameera (1 Qorontos 6:10). Machiin Hiyyeessa nama godha, ija diimessa, in madeessa (Fakkeenya 23:21, 29-35). Machiin akka bofaatti nama hidda. Kuni egaa daadhii isa nama macheessuu dha. Garuu Daadhii wayinii kan qorichummaa dhaaf barbaachisu jira. (Matewos 26:29) qorichummaaf kan ta`us jira (1 Ximotewos 5:23). Garuu dhugaatiii nama macheessu fudhachuun

cubuu dha. Ilaaltonni hojii waldaa waan kana fudhachuu ykn dhuguu dhii-suudhan fakkeenya ta`uu qabu.

4. Humnaan kan hin bulchine :- Miseensota humnaan, tumuudhaan reebuudhaan bulchuun cubuu dha. Kristiyaanni hundinuu nama tumuu hin qabu. Yesuus horii qacceedhaan mana qulqullummaa keessaa reebee baaseera (Yohaannis 2:15), Ijoollee ofii adabuudhaaf reebuun in ta`a (13:24). Haa ta`u malee Jaarsoliin reebuu tumuu utuu hin ta`in jaalalaan fakkeenya ta`uu qabu. Miidhaan qaamaa mootummaa biratti fayidaa irra ooleera (Rooomaa 13:3-4). Mootummaan Yesuus garuu billaadhaan hin bulchu (Maatewos 26:52=53). Dubbiin Waaqayyoo ofiif iyyuu billaa dha (Ibroota 4:12). Mirgaa kee yoo si kabalan bitaa itti nanneessi inni jedhu, gocha jal`inaa waan gaa-riitiin Diina mo`uu jechuu dha.(Maatewos 5:39). Ilaaltonni waldaa Kristiyaa-naa waan akkasii irraa of Eeggatanii fakkeenya ta`uu qabu.

5. Bu`aa mataa ofiif nama hin gomjaane:- jaarsi waldaa hin hawwu. Waan bu`aa hin qabne biyya lafaatiif hin qabamu (Luuuqaas 12:15) kan ofiii isaatii qabeenya walitti qabatu Waaqayyo biratti sooreessa miti (Luuqaas 12:21). Yesuus Horii fi Waaqayyoon tajaajiluun hin dandaa`amu jedheera (Maatewos 6:24). Warri hawan hundi waaqa tolfamaa waaqeffatoo dha (Qolosaayis 3:5). Mootummaa Waaqayyoottis hin galan (1 Qorontos 6:9-10). Waldaa keessaas hinari`atamu (1 Qorontos 5:12). Kristiyaanonni Qabeenya gar malee hin hawan. Bu`aan isaanii inni guddaan Waaqayyoon fakka-chuu dha. Kiyyoo jaalala horii irraa wallaba ta`u. (1Ximotewos 6:6-10). Gatiin Kristiyaanotaa Waaqa irra jiraaf (Maatewos 5:12) kanaaf iyyuu ilaaltuun waldaa kristiyaanaa Jaalala horii fi hawa biyya lafaa irraa of eeganii fakkeenya ta`uu qabu.

6. Nama Obsa qabu ta`uu qabu:- ilaaltuun hojii waldaa kristiana garraamii fi obsa qabeessa ta`uu qabu. Sababa malees dheekkamuu hin qaban. Waan hunduma irratti kan abdii muratan miti. Tokkoo tokkoo jirenya kristiyaanaa keessatti obsi jiraachuu qabu (1 Pheexroos 1:6) qoramuu amantii obsa fida (Yaaqoob 1:3). Dhiphina keessatti rakkina keessatti obsuun Waaqayyo irratti abdii cimsachuu fida. Obsi jaarsa waldaa tokko miseensotaaf jajjabina ta`a. miseensonni jaarsa waldaa isa obsa keessa darbe ana irraa gorsa argatu. Obsaan waliin mari`achuun waldaa keessatti godhamu utuu lolli hin ta`in nagaa buusa. Jaarsoliin waldaa kana hubatanii fakkeenya ta`uu qabu.

Gaffilee

1. Keessummaa simachuu isa jedhu gabaabduutti ibsi
2. Keessumaa simachuun kan _____ ti keessumaatti immoo kan

_____ -irra eeggamuu dha.

3. “Barsiisuuf kan danda`u” isa jedhu ibsa gabaabaa kenni
4. Barsiisuu kan dubbatu luqqisa 7 kenni
5. Faayidaa daadhii wayinii lama himi.
6. “Dhaggeeffachuu” jechuun maal jechuudha?
7. Tumu ykn reebuu kan jedhu fakkeenya 2 kenni
8. Bu`aa ofii walitti qabuu isa jedhu ibsi
9. Hawwuu irratti raga 7 akka caaffataatti luqqisi
10. “Obsa” jechuun maal jechuu dha?

Barsiisa 24

Ulaagaa Ilaaltuu hojii waldaa kutaa 3 Ijoo dubpii

1. Nama lola hin jaallanne ta`uu qaba
2. Mana isaa kan bulchuu danda`u
3. Ijoollee amanan kan qabu
4. Kristiyaana haaraa kan hin taane
5. Warra alaa irraa dhuga baatii kan qabu
6. Hojii Waaqayyoo Adeemsisaa

Marii

1. Nama lola hin jaallanne ta`uu qaba:- Jaarsi waldaa nama Xabii hin qabsiifne nama lola hin jaallanne ta`uu qaba. (1 Ximootewos 3:3). Nama hin qoccollee, of qabuu kan danda`u ta`uu qaba (Tiitoo 1:7). Nama Jaarsi waldaa aa`aariidhaan hin dubbatu, garuu nagaa buusuudhaan beekkamuu qaba. Yesuus warri nagaa buusan eebbifamoo dha jedha (Maatewos 5:9). Kristiyaanonni nama hundaa wajjin nagaadhaan jiraachuu qabu. (Roomaa 12:18). Ogummaa garraamummaa fi araara kenu qabaachuu qabu, qajeel-ummaadhaan araara buusuu qabu. (Yaaqoob 3:17-18). Hadhaa`ummaan, dheekkamsi,aariin,waci,maqaa wal balleessuun, hamminni hundinuuisin ir-raa haa fagaatu, walitti kan toltaan, garaas kan waliif laافتان ta`aa, akku-ma Waaqayyo karaa Kristoos cubbuu keessan isiniif dhiise, isinis akkasuma waliif dhiisaa” (Efeesoon 4:31-32). Dhaga`uuf akka ariifannu dubbachuuif immoo akka suuta jennu nutti himameera (Yaaqoob 1:19). Ilaaltuun hojii waldaa, ykn Jaarsoliin waldaa warra qoccolloo hin qabne ta`uu qabu.

2. Mana isaa bulchuu kan danda`u:- Ilaaltuun hojii Waldaa Kristiyaanaa ykn jaarsoliin waldaa, Abbaa gaarii fi abbaa manaa gaarii ta`uu qabu. Haalli gaarummaa isaatii maatiin isaa akka Waaqayyoon fakkaataniif qooda guddaa

qabaata. Kanaaf iyyuu maatiin isaa gaariis ta`e gadhee bu`aa haala isaatii ta`uu danda`u. 1 Ximotewos 3:5, Namni tokko mana isaa bulchuu yoo hin danda`in waldaa kristiyaanaa bulchuu hin danda`u jedha. Dandeettiin bulchiinsa nama tokkoo maatii isaa irratti mullachuu danda`a. namni tokko maatii isaa irratti dhiibbaa gaarummaa hin qabu yoo ta`e, ilaaltuu hojii waldaa ta`uuf dandeettii hin qabaatu jechuu dha. Qornelewos maatii isaa wajjin Waaqayyoon in so-daata ture (Hojii Ergamootaa 10:2). Maatiin isaa isa in jaallatu turan kanaaf fakkeenya isaa ta`uu isaanii argina. Jaarsi tokko rakkoo maatii isaa keessatti mullatu gorsaa fi dubbii Waaqayyootiin furmaata kennuu qaba. luba kan ture E`eliin Ijoollee isaa waan hin adabneef adabamaniiru (1 Saamu`el 3:13). Wal-daa kristiyaanaa keessatti ilaaltuu ta`uudhaaf namni tokko maatii isaa keessatti itti gaafatama isaa raawwachuu fi fakkeenya ta`uu qaba.

3. Ijoolleen isaa amantoota kan ta`an:- Ijoolleen ilaaltuu hojii waldaa ykn jaarsa waldaa hundinuu amantoota ta`uu qabu. (1 Ximotewos 3:4). Il-maan isaa himatamuu hin qaban (Tiitoo 1:6). Kana waan ta`eef abbootiin ijoollee isaani aarsuudhaan tuttuquu hin qaban (Efeesoon 6:4). Ilmaan isaanii jaalalaan guddisanii ogummaadhaan adaba abbummaa adabuu malee aar-suudhaan miti. Kun immoo dura bu`aan bulchaan tokko warra bulchu sa-naafis akka abbaati waan ta`eef bulchiinsi maatii isaatii ilaaltuu waldaa ta`uu isaaq qormaata jechuu ta`a. jaarsi ijoollee hin ajajamne qabu bulchuu hin danda`u jechuu dha. Kanaaf ijoolleen jaarsa waldaa tokko warra naamusa qaban, Waaqayyoof abboomaman Amanan ta`uu qaban haa ta`an.

4. Kristiyaan haaraa ta`uu hin qabu:- Jaarsi waldaa kristiyaanaa Haaraa ykn kan dhioo amane ta`uu hin qabu. Kristiyaanni haaraan muuxannoo hin qabu bilchina hafuuraas hin qabu. “ilaatu hojii waldaa” ykn “Jaarsa wal-daa” jechuun nama umuriinis, bilchinaani, ga`aa ta`e jechuudha. Kanaaf waldaa kristiyaanaa keessatti namni amanaa haaraan jaarsa waldaa ta`uu hin qabu, sababni isaa kiyyoo seexaanaa jalatti kufuu danda`a. (1 Ximoote-woos 3:6). Waldaa bulchuuf hoogganuudhaaf qophaa`aa miti waan ta`eef, Caaffanni qulqulluun waa`ee bilchina hafuuraa wagga keessa turaniin hin ibsu, garuu haalaa amalaa namootaatiin ta`uu dubbata. Namni tokko wag-goota xinnoo keessatti jijiiramuus in mala. Walumaa gala jaarsi waldaa kris-tiyaanaa haaraa ta`uu hin qabu.

5. Warra alaa irraa dhuga ba`insa kan qabu:- Jaarsi waldaa, ilaaltuun hojii waldaa kristiyaanaa, warra hin amanne irraa dhuga ba`insa gaarum-maa isaanii, dhuga ba`insa haala bareedaa qabaachuu isaanii dhaga`muu qaba (1 Ximotewos 3:7). Warri isa beekanii fi isaa wajjin hojjetan gaarum-maa isaatiif, amanamummaa isaatii isa kabajuu danda`u waan ta`eef dhuga

ba`insa jechuu dha. Nuti ifa biyya lafaa warra hin amanne irratti ibsaa Kris-toos ibsuu qabna. (Maatewos 5:14). Kunis namoonni hojii gaarii keenyaa ilaalanii Waaqayyo galateeffatu (Maatewos 5:16). Warra hin amanne bi-ratti akka hin himatamneef jaarsi waldaa qophaa`aa ta`uu qaba.

6. Hojii Waaqayyoo adeemsisa:- Tiitoo 1:7, Adeemsisaan hojii Waaqayyoo nama waan ittiin jedhan hin qabne ta`uu qaba. waan qaaliikan Waaqayyoo nama eegu waan ta`eef jaarsi waldaa kristiyaanaa ykn jaarsi waldaa waan kanaaf ga`aa ta`uu qaba. yeroo hundumaa amanamaa ta`uu qaba.(1 Qorontos 4:2). Wantoonni qaqlaaliin waldaa kristiyaanaa keessa jiran lubbuu amantootaati, egaa Waaqayyo lubbuu amantootaa kana akka eeganiif jaarsolii waldaatti kennuuf jira waan ta`eef jaarsi waldaa amanamaa ta`uu qaba. (Ibroota 13:17) kunis adaraa dhaan isaanitti kennameera (Maatewos 16:26). Itti gaafatamni kun baayyee ulfaataa fi guddaa dha. Kanaaf namni ilaaltuu hojii waldaa ta`uu barbaadu kana hunda nama hubachuu danda`u ta`uu qaba. qabeenya irratti amanamaa ta`uu qaba. kanaafis muuxannoona isabarbaachisa.

Gaaffilee

1. Qoccoloo yookaan lolli maal jechuudha?
2. Namni qoccolu_____jaallata
3. Waan hundumaa irra haala nاما eenyutu beeka?
4. _____fi_____ waaqayyo sodaatu turan
5. Waa`ee ijoollee amananii luqqisa 3 caafi
6. Kristiyaana haaraa jechuun maal jechuu dha.
7. Warra alaa, warra hin amanne irraa dhuga ba`insa qabaachuu qabu kan jedhaman eenyu faa dha.
8. Adeemsisaan hojii Waaqayyo maal jechuu dha.
9. Waan hundumaa irra qaaliikan jedhaman maali?
10. Kristiyaana haaraa cubbuun sodaachisu maali?

Barumsi 25

Ulaagaa Jaarsolii (kutaa 4) Ijooo dubbii

1. Nama bu`aa dalgaa argachuuf hin sassanne
2. Nama keessummaa simachuu jaallatu
3. Nama adaba qabu
4. Nama qullaa`aa
5. Nama of qabu
6. Barsiisa sirriitti kan qabame

Marii

1. Nama bu`aa dalgaa argachuuf hin sassanne:- Jaarsi waldaa nama of Jaallatu ta`uu hin qabu. Fedhii mataaa isaatii dabarsee hojii waldaatiif kan kenu ta`uu qaba. garuu namni Waaqa hin sodaannee fi akka fedhii isatti kan godhuu barbaadu ta`uu hin qabu.(2 Pheexroos 2:10) namni akkasii jaarsa waldaa ta`uu hin qabu. Qoccolloo fi mormii kan hin qabnee ta`uu qaba. nama gad of deebisaa tajaajilu ta`uu qaba (Filiphisyus 2:3-4). Namaa ol ta`uu kan hin feene (3 Yohanis 9). Namni akka fedhii ofiitti deemu bulchiinsa waldaa kristiyaanaa balleessuu danda`a. jaarsoliin waldaa humnaa fi sassataan utuu hin ta`in jaalalaan bulchuu qabu. Dura bu`aa of jaallatu eenyu iyyuu jala hin deemu. Waldaa kristiyaanaa keessatti garraamummaan barbaachisaa dha.

2. Nama keessummaa simachuu jaallatu:- Ilaaltuun hojii waldaa ykn Jaarsi waldaa nama waan gaarii jaallatu ta`uu qaba (Tiitoo 1:8) waan hamaa ta`e kan jibbu (Roomaa 12:9). Warra amala gaarii kan jaallatu, hiriyaad heen amala gaarii balleessa (1 Qorontos 15:33). Iddoo gaarii waan gaarii jaallata, waan hamaa irraa in fagaata (1 Tasalonqee 5:21). Jaarsi waldaa waantoota gaggaarii dubbachuu, hojiittis jijjirru kan qabu ta`uu qaba.

3. Nama adaba qabu:- Jaarsi waldaa nama of qabu ta`uu qaba. qajeel-aas ta`uu qaba. (Tiitoo 1:8). Yeroo hundumaa adeemsa qajeelaadhaan adeema. Obboleewan ykn miseensa waldaa gidduutti loogii hin agarsiisu. Malaam-maltummaan tokko illee isa irratti hin argamu. Firdii qajeelaadhaan kan jiraatuudha. Oduu fi odeeaffannoo gaariitti kan gammaduu dha (Filiphisyus 4:8). Yeroo jaarsa waldaa ta`anii muudaman qormaata baayyeetu nama mudata. Warri waaqa hin sodaanne, ykn warri jibbinsa qaban qoruudhaaf nama joonjessuuf yaalu. Kunis warra fira ta`an, warra maatii ta`an gargaaruufis qoramuu dandaa`a. qormaata akkasii irraa of eegee akka Waaqayyo jedhetti kan hojjetu ta`uu qaba.

4. Qajeelaadhaan ta`uu qaba:- Jaarsi Waldaa qajeelaadhaan fi jirenya qajeelinaa nama jiraatu ta`uu qaba. (Tiitoo 1:8). Wanti hundi isaa qulqulluu ta`ee dhi-haachuu qaba.(Roomaa 12:1). Hafuurri qulqulluun dhagna isaa keessa jiraata. (1 Qorontos 3:16-17). Waan nama xureessuun hin badu, garuu Kristoosiif waan qulqulluu dhieessuuf dhama`a malee (Efeesoon 5:27).Harka qulqulluu kadhataaf ol kaasa (1 Ximotewos 2:8). Gara waamicha qulqulluutti dhiaata (2 Ximotewos 1:9) qulqulluu waan ta`eef warra kaanis gara qulqullummaatti waama.

5. Nama of qabu:- Jaarsi waldaa nama of qabu ta`uu qaba. (Tiitoo 1:8). Jirenya gar malees kan jiraatu, waan hundumaattis kan of qabu, of to`atu ta`uu dha qaba.(Hojii Erga. 24:25). Akkuma namni fiigu fiigicha sanaaf of

qopheessu kristiyaannis gonfoo ulfinaa isa hin badne sanaaf of qopheessuu qaba.(1 Qorontos 9:25). Warra kaaniif erga lallabnee booda ofii keenyaaf akka hin badne of eeggachuu qabna (1 Qorontos 9:27). Ija hafuura qulquluutiin jiraachuu (Galaatiyaa 5:23) jaarsi waldaa tokko gargaarsa Waaqayyootiin of qabee jiraachuu fi kanaanis fakkeenya ta`uu qaba.

6. Barsiisa sirriitti kan qabame :- Jaarsi Waldaa kristiyaanaa barsiisa isa dhugaatti qabamee, gorsuu, warra barsiisa sobaatiin mormanis afaan qabachiisuu, isa dhugaa ta`es barsiisuuf nama danda`u ta`uu qaba. (Tiitoo 1:9). Barsiisuudhaaf qa`aa kan ta`e jechuun, warra hin amannes, warra amanantis barsiisuuf ga`aa kan ta`e jechuudha. Barsiisa sobaas hubatee fudhatama dhowwuu kan danda`u ta`uu qaba. akka gorsaa fi dubbii Waaqayyooti ha-fuura Kanaan jaarsi waldaa barsiisa nagaa kana kan baratee hubatee dabarsee barsiisuu qabu ta`uu qaba.(1 Ximootewos 1:13). Namni kun barsiisaa jabaa, kan mormitoonni dogoggorsuu hin dandeenye ta`uudha qaba.

Kun hundi ulaagaalee jaarsolii waldaatiif kan xumurreedha. Warri kanaa olitti ilaalle hundi kaadhimamoo ilaaltuudhaaf yaadaman keessa jiraachuu qaba. guutummaan miseensa waldaa immoo wantoota ulaagaa ta`anii kanaa olitti barreeffaman kana jaarsolii waldaa fi Diyaaqonoota keessatti ar-guu qabu. Yookaan wantoonni kun mullachuu qabu. Jaarsa waldaa ta`uun in dandaa`ama garuu salphaa miti, dhuga ba`insi isaa keessattis warra amantoota alattis warra hin amanne birattis waan mullachuu qabu waan ta`eef.

Gaaffilee

1. Fedhii mataa ofii isa jedhu jecha lamaan ibsi
2. “Bu`aa mataa ofii hawwu dhiisuu” kan jedhuuf waan 4 himi
3. Ilaaltuun waldaa waan jaallatan _____ darbees maal jibbu?
4. Hiriyaad gadheen maal fida?
5. “Of qabuu” kan jedhu ibsuuf jecha 3 tarreessi
6. “Qajeelaa” isa jedhuuf jecha 2 ibsi
7. Waa`ee qulqullummaa raga 6 ibsi
8. “kan of bite” kan jedhu jecha 2 ibsi
9. Jaarsi waldaa tokko _____ barsiisu danda`uu qaba
10. Nama jaarsa waldaa ta`uu irraa maaltu mirkanaa`uu qaba?

Barumsa 26
Ulaagaa Diyaaqonootaa fi Hojii isaanii
Ijoo dubpii

1. Sadarkaa aboo isaanii
2. Hojii ykn ga`ee isaanii
3. Dandeettii isaanii

Marii

1. Sadarkaa aboo isaanii :- kan biraa barsiisa kakuu haaraa keessatti kan fo`amuu qaban Diyaaqonoota. Macaafni qulqulluun erga ulaagaa ilaaltuu hojii waldaa kristiyaanaa ibsee booda kan Diaaqonootaa itti fufa (1 Ximotewos 3:8-11). Lakkofsa 10 irratti “Tajaajila Diyaaqonootaa” ibsa. Diyaaqonoonis waldaa kristoos keessa turaniiru. (Filiphisyus 1:1). Phaawloos yeroo Waldaa Failiphisyuusiif caafa ilaaltuu waldaa fi gargaartitaa ykn Diyaaqonootaaf caafe. Kana jechuun Gargaartonni (Diyaaqonoonni) ilaaltuu waldaa wajjin warra filamanii dha jechuudha. Kana irraati kan ilaallu gargaartota (Diyaaqonootaaf) biiroo of danda`etu jira jechuudha. (Hojii ergamootaa 6:1-6), irratti warra rakkataniif nyaachisuuf maaddiidhaaf akka isaan filaman ilaalla. Hojiin isaanii warra abbaa manaa hin qabnee fi warra rakkatoota akka yaadatan akka gargaaranii dha, kanaaf jecha Yeruusaalem keessatti filmaanni ta`e. haadhotii hiyyeessaa guyaa guyyaatti yaadachuudha (Hojii Ergamootaa 6:1). Iddoo ergamootaa soora jara kanaatiif jedhanii lallaba irraa akka hin hafneef isaa filan (Hojii Ergamootaa 6:2). “Tajaajiluu” inni jedhu “Diyaaqonii” gargaaraa jecha jedhu irraa kan dhufee dha. Jecha Griikii kana irraa kan ka`e Diyaaqonoonni ykn gargaartonni kanaaf 7 ta`an filamanii hojjechuu isaanii argina. Kana waan ta`eef Diyaaqonoonni waldaa kristiyaanaa keessatti barbaachisoo dha jechuu dha.

2. Ga`ee hojii isaanii :- Diyaaqonoonni Ilaaltuu hojii waldaa ykn Jaarsolii waldaa jedhamanii hin waamamani. Jaarsolii waldaa ykn ilaaltuu hojii waldaa duwwaatu kanaaf filame malee (1 Pheexroos 5:1-2). Maanguddoonni kunis ammam illee ba`eessa godhanii hojii waldaa geggeessan iyyuu humnaan bulchuun isaan irra hin jiru (1 Ximootewos 5:17). Hojiin Diyaaqonootaa kan maanguddootaa wajjin tokko miti, Diyaaqonoonni tajaajiloo gargaaro dha. Isaan akka maanguddootaatti to`achuu utuu hin ta`in tajaajiluu dha, kanaafis waldaa keessatti akka filaman ta`aniiru. Isaan keessaa Filiiphoosii fi Isxifaanos Wangeelaawwota ta`aniis hojjetaniiru. Hojiin jara kanaa maanguddoota gargaaruu waan itti ulfaates hojjechuudhaaf gargaartota jedhamaniiru.

3. Dandeettii isaanii :- waldaa kristiyaanaa keessatti biiroon filataman

hundinuu fakkeenya miseensotaa ta`uu qabu. Kanaaf iyyuu namni tokko yeroo Diyaaqonummaadhaaf filamu akka fakkeenyaatti ulaagaa guutuu qabutu jira. Yeruusaalemitti yeroo jarri kun filaman “dhugaadhaan hafuura qulqulluu fi Ogummaadhaan kan guutamanii dha. (Hojii Erga. 6:3). Akkasumas amantii fi humna hafuuraatiin guutamoo dha (Hojii Erga 6:5,8) waldaa keessattis ta`e warra alaa biratti maqaa guddaa qabu turan. Hafuura qulqullutiin guutamanii ija hafuuraa qabu turan. “ogummaa” qabaatanii waan gaggaariis hojjetaniiru. Humnaa fi hafuuraan waan guutamaniif jecha Waaqayyo irratti amantii guddaa qabu turan (1 Ximootewos 3:8-13). Diyaaqoonni warra bilchina hubanna qaban akka ta`an beekuu qabna. Nama uaada isaa jijiiru, waan arges fakkaatu, bifa gegeeddaratu ta`uu hin qaban. “dhugaatii macheessaatti of kan hin ganne” “waan waa`ee hin baafne kan hin hawwine” “qalbii qulqulluu dhaan dhoksaamantii kan eegan” ta`uu qabu. Barsiisa sirrii irratti kan qabaman ta`uu qabu. Akkuma maanguddoota waldaa “Kan waan ittiin jedhan hin qabne” “Abbaa manaa haadha manaa tokkittii” ta`uu qabu. “manaa fi maatii isaanii akka gaariitti bulchuu” “haati manootii isaanii , hamattuu, kan nama arrabsitu ta`uu hin qaban” kunis amanamoo ta`uudhaan haati manoota isaaniis warra sirritti abbaa manaa isaanii gargaaran ta`uu qabu. Akka kanaa oliitti yoo guutame waldaa kristiyaanaa keessatti Diyaaqonii fakkeenya ta`ee mullachuu danda`aa.

Iddoo maanguddoonni waldaa hin jirretti Diyaaqonoota filuun in dandaa`amaa? Gaaffii jedhuuf deebisaan isaa “Lakkii” kan jedhuudha. Iffaan kana ilaachisee ragaan caaffata qulqulluu hin jiru. Ergamoonni gooftaa akka Maanguddotti waldaa tajaajiluu isaanii argina malee diyaaqononni lafa maanguddoon hin jirretti filamaniiru kan jedhu hin jiru. Yoo warri ulaagaa guutan jiraatan in filamu (Hojii Erg. 14:23). Diyaaqoonni lafa maanguddoon jiranitti jiraachuun isaanii ibsameera (Filiphisyus 1:1, 1 Ximotewos 3:1-13). (2) Diyaaqoononi gargaartuu Maanguddoota waldaa Kristiyaanaa yoo ta`an iyyuu iddo Maanguddoon waldaa hin jirretti ykn hin fo`amnetti isaanii jiraachuun hin danda`an. (3). Lafa maanguddoonni waldaa kristiyaanaa hin jirretti dogoggoraan Diyaaqononi yoo filataman garuu aboo ilaaltuu hojii waldaa ykn maanguddoota waldaa fudhachuu danda`a, akka jaarsa waldaatis of ilaaluu danda`u waan ta`eef kunis bulchiinsa ykn jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa balleessuuf sababa guddaa dha. Kana waan ta`eef Diyaaqononi kan filamuu qaban dura lafa maanguddoonni waldaa jiranitti ta`uu qaba. haa ta`uutii maanguddoonni waldaa Diyaaqonoota jalatti bulu waan hin ta-aneef diyaaqononi jiraachuun baatanis Jaarsoliin waldaa ulaagaa guutuu danda`an jiraachuun in dandaa`ama. (Hojii ergamootaa 14:23)

Gaaffilee

1. Diyaaqonoonni biiroo qabaachuu qabuu?
2. Hojii Ergamootaa 6 irratti Diyaaqonoonni filatamaniiruu?
3. Hojii Diyaaqonootaa _____ utuu hin ta`in _____ dha
4. Caaffata qulqulluu keessatti “Diyaaqon” ykn gargaartota dubbifan-neerraa?
5. Waa`ee Diyaaqonootaa luqqisa 2 caafi
6. Diyaaqonoonni akka maanguddootaatti bulchuu danda`uu?
7. Diyaaqonoonni duri waan 4 maaliin guutaman?
8. Ulaagaa haadha manoota Diyaaqonootaa 4 luqqisi
9. Waldaan Ilaaltota hin qabne Diyaaqonoota qabaachuu dandeessii?
10. Waa`ee Diyaaqonootaa kan ibsu waan said barreessi

Barumsa 27

Dura bu`aa akka ta`uuf kan hin filamne Ijoo dubbii

1. Miseensa duraa
2. Baayyee sooreessa kan ta`e
3. Akka kaadhima Ilaaltuu
4. Nama Siyaasaa
5. Wangeelaawwiidhaaf jaalallee addaa
6. Fakkeenyaaf ta`uu kan hin dandeenye hunda

Marii

1. Miseensa duraa :- akkamittiin Filatamtoonni akka filataman ilaaluu keenyaan dura akka hin filamne kan godhu sababa xiqqoo ilaaluu qabna. Miseensonni yeroo baayyee miseensa isa duraa jechunis jalqaba nama hundumaa isa ture filuu barbaadu. Walga`ii waldaa keessatti isa angaa ykn isa jalqabaa ta`uun namoota keessaa iddo guddaa qaba jechuu miti, umurii dheeraan amanuu isaatii waan adda ta`e kennisiisa jechuu miti. Yookaanis namootaan dura waldaa jalqabeera jechuun Ilaaltuu hojii waldaa isa godha jedhuus miti.

2. Nama baayyee sooreessa ta`e:- Yeroo baayyee waldoota Kristiyaanaa keessatti nama horii fi qabeenya baayyee qabu sooreessa akka ilaaltuu hojii waldaatti kan filan baayyee dha. Miseensonni akka fooniitti yaaduudhaan nama akkasii filuun faayidaa qaba jedhanii yaaduu danda`u. fudhatama inni qabeenya isaatiin biyya lafaa irratti qabus in sodaatu. Macaafni qulqulluun garuu qabeenya irraa in akeekkachiisa (1 Ximotewos 6:17). Nama horii

jaallatus in dhowwa (1 Ximotewos 3:3). Hogganaa biyya lafaa ykn Sooressa biyya lafaa ta`uun Hoogganaa hafuuraas akka ta`uu isa godhuu hin danda`u, inni akkasii gufachiisaa ta`uu danda`a malee. Qabeenya biyya lafaa ilaalchi-see (Luuqaas 12:21). Namoonni baayyeen qabeenya biyya lafaatiin dureessa garuu qabeenya hafuuraatiin, Hiyyessota, qulloota, gadadamoota, jaamota kan ta`anii dha (Mullata 3:17). Qabeenyi foonii nama tokko Jaarsa waldaa ykn Diyaaqonii isa gochuu hin danda`u.

3. Akka kaadhimaa jaarsa waldaa of godhuu:- Namoonni baayyeen waldaa keessatti waan hojjetan irratti hundaa`uu dhaan akka jaarsa waldaatti of ilaalu. Namni jaarsa waldaa ta`uu danda`u yeroo hin jirre isaan kun waldaa sana keessatti hojii jaarsa waldaa hojjechuu malu kanaaf gaafa filmaanni jaarsa waldaa barbaachisee namni ulaagaa guutu argamutti isaan kun Jaarsa waldaa ta`uu qabna jechuu barbaadu, kunis baroota baayyee tajajiluu isaanii irratti hundaa`aniiti. Haa ta`u malee ulaaga sana amma hin guutnetti filatamuun isaaniif hin ta`u, yoo filamanis faallaa dubbii Waaqayyoo waan ta`uuf akeeka gooftaan bulchiinsa waldaaf qabu balleessa. Kunis abboommii kristiyaana nama godhu utuu hin abboomamin kristiyaana of se`uu jechuu dha. Kana gochuun dubbii Waaqayyoo irratti dabaluudha (Mullata 22:18-19). Wangeela micciiruu dha (Galaatiyaa 1:7-8). Kunis akka fedhii wWaaqayyootiin ala ta`a.

4. Nama siyaasaa :- Yeroo baayyee Siyaasaan waldaa kristiyaanaa keessa seenuu argina. Qajeeltonni abshaalummaa Siyaasaa keessatti godhamu gara waldaa kristiyaanaatti fiduudhaan walitti laaqu. Hogganaa Waldaa kristiyaanaa ta`uudhaaf akka dhaabbilee siyaasaa sagalee horachuudhaaf akka namoonni isaan filaniif namoota dammaqsuuf carraaqu. Akka isaan filanifiis horii kennuu matta`aa addaa addaa kennuun in mullata. Waldaan kristiyaanaa garuu qaama mootummaa biyya lafaa utuu hin taane mootummaa Waaqayyooti. Kana waan ta`eef filamuudhaaf akka tooftaa dhaaba siyaasaa ta`uu matumaa hin qabu. Namoota birattis fudhatama argachuudhaafis daneettii isaa amanamummaa isaa namootatti beeksifachuus hin barbaachisu. Inni dubbatus dubbachuu baatus waldaan kristiyaanaa eenyummaa nama kanaa sirriitti beekti, argaa turte dhaga`aa turte waan ta`eef namni kun of beeksisuuf dhama`uu hin qabu. Kana waan ta`eef Jaarsi waldaa akka dhaaba siyaasaatti tiifoozoodhaan utuu hin ta`in akka ulaagaa caaffata keessa jiruun filamuu qabu.

5. Jaallota wangeelaawwotaa:- Inni kun immoo wangeelaawwonni baayyeen waldaa wangeela lallaban keessatti Ilaaltuu waldaa ykn jaarsolii waldaa filuudhaaf baayyee qoramutti jiru, kunis kan qormaata itti ta`uuf

jaaarsolii isaaniif gaarii, isaaniin fayyadan, warra isaanitti dhiyaatan filuud-haan qoramu. Nama ofii jaallatu filuu isa jibbu immoo akka hin filamne go-chuu dhaaf qoramu, kana waan ta`eef loogii akkasii irraa of fageessuu qaba. (Hojii Erga. 10:34) looguun cubbuu dha. Kanaaf akka kanaatti ilaalconni hojii waldaa filamuu hin qaban.

6. Filamuudhaaf fakkeenya kan hin taane hunda:- kana irratti hirri`ina filamuudhaaf hin mallee baayyeen waan jiruuf hunda tuttuquun hin danda`aamu. Garuu walumaa gala akka akeeka Waaqayyo kan hin taane hundumaatiin Ilaaltuu hojii waldaa kristiyaanaa, maanguddoota waldaa dura bu`oota filuun sirrii miti.kana godhuun bulchiinsi ykn jaarmiyaan waldaa Sanaa soba irratti ijaarameera jechuu ta`a. waaqayyo dura bu`oota kana akka fakkeenyaatti akka mullatan barbaada. Kanaa ala akeeka Waaqayyoo jijjiiruudhaaf yaaluun hin barbaachisu.

Gaaffilee

1. Caaffanni qulqulluun “kaadhimamaa ilaaltuu” kan jedhu in barsi-isaa?
2. Qabeenya biyya lafaa qabaachuun waldaa keessatti filamuudhaaf ulaagaa ta`uu dandaa`aa?
3. “kaadhimamaa ilaaltuu” jechuun “kadhimamaa kristiyaanaa” jech-huun tokkoo?
4. Dhaaba siyaasaa keessatti filamuudhaaf kan hojjetan tooftaa 2 himi.
5. Dura buutonni waldaa filamuudhaaf waldorgommiin jiraa?
6. Waaqayyo namoota giddutti hin loogu kan jedhu luqqisa kami?
7. Filmaata akka yaada Waaqayyo kan ibsu luqqisa kenni
8. Filmaata akeeka Waaqayyo kan mormu waan 2 tottuqi
9. Miseensonni dura buutota waldaa in filuu?
10. Filmaanni mootummaa biyya lafaa akka mootummaa Waaqa-yyootii?

Barumsa 28

Hafuurri qulqulluun maaliif Ilaaltuu Hojii waldaa fila Ijoo dubii

1. Barsiisa dhugaa
2. Fedhii dhugaa
3. Mirkanoeffannaa dhugaa
4. Sirritti namoota arguu
5. Filuu ykn muuduu

6. Waldaa keessatti beekamtii kennuu

Marii

1. Barumsa dhugaa:- Kristiyaanummaan amantaa barumsaati. (Yohaan-nis 6:45). Amantoonni utuu hin cuuphamin dura in cuuphamu, erga cuuphamani boodas in cuuphamu (Maatewos 28:19-20). Filamuun Ilaaltuu hojii wal-daa kristiyaanaa of eeggannoo guddaa fi barsiisa mataa isaati qabaachuu qaba. hafuurri qulqulluun namoota Ilaaltuu hojii waldaa kristiyaanaa godha (Hojii Erga. 20:28). Sagaleen dubbii Waaqayyo akka billaati (Efeesoon 6:17). Waldaa kristiyaanaa keessatti jaarsoli filuudhaaf hafuurri qulqulluun luqqisa in kenna. Kunis hojii irra kan oolu yoo dubbii isaa baratanii dha. Kanaf ulaagaa caaffata keessatti caafaman miseensonni sirriitti barsiifamuu qaban.

2. Fedhii sirrii :- tarkaanfii inni lammataa immoo fedhii warra baratanii-ti. Kristiyaanota keessatti kan hojjetu Waaqayyoo dha (Filiphisyus 2:13) mi-seensonni fedhii erga baratanii fedhii isaa sana in raawwachuduhaan deebi-saa kenu. Ulaagaan filamuun ilaaltota hojii waldaa :- “Namni ilaaltuu hojii waldaa ta`uu fedhu waan gaarii hawwa” jedha (1 Ximotewos 3:1). Namni tokko yeroo umurii bilchinaa keessa galu, hawwi hafuuraa barbaada, ama-la dubbii waaqayyoo kana kan isaa godhachuudhaaf tattaafata, namoonni kristoosiin akka ordofanis fakkeenyta`uu danda`a, kun immoo ija bu`aa ha-fuura qulqulluti (Galaatiyaa 5:23). Garuu ija hafuura godhachu duwwaa utuu hin ta`in Jaarsa waldaa ta`uufis tattaafachuun shaakaluun barbaachisaa dha. Seexaannis namootaaf fedhii addaa addaa in kenna, kennaan isaa kunis beekkamaa akka ta`aniif namoota caalanii akka mullataniif godha, sooruma karaa dalgaa faa kennuu danda`a. garuu hafuurri qulqulluun yeroo namni tokko jaarsa waldaa ta`uudhaaf fedhiin keessatti uumamu Waaqayyo immoo gara Kristoosiin fakkaachuu, gara Ilaaltuu hojii kristiyaanaatti isaan geggeessa. Kun immoo fedhii sirrii Maanguddoo waldaa kristiyaanaa itti ta`anii dha.

3. Mirkanaa`uu sirrii :- hooggantoonni Waldaa kristiyaanaa duraan dursanii qoramuu qabu. (1 Ximotewos 3:10). Kun immoo karaa ittiin ha-fuurri qulqulluun ilaaltuu waldaa filu isa 3ffaa dha. Hubannaan amantootaa karaa isa sirrii akka ta`uuf akka hafuratti guddatuuf isa geggeessuuf. Gud-dinnii fi dandeettiin isaa warra kaan biratti akka mullatu godha. Namni tokko jirenyta`uu isaa fi barsiisa sanaaf yeroo of eeggachuu jalqabu guddina isaa mullisa (1 Ximotewos 4:15). Adeemsi kun yeroo barbaada, yeroo xinnootti bu`aan isaa hin mullatu. Dafees lafa yaadan bilchna irra hin ga`u, caaffata dubbisuu yeroo baayyee, qu`anna waggoottaa booda, nama ga`aa ta`uud-haaf muuxannoo bara dheera barbaachisa. Baroota kana keessatti namni

kun eenyummaa mataa isaatiis adda baafata ofis in bara, kunis ulaagaa fi fakkeenya maanguddoo waldaa ta`uun akka isa irraa mullatu taasisa.

4. Namoota filamuuf ga`oo ta`an barbaaduu:- Hojii Erg. 6:3 irratti namoota ga`oo ta`an filamuudhaaf ulaagaa guutan of keessa barbaadaa jedhaniin. Kunis tarkaanfii ittiin maanguddoo filan ta`uu isaa hubadhu. Waldaan kristiyaanaa erga barumsa barbaachisu baratanii booda akka fedhii isaaniitti utuu hin ta`in akka barsiisa sanaatti akka caaffataatti filuutu irraa eeggama. Filmaannis akka geggeessaa hafuura Waaqayyoo isa caafameeti. (Qolosaayis 1:9). Waaqayyo akka ogummaa kennuuf kadhatu (Yaaqoob 1:5). Fuula Waaqayyoo dura kaa`u (Hojii Erg 1:24). Karaa dinqii utuu hin ta`in namoota kanaaf malan dhi`eessuu isaan irratti kadhachuu miseensonni jara kana keessaa akka haalaa amala isaaniitti filuu jechuudha.

5. Filamuu fo`amuu :- caaffanni qulqulluun Ilaaltonni Hojii waldaa filamuu akka qaban dubbata (Tiitoo 1:5, Hojii Eegamootaa 4:23). Kunis akka hiikkaa haaraatti “Muudame” kan jedhuu dha, dhaabbolii amantaa keessatti muudaan yookaan filuun ilaaltota hojii waldaa bade jira caaffataan alas ba`ee jira. Kunis dhaabbota amantaa tokko tokko keessatti “Qeesota, Phaaphaasota” godhuudhaan muudaniiru. Caaffanni garuu “Qeesota” “Phaaphaasi” kan jedhu hin dubbatu. Kakuu haaraa keessatti garuu miseensonni warra in ta`u jedhaman maqaa isaanii kennuu dha, (Tiitoo 1:5) kan ta`es kanuma. Lallabaan wangeelaa murteessaa utuu hin ta`in yaada miseensotaa hoogganuudha. Yeroo lallabaan sun warra maqaan kennname dhieessu miseensi mirga isaatiin akka ulaagaa caafameetti filuudha. Warra maqaan isaanii dhihaate kana ilaanii murteessuun guyyaa tokko torban tokkotti kan dhumu ta`uu dhiisuu in danda`a. namoonni waan kana ilaaluudhaan murteessanis waldaa keessaa kan ba`an ta`uu danda`u erga irratti mar`iatanii booda warri ulaagaa guutanii haala amallii fi jireenyi isaanii akka caaffataatti ta`ee filaman sun fo`amuun isaanii mirkanaa`ee beeksifama. Filamuu fo`amuu jechuunis kanuma.

6. Waldaa kristiyaanaatti beekamtiin kennama:- Erga jarri fo`aman kun beekkamanii booda isaan kun geggeessitoota ykn dura bu`oo waldaa kristiyaanaa jedhamanii waldaa sana keessatti beekkamtii argatu jechuu dha. Waldaa durii sana keessatti Diyaaqonoonni erga harki irra kaa`amee kadhatameefii booda, ergamoonni humna kennaniif (Hojii Ergamootaa 8:18). Harra`a bara kana garuu harka nama irra kaa`anii humna dabarsuun waan hin jirreef akka gaafa Sanaa gochuun hin barbaachisu. Waldaa Anxookiyaa keessatti garuu Saa`olii fi Barnaabaas adda naaf baasaa waan jedheef harka irra kaa`anii kadhatanii gammachuu isaaniis ibsaniiru (Hojii Ergamootaa 13:1-3). Bara kana garuu harka wal irra kaa`uun jira jennee yaaduu hin dan-

deenyu. Amma garuu jara kana akkuma ulaagaa caafameetti filuu malee, kanaaf jedhamee ayyaana addaa cidha addaa godhanii dhieessuun hin barbaachisu, walga `ii waldaa irratti akka miseensonni beekan godhanii hojii akka jalqaban gochuu geggeessaa isaanii immoo akka dubbiin Waaqayyoo ajajutti abboomamuu dha.

Gaaffilee

1. Hafuurri qulqulluun kan waldaa kristiyaanaa barsiisu _____ tiini
2. Kan hawwiitti nama geessan waan 2 caafi _____
3. Akka Waldaa kristiyaanaatti bilchinni namaanakkamitti ilaalamama?
4. Sadarkaa 4ffaatti dandeettiinakkamitti ibsame?
5. “Ilaalamuu” kan jedhameef eenyu faa dha?
6. “kan filame” kan jedhuuf jecha 3 ibsi
7. Karaa lallabaa ilaaltota hojii waldaa kan filu eenyu?
8. Waldaan kaadhimamtoota filuun dura _____ ykn _____ gooti
9. Bara dinqii godhuuf harka nama irra kaa`uun jiraa?
10. _____ fi _____ waldaa ifaatti mullisuuf ta`a.

Barumsa 29

Abboommii Waaqayyo Jaarsoliif kenne Ijoo dubbii

1. Hoolotaaf fakkeenya ta`aa
2. Hoolota nyaachisaa
3. Hoolota eegaa
4. Hoolota to`adhaa
5. Hoolota dura bu`aa
6. Bikka bu`oota Hooltaa ta`aa eegaa

Marii

Erga ulaagaa fi dandeettii Ilaaltota hojii waldaa qu`annee booda amma immoo itti gaafatama yookaan ajaja isaanitti kennname qu`anna. Kunis aboo Waaqayyo isaaniif kenne irratti ilaalamama. Kanas Ilaaltonni kun maal gochuu akka qaban kan ittiin ilaalluu dha.

1. Hoolotaaf fakkeenya ta`aa:- Jechi fakkeenya ta`aa jedhamee Ilaaltotaaf kennname kun kan jala sararamu ta`uu qaba. hojii maanguddoota Waldaa keessatti fakkeenya ta`uu kan fakkaatu wanti barbaachisaan hin jiru. Ulaagaan hundinuu kana irratti kan hundeffamanii dha. 1 Pheexroos 5:3

irratti ilaalconni ykn maanguddoonti waldaa kan himatamaniif kanaafi. “fakkeenya ta`aa malee, warra tika keessan jala jiran irratti gooftummaa ar-gisiisuudhaan miti” jedhamaniiru. Namni warra isa jala deeman irratti dura bu`aa ta`e waan barbaade hunda godhuu hin danda`u. mootonni biyya lafaa warra bulchan humnaan bulchuu in danda`u. garuu wanti akkasii waldaa kristiyaanaa keessatti Waaqayyo in hayyamne. Akekni Waaqayyo geggees-su waldaa kristiyaanaaf akeeke waan guddaa fi kabajamaa dha. Jaalalaani malee humnaan miti, fakkeenya ta`uudhaani malee sodaachisuudhaan miti. Kunis duukka buuutonni isaanii jaalalaan fakkeenya isaanii akka ordofan isaan godhuu danda`a. kana waan ta`eef Maanguddoonti kun ofii isaaniitii-fis hoolotaafis eggannoo godhuu qabu (Hojii Ergamootaa 20:28). Amantoonni sirriitti kan duukkaa bu`an fakkeenya ta`anii argisiisuu qabu.

2. Hoolota eegaa:- Inni lammataa immoo “ Of kennuudhaan eegaa” jedha (1 Pheexroos 5:2). Hoolota sanaaf akka tikseetti eggannoo godhanii eeguudha (Hojii Erg. 20:28). Amantoota geggeessaa jiran eegumsa hafuuraa eeguu, waan isaan irra karaa hafuuraatiin ga`uuf deemu irraa eeguu, Barsii-sa sobaatiin isaan nyaachuuf kan jiran yeeyota irraa eeguu dha. Tokkoo tok-koo miseensaa maqaa maqaa isaaniitiin beekuu jaallachu, warra joonja`aa jiranis barbaadanii jajjabeessuu, warra haala addaa addaatin badanis walitti qabuu jaalala argisiisuu kadhachuufi kanaa fi kan kana fakkaataniin eeguud-ha. Faarsaa Daawwit 23 yeroo dubbifannu akka Waaqayyo tiksee gaarii ta`ee waan hundumaa aragachiisu dubbifanna.

3. Hoolota nyaachisaa:- Jaarsoiin waldaa hoolota kana eeguu irra dar-banii nyaachisuu akka qaban ibsa. Akkuma tikseen hoolaa lafa margi gaariin jirutti hoolota isaa bobbaasu, jaarsoliinis hoolota kana sagalee dubbii Waaqa-yoo akka nyaachisan barbaada Waaqayyo. “akka mucooliin reefuu dhalatan aannan barbaadanitti isinis ittiin guddachuudhaaf yeroo hundumaa dubbii hafuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre akka annaniitti sana dharra`a” (1 Pheexroos 2:2-3). Maanguddoonti Miseensa waldaa hoolota kanaaf nyaata hafuuraa dhieessuu qabu (Ibroota 5:12-13). Nyaanni kun dubbii Waaqayyoo-ti isa kana akka barsiisaniifi. Barsiisuudhaafis ga`oo ta`oo qabu (1 Ximotewos 3:2). Jajjabeessuuudhaan, eegudhaan nyaata sirrii kan hin taane barsiisa so-baa irraas isaan eeguutu irraa eeggama. Miseensonni nyaata sagalee dubbii Waaqayyoo kana nyaachuu dhaa yoo baatan dhukkubsatoota ta`u, in rafus (1 Qorontos 11:30). Kanaaf Waaqayyo Ilaaltuu hojii Waldaa kristiyaanaa akka miseensota kristiyaanota nyaachisan abbooma.

4. Hoolota to`adhaa :- 1 Pheexros 5:2 “ Of kennuudhaan eegaa” jedha maanguddoonti waldaa Kristiyaanaa ilaaltuu ta`anii akka to`ataniif muuda-

maniiru. Eeguu (Hojii Ergamootaa 20:28), eegumsi kun to`annaan kun, dirqii dhaan, humnaan utuu hin ta`in jaalalaan ta`uu qaba. to`annaan isaanii kun miseensota kan, dhiphisu kan daangessus utuu hin ta`in jaalalaan akka jala deeman kan isaan godhu ta`uudha qaba. kana waan ta`eef maanguddoonti ilaaltonni of eegganno dhaan muda tokko malee hoolota isaanii to`achuun irra jira.

5. Hoolota dura bu`aa :- Jaarsoliin Miseensota dura bu`anii sirriitti akka of jala Oofan Waaqayyo barbaada. (1 Xiimotewos 5:17) ba`eessa godhanii warri waldaa geggeessan kun Jaarsolii yn ilaaltuu waldaa waan ta`aniif ba`eessa godhanii geggeessuu qabu. Isaan kun warra mana isaanii sirriitti geggeessan akka ta`an ulaagaa keessatti tuqamee jira, kana waan ta`eef akka barsiisatti hin dadhabneef dura bu`uu qabu.(1 Ximotewos 3:5). Kanaaf Miseensota sanaaf akka abbaa ta`anii kunuunsuu fi guddisuun akka maatii isaaniittti abbaa ta`uudhaan Waaqayyoon gammachiisuu qabu. Kanas akka 1 Pheexroos 5:3 itti fakkeenya ta`uudhaan eeguu qabu. Itti gaafatama hafuura miseensotaa ta`uu jechuu dha. Namoonni baayyeen waa`ee geggeessuu waldaa kristiyaanaa hubannoo hin qaban, akka isaaniitti geggeessuu jechuun akka taayitaa biyya lafaa gara jabinaan humnaan bulchuu itti fakkaata. Garuu kana utuu hin ta`in waan hundumaatti gatii kennuudhaan akka Waaqayyo barbaadutti jaalalaan fakkeenya ta`uudhaan geggeessuu qabu. Kana gochuu isaaniitiif gatii guddaa “ulfina dacha” argachuu danda`u, sababni isaa kun waan salphaa miti waan ta`eef (1 Xiimotewos 5:17). Maanguddoonti waldaa miseensota akka gaariitti akka geggeessantu irraa eeggama.

6. Bikka bu`oota lubbuu hoolotaati:- miseensi Waldaa akka hiikkaa hafuuraatti hoolonni sun maanguddotaaf abboomamuu qabu. Sababni isaa Ibroota 13:17, akki Jedhutti “Geggeessitoonni keessan akka warra itti gaafatamanii waan hojjetan himuuf jiraniitti waa`ee lubbuu keessaniif dammaqanii waan isiniif yaadaniif, isin isaaniif abboomamaa karaas kennaaf ! kanas gaddaan utuu hin ta`in, gammachuudhaan akka isaan hojjetan godhaa ! isaan gaddaan yoo hojjetan garuu isiniif ba`eessa miti” jedha. Maanguddoonti ykn ilaaltuu waldaa itti gaafatamni itti kenname qoosaa miti, Waaqayyo ilaaltota Israa`eliin akki jedhe yoo Isaanitti himtanii cubbuu irraa deebisuudhaa baattan dhiiga isaanii harka keessan irraan barbaada jedhe (Hizqi`el 3:17-19). Waa`ee lubbuu namootaatiif deebisaa kennuu caalaa wanti ulfaatu maali ree? Ilaaltonni ilaalu duwwaa utuu hin ta`in waa`ee isaaniis deebisaa kennuuf jiru, kun immoo waan yeroo tokkoof ta`u utuu hin ta`in kan itti fufuudha. Seexaannis hoolota kana nyaachuuf yeroo hundaa marmaara waan ta`eef isaanis eeguudhaaf yeroo hundumaa tattaaffi godhuu qabu (1

Pheexroos 5:8). Imimmaaniin illee taanaan yeroo hundumaa cimsanii eegu (Hojii Ergamootaa 20:31). Maanguddoon waldaa kristiyaanaa tokko dhimee akka eeguuf Waaqayyo ajajeera.

Gaffilee

1. Fakkeenya waa`ee Ilaaltuu hojii Waldaa luqqisa 2 himi
2. Ilaaltonni hoolota kan nyaachisan _____ dhaani
3. Miseensotaaf nyaata barbaachisu 2 caafi
4. Hoolota kana barsiisuun nyaachisuun eeguu wajjin tokkoo?
5. Ilaaltuun hojii waldaa akka motummaa biyya lafaatti geggeessuu?
6. “To`achuu” inni jedhu jecha kam keessaa fuudhamee dha?
7. Maangudoonni hoolota_____ dhaan bulchuu qabu
8. “Ilaaluu” isa jedhu jecha ibsu 4 kenni
9. Tikseen hoolota isaa kan eegu eessa taa`eeti?
10. “To`achuu” isa jedhu hiikkaa biraa itti kenni.

Barumsa 30

Jaarmiyaa Waldaa Kristiyaanaa keessatti mallattoo dogoggora cimaa

Ijoo dubbi

1. Waldoolii Krstiyaanaa keessatti dhaaba biraa
2. Waldaa kristiyaanaa Irratti dhaaba kam iyyuu
3. Waldoota Kristiyaanaa keessatti geggeessaa alaa
4. Waldaa of dandeessu jijiirraa kam iyyuu

Marii

1. Waldoolii Kristiyaanaa keessatti dhaaba biraa :- Badiisa waldaa kristiyaanaa kan agarsiisan mallatoon tokko tokko jiru. Isaan kunis mallattoo balaa dhufuuf jiruu jedhamu. Kunis akeeka Waaqayyo waldaadhaaf qabu jijiiruu jedhamu. Isaanis waldoota keessatti dhaaba biraatiin kan ta`uu dha. Kun immoo dhaabbolii amantaaa keessatti kan mullatanii dha. Kunis geggeessitoota Waldoolii walitti kan qabu dhaaba walii galaati. Dhaabni walii galaa kun waldoolii of dandaa`anii jiraniif murti ikan murteessee tokko tokko isaaniif erguu dha. Inni kun hojii isaanii ol irra taa`ee geggeessa, lalabaa isatu ramadaaf, galii isaanii gaafata, walumaa gala kan hoogganu isa ta`a jechuuudha. Garuu Waldoolii Kristoos irratti dhaabni walii galaa kun hin hayyamamu. Kunis akka caaffata kakuu haaraa irraa faallaa dha. Haa ta`u malee wanti akkasii kun saba Waaqayyoo keessas in seena. Fakkeenyaaf

Kolleejonni ykn Leenjii Lallabootaa warri qaban Caasaan dhaaba leenjii lal-labbootaa Leenjii wangeelaawwotaa warra alaatiin akka geggeeffamu barbaadu. Obboleewan warri biyya alaa warri adii ta`an leenjii Wangeelaaw-wotaa ana akka geggeessan, akka to`atan leenjistoota kanaafis akka kaffalan barbaadu. Mana barumsa macaafa qulqulluu irratti jarri kun aboo qabaa-chuu hin qaban. Warri biyya alaa warri adiin waa`ee kanaa irrattis murtees-suu hin dandaa`ani. Tokkoo tokkoon waldaa kristiyaanaa birmaduu mataa isaatii qabaachuu qaba. eenyu illee haa ta`u dhaabni alaa ykn waldaan biraa waldoota irratti aboo qaba yoo ta`e kuni mallattoo rakkina fiduu ta`aa jira jechuu dha.

2. Waldoota Kristiyaanaa keessa dhaaba kam iyyuu:- kun immoo miseensuma waldaa keessaa wal`gaii jedhanii waan akka dhaabaa uumuu dha. Kanas kan godhan waldoota iddo addaa addaa jiran walitti qabuu, walga`ii tokko uumuufii dha. Kanas waldoota keessaa bikka bu`oo filuudhaan ykn Komii-tee filuudhaan komiitonni sun walga`ii akka godhan gochuu, achii booda jara kana Walga`ii walii galaa jedhanii dura taa`aa, barreessaa, komiitee, horii qabduu filatu. Kana keessatti warren filataman kanaaf aboo addaatiin akka mullatan gochuu, achii booda Sinoodoos, Waldaa waliigalaahahaa, dhihaa, kaabaa kibbaa jedhanii maqaa baasuufii achii waldoota irraa horii guuranii achitti Kaazinaa ykn baankii uummachuu faa godhu. Jarri kun ka`umsi isaanii waan gaarii hojjechuutaa ta`us wanti akkasii sammuu ilmaan namaatiin kan uumame malee Caaffata qulqulluutu abboome ykn barsiisa miti.

3. Waldaa kristiyaanaa keessatti geggeessaa alaa:- kunis akkuma isa kanaa olitti ibsamee wajjin tokkuma, garuu Waldoota dadhaboo ta`an miseensa baayyee hin qabne namni alaa tokko akka geggeessuuf akka bulchuuf gochuu dha. 1 Pheexroos 5:2, irratti “Maan guddoota isin gidduu” jiran jedha, kana jechuun maanguddoontaa tokkoo tokkoo waldaatiif filamuu isaanii, warri filaman kunis walduma sanaaf malee waldaa biraa bulchuuf ykn geggeessitoota waldaa biraa akka ta`aniif miti. Waldaa biraa keessa kan jiranis waldaa kana dhufanii geggeessu ykn hoogganu miti. Hojji ergam. 20:28 irratti maanguddoontaa kan muudaman waldaa isaanii sana duwwaadhaafi. Akka Hojji erg. 20:17 irratti ilaallutti Waldaa Efeesoon jirtuufi malee kan biraatiif miti. Dhugaadha hundumtuu karaa kristoos dame dhagna tokkootti (Efeesoon 4:16) haa ta`u malee maanguddoontaa akka obboleessa tollootti jajjabeessuu gargaaruu danda`u, garuu akka bulchaa tokkootti geggeessuuf miti. Kanaaf waldaan mataa ishee dandeesse ofii isheetiif of bulchuu malee iddo biraatii eeggachuu hin qabdu.

4. Waldaa of dandeesse keessatti jijjiirama kam iyyuu :- Akeekni Waaqa-

yyoo waldaan mataa ishee dandeessee akka of bulchituu dha. Waldaan kam iyyuu ofii ishee dandeessee Kristoos jalatti bulti. Waldaa biraa wajjin walitti dabalamani hin ijaaramani. Geggeessitoota waldaa biraatiin hin geggeeffamani, tokkoo tokkoon waldaa Kristiyaanaa waa`ee mataa isheetii ofii isheetiin murteeffatti, geggeessaa waldaa ofiif filatti, horii ishee ofiif qabatti, dhimma ishee ofiif furti rakkinni miseensa gidduu yoo jiraate ofiif gorfatti yoo vimaas ta`e ofiif adabdi. Dhugaan kun dhugaa caaffanni qulqulluun barsiisu waan ta`eef waldooliin Kristoos hundinuu kana hubachuudhaan waan akkasii akka shaakalan akeeka Waaqayyooti. Akekni Waaqayyoo immoo waan hundumaa caalaa ta`uu isaa hundinuu hubachuu qabna.

Gaaffilee

1. Mallattoo rakkinaa kan jedhaman maali ?
2. Waldooliin kristiyaanaa baayyeen of keessatti maal barbaadu?
3. Obboleewan adii alaa waldaa biraa irratti aboo qabu?
4. _____ keessa ba`uun obboloota karaa dogoggoraan irra geesa
sa
5. Hammeenya walga`ii wangeelaa 3 tuttuqi
6. Walga`ii wangeelaa akka caaffataatti kan deggaru maali?
7. Geggeessitooni waldaa biraa waldaa isaanii ala bulchuu danda`uu?
8. Ilaaltuun hojii waldaa, hoolota isaanii in to`atu kunis _____
dhaani
9. Hafurri qulqulluun ilaaltuu hojii waldaa kan godhu waldaa meeqa irratti?
10. Waldaa kristiyaanaa Caaffata qulqulluu kan ibsu luqqisa 2 himi.

Barumsa 31

Jaarmiyaan Waldaa kristiyaana jalqaba kan bade akkamitti Ijoo dubbii

1. Ka`umsa raajii Macaafa Qulqulluu
2. Barumsa Barsiisa seenaa waldaa kristiyaanaa
3. Tiksoota Amanamoo hin taane irratti abaarsa jiru

Marii

1. Ka`umsa raajii macaafa Qulqulluu:- barumsa keenya jalqabaa Jaarmiyaa waldaa Kristoos irratti hundaa`eeti, kunis barbaachisummaan isaa bulchiinsa Waldaa Kristiyaanaa waan ta`eefi. Kunis waldoota keessatti

badiisni tokko tokko uumamuu isaanitiifi. Amma immoo sababoota badiisaa fi dogoggora kan ta`an maali? Isa jedhuu fi akkamitti kun ta`uu danda`e agarsiisa. Duraan dursa akka raajiitti kufaatiin waldoota Kristoos akka ta`u ka`umsa raajii dubbatametu jira. Hojjetaan wangeelaa ergamaan gooftaa Phaawloos akka raajiitti Maanguddoota waldaa Efeesoonitti Yeeyyoonni gara jabinaan waldaa kristiyaanaa akka balleessuu dandaa`an Akeekkachiisa kennee ture. Isaan kunis amanttoota gara boodaatti akka deebisan isaan godha jedhee duubateera (Hojii Ergamootaa 20:29-30). Raajiin kunis waldaan Kristiyaanaa akka isheen baddu raajii dubbatameedha. Phaawloos yeroo kana dubbatetti Jarri barsiisa sobaa barsiisan kun “isin keessaa ka`uuf jira” jedheera. Kana dubbachuun isaa barbaachisaa dha. Kunis warra Jaarsolii waldaa, keessaa warra geggeessitoota keessaas akka ta`uu dha. (1 Ximotewos 4:1-4). Kan biraa immoo namoonni amantii irraa akka fagaatan dubbateera. (1 Qorontos 1:10-13). Waldaa Qorontos keessatti gargar ba`insi akka uumamu dubbatameera. Gargar ba`insi kunis Kristoos duukkaa bu`uu irra geggeessitoota isaanii duukkaa bu`uu isaaniitiin, yaada isaanii fudhachuu isaanii irraa kan ka`eedha. Gargar ba`insii fi malaammaltummaan geggeessitoota waldaa irratti jalqabeera. Akeekkachiifni biraa immoo 2 Tasaloonqee 2 :3-4 irratti kan raajameedha. “namni jall’inaa” akka dhufuu fi Baqannaan akka ta`u dubbatameera. Kunis mana qulqullummaa keessa ani Waaqa jedhee kan ka`utu dhufa jedha. Kunis geggeessitoota amanamoo hin taane, warra soda Waaqayyoo hin qabne waldaa keessattis alattis itti fayyadamuudhaan Waldaa dadhabsiisa. Haa ta`u malee Waldaan Kristiyaanaa ququllummaa isheetiin yoo itti fufte Jal`ina Kanaan hin mo`amtu. Garuu Jaarsoliin waldaa geggeessitooni yoo Akeekaa fi dubbii sagalee Waaqayyoo keessaa ba`anii argaman wanti sodaatame kun ta`uun isaa hin oolamu. Macaafni qulqulluun wantoota kana raajiidhaan dubbateera, nutis kunoo amma gargar ba`insa waldoottaa baayyina waldoottaa irraa waan argaa jirrutu jira. Kanaaf Geggeessitoonis, misseensonnis waan kana qalbii keessatti yaaduudhaan cimnee dhaabbachuu dha qabna.

2. Seenaa barsiisa Waldaa Kristiyaanaa :- Macaafni qulqulluun Waa`ee waldoota torban Eeshiyaa keessatti fakkii godhee mullataan mulliseera (Mulla Yohaannis 1, 2, 3). Waldoonni kun akka raajametti Haala addaa addaatiin gananiiru. Erga macaafni qulqulluun caafamee raawwatee boodas Waldoota Kristiyaanaa yeroo Qu`achuu jalqabnu Akeekkachiifni kufiinsaa yeroo mullatu ilaalla. Diyaabloos “Qulqullummaa Kristoos keessatti argamu” irraa akka Kristiyaanota fageessee balleessuuf tattafatuu fi balleessu argina (2 Qorontos 11:3). Kunis kan ta`e Waldaa Kristiyaanaa Kristoos

jaaramee jiru keessatti. Namoonni akeeka Waaqayyo Waldaa kristiyaanaatiif kennetti hin boqonne. Horii fi beekkamtii argachuudhaaf Akeeka Waaqayyo Waldaaf kenne jijiiraniiru. Badiisa jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa seenaa isa yeroo ilaallu wantoota itti aa`ananii ta`an argina. (1) adeemsa jalqabaa keessatti waa`ee jaarmiyaa waldaa Kristiyaanas keessa ture geggeeffamni sun akeeka Waaqayyoo baayyee balleessaniiru (2). Namoonni baayyeen yaada gaarii ta`e Uumuudhaan jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa akka yaada sanaatti godhaniiru, garuu yaadni namaa ammam illee yoo gaarii fakkaate yaada Waaqayyoo wajjin tokko miti taanaan inni dogoggora uuma, kanaaf isaanis yaada Waaqayyoo gara yaada namaatti geeddaran. (3). Yeroo ka`an xinnoo dha, garuu suuta suutaan akeeka Waaqayyo kana diiguudhaaf baayychaa dhufan. (4). Ka`umsaan xinnoo ta`anis duukka buutota horachaa dhufan qaawwa xinnoo sanatti namoonni baayyataniit itti galaniiru. (5). Akka ka`aniin jijiirama guddaa hin fidne, garuu baballachaa dufanii namoonni baayyeenis isaan duukkaa bu`aniiru. Dogoggora xixinnoo yeroo akka laayyootti ilaalan, inni babalchaa deemee amma qabuu hin dandeenyeetti deemeera (6) namoonni Jaarsolii waldaa duwwaatti hin quufne kanaaf “Jaarsolii magaalaa “jaarsolii baadiyya” jedhanii booda irras Geggeessaa Maanguddoota walii galaa filuu irra ga`aniiru (8) namoonni Walga`ii waldaan mataa ishee dandeessu irratti quufuu hin dandeenye kana waan ta`eef kanaaf Qalga`ii addaa Jaarsolii Waldaa jalatti ijaaruu jalqaban. (9), Waldoonni ciccimoon waldoota dadhaboo irratti Bulchuu fi hojii isaanii keessa seenuu jalqaban (10), Warri abrumsa guddaa qaban, warri fudhatama qaban warra hin baranne irratti ol aa`antummaa agarsiisuu jalqabanii isaaniif murteessuu barbaadan isaan kunis maqaa addaa baafatanii “Qeesota, Phaaphaasota” ofiin jedhanii warra beekumsa hin qabne isaanii gadii irratti ukkaamsaa jalqaban, akka macaafa qoratanis dhowwuu jalqaban. Jechoonni Qeesii Phaaphaasi caafata keessa garuu hin jiru. (11) geggeessitoonni warra isaanii gadii irraa ulfina argachuu sodaatamuu barsiisan. (12) Caafffanni macaafa qulqulluu keessatti Caafaman akka waan hubachuuf rakkisoo ta`anii , namoota murtaa`aniif qofa akka ifutti fudhataman (13) walga`iiin Jaarsolii ykn geggeessitoota qophaatti ta`anii miseensonni maal amanuu akka qaban murteeffame (14) Mootummaan waldaa Kristiyaanaa mootummaa biyya lafaa wajjin waliin laaqamee adda wallalamuu jalqabee kana irraa kan ka`e Waldaan kristiyaanaa iddo mootummaa hafuuraa ishee dhabuu dandeessee isheenis akka biyya lafaa malaammaltummaa dhaan guutamte. Diyaabloosis Jaarmiyaa waldaa Kristiyaanaa tooftaalee Kanaan balleesse, amma bara kana baayyina Dhaaba Amantootaa keessatti raajii sobaa barsiisa sobaas kan arginuuf bu`aa badiisa

waldaa Kristiyaanaa ta`uu hubanna.

3. Abaarsa Tiksoota amanamoo hin taane:- barsiifni keenya Kanaan duraa barbaachisoo fi faayidaa kan qaban yoo ta`e, Geggeessitoota waldaa Kristiyaanaa amma jiraaniif Akeekkachiifni guddaa isaaniif kennamuu qaba. geggeessitoonni durii sun kan dogoggooran geggeessitoonni amma kun irra deebi`anii dogoggoruu hin qaban. Bara sana geggeessitoota bara Sanaa irratti Abaarsa kakuu moofaa dhaggeeffadhaa, egaa erga bara sana abaarsi kun kennamee ho, mee bara kakuu haaraa kana immoo abaarsi kun akkam? “Waaqayyo, “ Tikssota karra koo keessa jiran akka isaan karaa irraa, kaataniif akka isaan tamsaa`an godhaniif. Wayyoo jedha, Waaqayyo gooftaan inn ikan Israa`el tiksoota warra saba isaa eeganitti dubbatee “ Isin isaan daddarbattanii isaan tamsaftan malee, isaan hin eegne, isaaniifis hin dhimmine, kunoo, sababii wanta hamaa akkasii hojjettaniif ani isin nan adaba kana ana Waaqayyotu dubbate “ jedhe (Ermiyaas 23:1-2). Tikseen Cicimoon Hoolota badiisa irraa eegu, faca`uu irraas oolchu. Tikseen dadhaboon akkas miti. Waaqqayyo warra eegduu godhetti itti gaafatama guddaa肯内拉 (1 Pheexroos 5:4), warra kanaaf abdii kenneera “Angafni tiksootaa gaafa mullatu gatii kenna” edhee dubbateera. Tiksoonni gaggaariin ilaaltuun hojji waldaa gaggaariin gaafa gooftaan angafni tiksoota mullatu gatii guddaa isa irraa fudhachuuf jiru. (1 Pheexroos 2:25) gonfoo ulfinaa isa hin badne.

Gaaffilee

1. Waa`ee jaarmiyaa waldaa kristiyaana kan himan raajii ibsi
2. Yeroo _____ deemtu, waldaanis in deemti
3. Diyaabiloos_____ kristoos irraa in deebi`a
4. Mootummaan waldaa kristiyaanaa mootummaa_____ irraa adda
5. Ka`umsa jalaqabaa kan jedhamu maali?
6. _____ n namoota baayyeedhaaf sirrii fakkaata
7. “Qeesotaa” fi “Phaaphaas” jecha caaffata qulqulluutii?
8. Bulchiinsi_____ bulchiinsa_____ walitti laaqame
9. Luboota hin amanamne kan abaaru Luqqisa kami?
10. Ilaaltota hojji waldaa amanamoodhaaf gonfoo ulfinaatu jira kan jedhu Luqqisa kami?

Barumsa 32

Akkaataa geggeeffama walga`ii

Marii

Barumsi keenya inni kun barumsa “Jaarmiyaa Waldoolii Kristoos isa jedhu kan ittiin Xumurruudha. Garuu Xumuruu keenyaan dura waa`ee walga`ii isa jedhu gorsa barbaachisoo ta`an ilaaluu yaalla.waa1een walga`ii kun karaa addaa addaatiin godhamuu danda`u. kanaaf kanneen gorsoonni kun kan yaadatamuu qabani dha. (1). “Wanti hundinuu garuu akka tolutti, sabriidhaan hojjetamuutu irra jira” (1 Qorontos 14:40) Inni kun karoora sirrii baasanii kara sirrii ittiin hojjechuu gaafata. Walga`ii fuuldura dhufuuf du-raan dursanii qophaa`uu baraachisa. Naamusa kristiyaana irraa eeggamus guuttachuutu irra jira. (2), “Gad of deebisuudhaan warra kaan of irra caal-chisuu...” (Filiphisyus 2:3). Kunis of caalchisuu dhiisuu, Xabii qoccolloon utuu hin jraatin of xiqqeessaanii tajaajiluu. (3) olaantummaa dhiisuu, namootas dhaga`uun, barbaachisaa dha. (3 Yohanis 9). “Akkasumas isin warri gara ijollees, maanguddootaaf abboomamaa ! Hundumti keessanis gad of deebisuu akkuma uffataatti uffadhaatii, walii keessanii wajjin jiraadhaa ! Caaffanni qulqullaa`aan “Waaqayyo warra kooraan ol of qabaniin in mor-ma, warra gad of deebisaniif immoo ayyaana in kenna” in jedha (1 Phexroos 5:5). Tokkoon tokkoon namaa of xiqqeessee Waldaa kristoosiin tajaajilutu irra jira. Yesuus “eenyu illee isin keessaa dura ta`uu kan barbaadu garbicha isiniif ta`uutu irra jira” jedheera (Maatewos 20:27). Kanas miilla Ergamoota isaatii dhiquudhaan agarsiiseera (Yohanis 12:13-15). Tokkoo tokkoon namaa tajaajilaa ta`uu isaa beekee gara walga`iitti dhaquutu irra jira. Wanta waldaa kristoosiif barbaachisu hunda gammachuudhaan gochuutu isa irra jira. (5). Yeroo hundumaa walga`ii irratti hubannoo dhaan banuu hubannoodhaan-is cufuu ogummaas qabaachuuf kadhachuun gaarii dha, Waaqayyo warra ogummaa kadhataniif in kenna (Yaaqoob 1:5). Kadhananais waan dheer-atee waa`ee hin baafne ta`uun irra hin jiru (Yaaqoob 5:16). (6) walga`ii kam irratti iyyuu hundumtuu itti gaafatama, akka qabu beekee naga qabeessaan, naamusaan, tasgabbiidhaan, jaalalaan gara qullinaan godhuutu barbaachi-sa. (7) walga`ii sana irratti namni tokko waan dubbatame sana kan barrees-suu jiraachuu qaba. Namni kun barreessaa ta`uu isaa akka taayitaatti ilaaluu hin qabu, garuu barreesssee galmee kaa`uun barbaachisaa waan ta`eef haa galmeessu. namni barreessu kun biiroo mataa isaatii qaba jechuu miti. (8) akka barreeffamuuf kan itti himamu duwwaa barreessuutu irra jira. (9) dhu-ma irratti inni barreeffame kun walga`ii sanaaf suuta akka galuufitti dubbi-

famuufiitu irra jira. Walga`in sun dheeraa fi ifachiisaa ta`uu hin qabu. (10) walga`in sun rakkoo darban irra deddeebi`anii kaasuu utuu hin ta`in karo-ora fuulduraa baasuu irratti xiyyeffachuu qabu, hundumtuu hojii gooftaa irratt (1 Qorontos 15:58). (11) sagalee kennuu utuu hin ta`in hundumtuu gara yaada tokkootti amma dhufanitti maree isaanii mari`achuu qabu (1 Qorontos 1:10) yoo irratti walii galuun dadhabame obboloonni guyyaa itti fufutti dabarfachuu in danda`u (Hojii Erga.4:32). Obboloonni yaada tokko jaalala, walii galuu irra yoo ga`an gaarii dha (Filiphisyus 2:2). Obbolootaa wajjin waligaluu dhabuun diinota akka koflan taasisa (Faarfannaa 80:6) kristiyaanonni obboleewan waan ta`aniif wal dhabbi mo`achuutu irra jira (Seera Uumamaa 13:8). Walii galteedhaan wajjin deemuu danda`u (Amos 3:3), maatiin gargar ba`u dhaabbachuu hin danda`u (Maatewos 12:25). Waaqayyo nama obboleewan gidduutti Xabii uumu in jibba (Fakkeenya 6:16, 19). Kris-tiyaanonni hundinuu kristoos keessatti dame dhagna tokkooti walii wajjin hojjechuu walii galuu in danda`u (1 Qorontos 12:12,15). Tokkoon tokkoon miseensaa waldaa kristiyaanaatiif waan gaarii godhuu irratti tattaaffii god-huu qaba. wanti tokko xinnoo fakkaatus iddo sanatti barbaachisaa waan ta`eef amma danda`e gochuu hin seesin. (13) waan hundumaa caalaa, waldaa kristoosiif oolchuun waan guddaa fi gatii qabuu dha. Wanti guddaan mana waaqayyoo isa hafuuraa sanaaf dhama`uu dha.

Goolabbii

Waa`ee jaarmiyaa waldaa kristiyaanaa ilaalchisee barumsa keenya kana irratti xumurra, Waa`ee ijaarama waldaa kristiyaanaa baayyee qu`achuun in dandaa`ama waan baayyee jechuunis in dandaa`ama, Macaafni qulqulluun akeeka Waaqayyo Waldaa kristiyaanaatiif, qabu, akeeka Waaqa-yyo ilmaan namaatiifis qabuun kan guutamee dha. Haa ta`uti barumsi kun warra dubbise kana caalaatti akka isaan gadi fageessanii Macaafa dubbisan, macaafas qu`atanii akeeka Waaqayyo qabu akka beekan waan godhuuf Ma-caafa qulqulluu dubbifadhaa, qu`adhaa jennee dhaamsa dhaamna. Kanaan-is barumsi kun guutuu guutuutti Kristiyaanummaa isa dhugaa kan kakuu haaraa sana deebiseera jedhamee yaadama. Dhugumatti tokkoon tokkoon nmaa yoo barumsa kristoosiin ordofee duukkaa bu`e, yoo dhugaadhaan Kristoosiin gooftaa godhate wanti yaadame kunis in raawwatama. Ijaaramni kakuu haaraa hin deebi`u yoo ta`e haareffamni waldaa Kristoosis hin yaada-mu jechuu dha. Waldaan Kristiyaanaa akeeka baayyee bareedaa ta`een kan hundooftee dha. Bulchiinsi waldaa kristiyaanaa geggeessitoota gaariitiin yoo qabamte ishee dhugaa sana taati. Kristoostu waldaa ko nan ijaara jedhe

(Maatewos 16:18), egaa akka barsiisa Kristoositti yoo adeemame Waldaa isaa kana jiraachisuun in dandaa`ama. Haa ta`u malee Sobdoonni waldaa kana balleessaa turan ammas jiraachuu isaanii dagachuun hin qabnu (Hojii Ergamootaa 20:29-30). Kana waan ta`eef nuyi amma Ijaarsa waldaa kristiyaana isa dhugaa sanaan isa bade sana deebisuudhaaf dhimmuu qabna. Yoo akeeka Waaqayyoo barreeffama Waaqayyoo kana jala deemnee hojiitti jijjiirre isa Orijinaala sana deebisuu dandeenya, garuu akeeka namaa isa qaromina fakaate Kanaan yoo deemne isa dhugaa sanaan jiraachuun in ulfaata. “Waaqayyo mana namaaf yoo ijaaruu dhaabaate, warri isa ijaaran akkasumaan itti dadhabu...” (Faar.127:1). Haa ta`uti nuyi “Luboota qulqullummaa ta`uudhaaf, aarsaa hafuuraa isa karaa Yesuus Kristoos Waaqayyo duratti fudhatamu dhi`eessuudhaaf, akka dhagoota jiraatootti ijaarsa mana isa hafuuraa sanaaf in taana” (1 Pheexroos 2:5).